

## سُورَةُ النِّسَاءِ

## Suuraa nisaa`iidhaa

\*Dura dursoo suuran tun {suuratunnisaa'}  
je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة النساء

\*Istiin suraa madiina'aati,

وهي مدنية

\*Aayaanni isi'ii { 176}

{ ١٧٦} وآياتها

\*Lakkooysi isi'ii Afuri {4}

{ ٤} وترتيبها

نزلت بعد سورة المتحنة

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

يَا أَيُّهَا النَّاسُ

أَنْعُونَارِكُمْ

الَّذِي خَلَقَكُمْ مِّنْ نَفْسٍ وَجْدَنَّ

وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا

وَبَثَ مِنْهَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَاءً

وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي تَسَاءَلُونَ بِهِ

وَالْأَرْحَامَ

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْكُمْ رَّقِيبًا

وَإِنَّ الْمُنْتَهَى لِأَمْوَالِهِمْ

1} \*Rabbiin waan isin dalaydan hunda quba  
qabaa, jazaa isi'ii isiniif galcha.

\*Horii yataama'aa , kan isin biraa jiru

isaanif kennaa, {yatiima} jechuun; nama abbaan irraa du'e, kan hin baalighin,  
yookaa hin saalfatin {amata15} gaafni horii yataamadhf kenneen, gaafa isaan  
bakka gayan, yookaa ballaghan,

\*Waan hamtuu bakka waan gaari`ii hin

وَلَا تَنْبَدِلُوا الْحَيْثَ بِالظَّيْبِ

fudhatinaa,haraam bakka halaal hin fudhatinaa,haraam horii yataama'aa nyaatu',halaal horii isaanii eegu, horii gaarii yataamaa duraa fudhatanii horii badaa yataama'aa kennuu,

\*Horii, hiyyeeyyi`ii, horii ,keessanitti idaataniii hin nyaatinaa,

وَلَا تَأْكُلُوا أَمْوَالَهُمْ إِنَّ أَمْوَالَكُمْ

2}\*Horii ,hiyyeessaa ,{yatiimaa} nyaatun

إِنَّهُ كَانَ حُبًّا كَيْرًا

dilii guddo` duuba Rabbiin akkatti horii yataama'aa tuqu'urraa isaan dhowwinaan, irraa if dhoowwanii wakiila, yookaa wabii yataama'aaf tayuu sodaatan, haqa isaanii eeguu hin dandeenyu jecha'aaf ,warri haqa hiyyeessaa balle-essuu sodaatu sun, tokkoon isaanii beera kudhan yookaa saddeet if jalaa qab-aatuu ture, kan haqa isaanii hin eeyne duuba Rabbiin aayata buusee akka je'een.

\*Yoo kan horii hiyyeessaa nu harkatti  
bada'aaf sodaattanii irraa if eeydan taatan  
,akkasuma haqa beera keessanii balleessu'u-  
rraa if eegaa,

وَإِنْ خَفْتُمْ أَلَا نَفْسِطُوا فِي الْيَنْسَى

\*Tanaaf beerarrraa waan isiniif karaa go-  
dhame fuudhaa, sun,

فَإِنْ كُحُومًا طَابَ لَكُمْ مِنَ النِّسَاءِ

\*Lama,

مَشَّى

\*Sadii,

وَثُلَثَةٌ

\*Afur,tokkoon keessan hanga afuritti fuu-  
duhu qaba,ammoo afurirra ida'u hin qabu,  
\*Yoonif yoo beera tokkichaa ol fuune haqa  
isaanii keessatti wal hin qixeessinuu so-  
daattan,

وَرَبِيعٌ

\*Beera tokkicha fuudhaa tan bilisaa,

فَإِنْ خَفْتُمْ أَلَا نَعْدِلُوا

فَوَاحِدَةٌ

\*Ammoo gabrootarraa waan harka keessan  
keessa jiru qabaadhaa,

أَوْ مَالِكَتْ أَيْمَنَكُمْ

\*Beera afur qofa fuudhun,yoo dandayan,  
dadhaban sadii fuudhun, yoo dadhaban  
lama, yoo dadhaban takkitti qofa fuudhun,

ذَلِكَ

3} beera,miidhuu , dhabu`utti dhiyaata

أَذْنَنَ الْأَنْعَوْلَوْنَ

ammallee ilmaan keessan heddommaatuu dhabee cinqamuu jalaa bayu`utti  
dhiyaata,islaamni dhalaa takkarraa hanga afuritti fuudhun karaa nuu godhee  
jira, yoo kan beera afranuu wal qixeessuu dandeenyu taate, yoo takka malee  
kan bulchuu hin dandeenye taate takkarratti gabaabatuun dirqii.

\*Beeraf kennaa,

وَإِنَّمَا لِلْإِنْسَانَ

\*Mahrii isi'ii, randaan dhawa isi'ii,

صَدُقَتِهِنَّ

\*Kennaarabbiin haqa isi'ii qodhe qulqulluu , kan eegasii waa ittin himanne kenna'aaf, qalbii gaari'iin,

يَخْلُلُهُ

\*Ammoo yoo beerri keessan mahrii isaani-rraa waa isinii kenne qalbii gaari'iin,

فَإِنْ طَبِنَ لَكُمْ عَنْ شَيْءٍ مِّنْهُ فَقَسَّا

4} \*Isa nyaadhaa inni waan gaarii booda ittin rakkannee nyaadhaa.

فَكُلُوهُ هَذِهِ أَمْرِيَّةً

\*Warra waan beynetti horii keessan hin

وَلَا تُؤْتُوا الْأَسْنَهَاءَ أَمْوَالَكُمْ

kenninaa jolle'eefii, warra horii akka melee godhee balleessutti horii keessan hin kenninaa, yookaa horii isaanii kan harka keessan jiru, ittin kenninaa,

الَّتِي جَعَلَ اللَّهُ لَكُمْ قِيمَةً

\*Horii keessan kan Rabbiin jiruu teessaniin isinii,dhaabe,maalif yoo itti kennitan akka melee godhataniiti balleessanii jiruun teesan baddii ittin kenninaa

\*Horii, san, keessaaisaan nyaachisaa,

وَأَرْزُقُوهُمْ فِيهَا

\*Isaan uwvisaa,

وَأَكْسُوهُمْ

5} waan,gaarii,isaanin je'aatii,waan ,gaarii ,isaan ,abdachiisaa.

وَقُولُوا لَهُمْ فَوَلَا تَعْرُوفًا

\*hiyyeyyii,horiin ,isaanii isin bira,jiru ,mokkora'aa ,akka diinifii, diinagee isaanii tolchuu baran laalaa,

وَابْنَنُوا إِلَيْنَا

\*Duuba hoggaa ballaghanii fuudha gayan, amata kudha shan gayuu fa'aan,

حَتَّىٰ إِذَا بَغَوُا أَلْزَكَاهُ

\*Yoo,qajeeluu,isaanirraa,agartan,

فَإِنْ أَنْسَمْتُ مِنْهُمْ رُشْدًا

\*Horii isaanii isaan harka kaayaa,

فَأَدْفَعُوهُمْ إِلَيْنَا أَمْوَالَهُمْ

\*Horii hiyyeessaa haqa malee hin nyaatinaa,

وَلَا تَنْكُلُوهَا إِسْرَافًا

\*odoo,yataaman,gurguddattee, horii ,isaanii ,hin,fudhanne ,dafnee ,nyaanna ,jettanii ,hin, nyaatinaa,

وَبِدَارًا أَنْ يَكْبُرُوا

\*Warra horiin harka jirurraa namni dureessa taye,

وَمَنْ كَانَ غَنِيًّا

\*Horii, hiyyeessaa ,nyaatu'urraa haa if eegu,

فَلَيَسْتَعْفِفُ

\*Ammoo, namni, isinirraa, ama horiin qabne taye, kan horii hiyyeessaa eegu, hanga kiraalagaa isaa, horii yataamaarrar haa nyaatuu,

\*hoggaa, horii, yataama'aa, warra issaanirraa gurguddateef kennitan

\*Ragaaitti godhaa, akka isi nirraa fudhatan,

6}\*Rabbiin dalagaa gabroota isaa beekhuu'ufi eegu'uufi, gaafin isaatuu nama geessi, tanaaf jecha odoo gaafin Rabbiin namatti hin dhufne if tooyatuun akkaan barbaadama

\*Dhiirti qooda qabdi,

\*Horii haadhaa abbaan dhiisanii irraa du'anirraa,

\*Ammallee waan firri isaanii irraa du'erraa qooda qabdi,

\*Dhalaanis qooda qaba,

\*horii, aadhaa, abbaan ,ammallee firri irra du'erraa qooda qaba,

\*waan isaan dhiisanii du'anirraa, xiqqaatuu guddatuu, qooda qaban,

7 } \*qooda, Rabbiin ,isanif mure kan namni

irraa isaan, mure kan namni irraa isaan dhoowwu hin jirre ,odoo islaamni hin dhufin, ormi awaamaa dhala'aafii, joollee waan haadhaa abbaan, yookaa firri isaanii irraa du'e, hin dhalchisan, duuba Rabbiin miidhaa isaan dhala'aafii joollee miidhan, deemsisu'uu jecha, aayata dhaalaa buusee, dhaala karaa isaanii godhe, firri akkuma wal dura nama du'etti aanuni dhaala, abbaan yoo du'e, ilmi odoo jiruu, ilmi ilmaa hin dhaalu, tanaaf jecha firri nama dhaalufii kan hin dhaalle qaba.

\*Duuba yoo warri hin dhaalle, kan akka eesuma nama du'ee, bakka warri dhaalu, horri itti adda qoodatu dhufe,

\*Ammallee yatiimaffi, hiyyeessi, yoo bakka horii dhaalaa itti qoodatan dhufe,

\*Horii dhaalaa sanirraa waa kenna'aaf odoo qooduu hin jalqabne kenna'aaf,

وَمَنْ كَانَ فَقِيرًا فَلَيَأْكُلْ بِالْمَعْرُوفِ

فَإِذَا دَفَعْتُمُ إِلَيْهِمْ أَمْوَالَهُمْ

فَأَشْهِدُوهُمْ عَلَيْهِمْ

وَكُفَىٰ بِاللَّهِ حَسِيبًا

لِلرِّجَالِ نَصِيبٌ

مَمَاتَرَكَ الْوَلَدَانِ

وَالْأَفْرَوْنَ

وَلِلنِّسَاءِ نَصِيبٌ

مَمَاتَرَكَ الْوَلَدَانِ وَالْأَفْرَوْنَ

مَتَاقِلٌ مِّنْهُ أَوْ كُثُرٌ

نَصِيبًا مَّقْرُوضًا

وَإِذَا حَضَرَ أَقْسَمَةً أُولُو الْأَقْرَبَيْ

وَالْيَئَمَنِ وَالْمَسَكَيْنِ

فَأَرْزُقُوهُمْ مِّنْهُ

وَقُولُوا لَهُمْ قَوْلًا مَعْرُوفًا ﴿٨﴾

8}\*Hoggaa kennitaniif,jecha gaarii je`aadhan , akka waanuma xiqqoo isinii kenninee nu guddifadhaa isaan jechu'uuti.

وَلِيَحْشُ أَلَّذِينَ لَوْرَكُوا مِنْ حَلْفِهِمْ دُرْبَةً

ضَعَفَلَّا خَافُوا عَلَيْهِمْ

\*warri ,yataamaa ,itti,dhaammattan akkuma odoo ifii joollee xixqqoo dhiisanii du'anii , miidhamuu joollee isaanii sodaattanitti joollee namni irraa du'e,baduu isaanii ,miidhamuu isaanii sodatanii tiysaniifii, akkaan haa tattooyatanii, miidhamuu isaan haa dhowwanii, ija joollee ifiitin laalaniin, waan eega du'anii, namni joollee isaanitii godhhu jaalatan isaanis joollee namni irraa du'eef haa godhanii,

\*Waan ,yataama'aa, keessatti, akkaan Rabbi haa sodaatanii,

فَلَيَسْقُطُوا إِلَهًا

9}\*nama du'aa dhiyaatin,waan gaarii haa

وَلِيَقُولُوا قَوْلًا سَدِيدًا ﴿٩﴾

je'anii jechi gaarin nama du'aa ka'e, kan waa,dhaamatuu deemun je'an, horii sadaqaa naa baasaa jettee dhaammattee hin fixinii, aalii teetif, waan dhaalan dhiisi jechu', wanni sadaqa'aaf dhaammatu yoo heddommaatte, waan horii isaa taye harka sadiyirraa harka tokko tayu', maalif horii isaa hunda sadaqatee, ilmaan isaa harka qullaa dhiisu'urraa sadaqaa dhiisee ilmaan isaa dureeyyi dhiisu'uutu irra caalaf.

إِنَّ الَّذِينَ يَأْكُلُونَ أَمْوَالَ الْيَتَامَى ظُلْمًا

إِنَّمَا يَأْكُلُونَ فِي بُطُونِهِمْ نَارًا

\*warra, horii, yatiimaa,haqa,malee nyaatu

\*Ibidduma,yaatanii,garaa,guuttatan waan

ibiddatti isaan geessu nyaatan, warra horii hiyyeessaa nyaate guyyaa qiyaaama'aa wanni beekhaniin hoggaa qabri'ii bayu,yookaa bayan ,ibiddaatu funyaanifii afaanin baya,

10} Ammas ibidda hamaa isaan gubu seenuu'uutu jiraatan .

وَسَيَصْلُوْنَ سَعِيرًا ﴿١٠﴾

يُوصِيكُمُ اللَّهُ فِي أَوَّلِ دِرْبٍ

لِلَّذِكَرِ مِثْلُ حَظِّ الْأَشْتَرِينَ

\*dhaala ilmaan keessanii keessatti Rabb-iin wahi isinii dhaamaa dhagayaa, wahitti isin eemaraa itti dalagaa, maali sun,

\*Ilmaan,keessanirraa,dhiirti , qooda dhalaa lamatti qabdi, yoo ilmaafii intalarraa du'e , horiin isaa bakka sadiyitti qoodameeti, harki tokko intalaa kennamee, harki lamaa ilmaa kennama,

\*Yoo dhalaa lama ol dhiisee du'e, takkaa lamarraa du'e, kan dhiirti wajjin jirre,

فَإِنَّ كُنَّ نِسَاءً فَوْقَ أَنْتَنَ

\*dubri yookaa dhalaan lamaan, yookaa  
sadeen, waan horii taye kan abbaan irraa du'e  
, harka sadiyirraa harka lama fudhatanii adda  
qooddatan,  
\*Yoo ilmoon inni dhiisee du'e dhalaat ta-  
kkitti taate,  
\*Isiin ,takkittiin ,sun,cinaa,horii, abbaa isi'iti  
fudhatti, bakka lamarraa harka tokko fu-  
dhatti,  
\*Yoo haadhaa abbaa dhiisee du'e,  
\*Isaan lamaanif,tokko tokkoon yookaa  
adda addaan sudusaatu jira,{sudusa} jechuun; harka jaharraa harka tokko ,  
duuba horiin ilma isaanii kan du'e bakka jahatti qoodameeti harka tokko tokko  
fudhatan, abbaan harka tokko fudhatee, haati harka tokko fudhathee,  
\*Akkanatti hiratuun,yoo ilmi isaanii kan  
du'e ,ilmoo dhiisee du'e,dhalaat tayuu dhiira  
tayuu, takkaa ilmoo ilmaa dhiisee du'e  
\*Ammoo yoo kan ilmoo hin dhiisin du'ee ,  
haa dhaa abbaan isa dhaalu'uu dhufan , tak-  
kaa dhaalan,  
\*Haati harka sadiyirraa harki tokko fudhatti,  
waan hafe yookaa harka lamaan hafe abb-  
a'atu fudhata,  
\*Yoo namni du'e obboleeyyan lamaafii ,  
lamaa ol qabaate,obboleeyyan dhiiraa tayuu,  
kan dhala'aa tayuu, duuba haadhaa abbaan  
isa dhaalu'uu dhufan,  
\*haadhaf harka jaharraa harki tokko kenn-  
ama, harki shanan hafe kan abba'atti, ammoo obboleeyyan hin dhaalan waan  
abbaan dura jiruuf, maalif warri dhaalu akkuma nama du'etti irra dhiyaatun  
nama irraa achi fago'oo dhaalarraa dhoowwaa,  
\*Nama du'e waan inni lakkise dhaalun, eega  
waan inni dhaammate irraa baasanii, daynii,  
yookaa gatii isarra jirtu, horii isarraa baasaniiyi,  
\*Abbootii teessaniifii ilmaan keessan , nama  
,isaan , Lamaanirraa isin fayyadu adduny-  
a'aafii, aakhira`attilee hin beytanii maalif  
abbooti'iitu nufayyadaa jettanii dhalchiftanii, ilmaan hoongessitan? faaydan

فَلَمْ يَهُنْ ثُلَثًا مَاتَرَكَ

وَإِنْ كَانَتْ وَحْدَةٌ

فَلَهَا النِّصْفُ

وَلَا بَوَيْهُ

لِكُلِّ وَاحِدٍ مِمَّا أَسْدُسْ مِمَّا تَرَكَ

إِنْ كَانَ لَهُ وَلَدٌ

فَإِنْ لَمْ يَكُنْ لَهُ وَلَدٌ وَوَرِثَهُ أَبُوهُ

فَلِأُمِّهِ الْثُلَثُ

فَإِنْ كَانَ لَهُ إِخْرَجٌ

فَلِأُمِّهِ الْسُّدُسُ

مِنْ بَعْدِ وَصِيَّةٍ يُوصَىٰ بِهَا أَوْ دِينٍ

ءَابَاؤُكُمْ وَأَبْنَاؤُكُمْ لَا تَدْرُونَ أَيْمَنَهُمْ أَقْبَلُكُمْ

نَفْعًا

addunya'aa, aakhira'aa, ilmaan keessa isinii jiraatun ni malaa, akkasuma maalif ilmaantu faaydaa nuu qaba jettanii ilmaan dhaalchiftanii, abbootii hoongessitan? faaydan addunya'aa aakhira'aa, abbootii keessa isinii jiraatun ni malaa, isin waan dhufaa jiru hin beytanii, kan waan dhufaa jiru hunda beekhu Rabbii tokkicha, kan wanni dabreefii kan amaatifii wanni dhufaa jirulleen harka isaa jirtu, tanaaf jecha horii nama du'ee abbooti'iifii ilmaanif akka malutti qoode,

\*Wanni dhaalaa kun waan Rabbiin qoode,

فِرَضْكَةً مِنْ أَنَّهُ

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلِيًّا حَكِيمًا ﴿١١﴾

11}\*Rabbiin kan waa hunda beekhu, kan waan malu malee hin dalayne.

وَلَكُمْ نِصْفُ مَا تَرَكَ أَزْوَاجُهُنَّ

إِنَّمَا يَكُنُ لَهُنَّ بَرْدَةٌ وَلَدٌ

فَإِنْ كَانَ لَهُنَّ وَلَدٌ فَلَكُمُ الْأُرْبُعُ وَمَا

تَرَكْنَ

مِنْ بَعْدِ وَصِيَّةٍ يُوصِيَنَّ بِهَا أَوْ دِينٍ

وَلَهُنَّ أَرْبُعُ مِمَّا تَرَكْنَ

إِنَّمَا يَكُنُ لَكُمْ وَلَدٌ

فَإِنْ كَانَ لَكُمْ وَلَدٌ

فَلَهُنَّ الْثُمُنُ مِمَّا تَرَكْنَ

مِنْ بَعْدِ وَصِيَّةٍ تُوصِيَنَّ بِهَا أَوْ دِينٍ

وَإِنْ كَانَ رَجُلٌ يُورَثُ كَلَالَةً

أَوْ اُمْرَأً

وَلَهُ أَخٌ أَوْ أُخْتٌ

فَلَكُلُّ وَاحِدٍ مِنْهُمَا أَلْثَدُسٌ

\*anni isin, isini'irraa dhaaltan kun,eega waan namni isi'irraa qabu, irraa galchitanii waan isiin dhaammatte bakkaan geessaniyyi,

\*Yoo beerarrraa duutan, Isiin horii keessan , harka afurirraa harka tokko dhaalti, takka taatuu, takkaa ol taatuu sanuma addaan qodatan,

\*Yoo isin ilmoo hin qabaatin,

\*Yoo ilmoo dhiiftan,yookaa ilmoo ilmaa dhiiftan, dhalaa tayuu dhiira tayuu,

\*Gaafana harka saddeetirraa harka tokko dhaalan,

\*Eega deyni'iifii, waan isin dhaammattan ,horii keessanirraa baasanii,

\*Yoo,dhiirti, abbooti'iifii,ilmaan hin qabne , kan dhaalamu taate,

\*Yookaa dhalaan abbooti'iifii ilmaan , hin ,dhiisin ,kan,dhaalamu taate,

\*Kan, obboleessa ,yookaa ,bboleettii haati dhalte dhiisee du'e,

\*Obboleessi gama haadhatiifii obboleettii

gama haadhatiif {sudusa} waan inni dhii-setu kennama {sudusa} jechuun; horii harka jaharraa harka tokko argatan jechu',

فَإِنْ كَانُوا أَكَيْدَةً لِّرَجُلٍ مِّنْ ذَلِكَ

\*Yoo ,obboleeyyan,gama, haadhaa nama tokkoo ol taye, yoo obboleeyyan haadhan tayan, kan abbaan addaa, lammafaa dhiisee du'e,

فَهُمْ شَرٌّ كَائِنٌ فِي الْأَثْلَاثِ

hundi horii obbolleessa isaanii harka sadiyirraa harka tokko fudhatanii, adda qoodatan, qixxe'etti kan dhala'aa dhiira qooda keessatti addaan hin baafne, yookaa walin caalchifne,

مِنْ بَعْدِ وَصِيَّةٍ يُوصَىٰ بِهَا أَوْ دِينٍ

\*Kun eega haqa namaa kan isarra jiruufii, waan inni ,dhaammate ,horii ,isarraa baa-saniiyi

\*dhaammannaa ,inni, dhaammatte warra isa

غَيْرُ مُضَارِّ

dhaalu hin miine eega irraa baasaniiyi,warri dhaalu waan hafe qodata ,dhaammanaan warra dhaalu miiitu, ta horii isaa harka sadiyirraa harka tokorra caaltu, yoo walii galli horii isaa kuma kudha shan tayee, kuma shan sadaqaa naa baasaa yookaa masjidaan jaaraa je'ee dhaammate, dhaammannaan tun waan warra dhaalu miidhuu miti, yoommoo kuma kudhan dhaammate, sun waan warra dhaalu miidhu, yoo warra isa dhaalu gari'i dhaamee garii dhiisellee akkasi,

وَصِيَّةٌ مِّنْ أَنَّ اللَّهَ

\*Waan dhaalatti rarra'u kana, Rabbiitu isinii dhaamee itti dalaga,

وَاللَّهُ عَلَيْهِ حَلِيمٌ

\*Rabbiin kan waan isinii tolu beekhu,

حَلِيمٌ

12} \*Kan obsa qabu , makgnaan kanaa kan warra dubbii isaa dide qixaaxan ittin dafne jechu', warri wal dhaalu warra wal hin ajjeesini kan diinan isaanii tokkooti.

تَلَكَ حُذُودُ اللَّهِ

\*Wanni murtii yookaa heera dhaalaa amma-

llee rarra'u sun, murtii Rabbiin kan yataama'atti mure, yoo kaa daangaa Rabbiin kaaye, takkaayuu wasana Rabbiin kaayee, shari'aa isaatii, irraan hin tarkaanfatina'aa, qabadhaa,

وَمَنْ يُطِيعَ اللَّهَ وَرَسُولَهُ

\*Nama Rabbiifii, rasuula isaa dhagayee, waan inni je'utti dalage,

يُدْخِلُهُ جَنَّتٍ

\*Jannata isa seensisaa,

- \*Jannata isii jala bishaan olii gad yaa'u,
- \*Kan qananii jannataa keessa zalaalamii jiraatan,
- 13} \* Sun ,milkii ,guddoo, namni argatu'uuf hawwu.
- \*Nama Rabbiifii rasuula isaa dhagayuu di-dee itti dilaaye,
- \*Kan sharii'aa Rabbii cabsee Rabbitti kafare,
- \*Ibidda, zalaalami'iiti ,isa, seensisa,
- 14} \*Ibidda ,san ,keessatti ,qixaaxa ,isa ,xi-qqeessutu ,isaa ,ophaye.
- \*Isaan,beera,keessanirraa,sharmuuxa tayan,takkaa,gumnaa tayan,
- \*Dhiira islaamaa afur ragaa itti dhaabaa,yookaa misikirii itti godhaa,
- \*Yoo dhiirti afran sun, ta Rabbi sodaattu ijaan garre je'anii ragaa itti bayan kan wal keessatti arganii sanuu jaalalaan hin laalin,
- \*Mana keessatti isii hidha'aa, namatti ,makhamuu ,isii,dhoowwaa,
- \*Hanga duututti,
- 15} \*Yookaa,hanga,Rabbitin karaa hidha'a-rraa baatun isi'ii godhutti.gaafa duraa gumnaa hidhu'utti ajajaman, ammoo eegasii Rabbitin karaa hidhaan tayin isi'ii godhe sun;yoo namni, takkaan fuudhin ,kan {zinaa}gumnaa godhe taye, dhibba garaafameeti amata tokko bakka sanirraa hanga amana guyyaa lamaa fageeffama, yoo namni taanan dura fuudhe, sharmuuxumma'atti seene, dhaga'aan tumamee ajjeefama dhalaal tayuu dhiira tayuu.
- \*Nama isinirraa zinaa godhe takkaa nama sharmuuxa taye,kan godheefii kan godha-me , kan tanaan dura hin fuudhin takkaa yoo dhiira lama tan gama duubatiin walitti dhufte taate,
- \*Isaan,lamaanuu,qixaaxaa,arrabaan,garafu'u un,bakka,sanii,godaansisu'uun,

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ  
خَلِيلَنَّ فِيهَا

وَذَلِكَ الْفَوْزُ الْعَظِيمُ ١٣

وَمَنْ يَعْصِي اللَّهَ وَرَسُولَهُ

وَيَتَعَدَّ حَدُودَهُ

يُدْخَلُهُنَّارًا خَلِيلًا فِيهَا

وَلَهُ عَذَابٌ مُّهِينٌ ١٤

وَالَّتِي يَأْتِيهِنَّ الْفَرَجَةَ مِنْ نَسَابِكُمْ

فَاسْتَشِدُوا عَلَيْهِنَّ أَرْبَعَةً مِّنْكُمْ

فَإِنْ شَهِدُوا

فَأَمْسِكُوهُنَّ فِي الْبُيُوتِ

حَتَّىٰ يَوْفَهُنَّ الْمَوْتُ

أَوْ يَجْعَلَ اللَّهُ لَهُنَّ سَيِّلًا ١٥

وَالَّذِينَ يَأْتِيَنَّهُمْ مِّنْكُمْ

فَأَدْوُهُمَا

\*Yoo dalagaa hamtuu tanarraa dhowwamanii ,waan, gaarii dalagan eega qixaaxamanii,

فَإِنْ تَابَا وَأَصْلَحَا

\*Isaan, miidhu'urraa ,dhaabbadhaa eega qixaaxamanii, waan hamtuu isaan dalaganiin isaan dubbattanii isaan hin rakkisinaa,

فَأَعْرِضُوا عَنْهُمَا

16}\*Rabbiin kan warra waa hamtuu dhiisee gara Rabbii saa deebi'erraa deebii isaa san qeebalu,yookaa irraa jaalatu, kan rahgmata isaanif godhu.

إِنَّ اللَّهَ كَانَ تَوَّابًا رَّحِيمًا ﴿١٦﴾

\*Toowban yookaa hamtu'urraan deebi'uun Rabbiinn qeebalu,tan nan qeebala je'ee ifirrakaaye,

إِنَّمَا التَّوْبَةُ عَلَى اللَّهِ

\*Towbaa,warra, wallaalan Rabbitti dilaayee yookaa waan hamtuu dalagee,

لِلَّذِينَ يَعْمَلُونَ أُشْوَاءً مِّنْهُنَّ

\*duuba eega waan hamtuu ta dafanii dhiy-

ثُمَّ يَتُوبُونَ مِنْ قَرِيبٍ

o'otti gara Rabbii deebi'an, towbaa isaaniti Rabbiin qeebala, dhiyo'otti towbatuun, odoo sakaraatul mawtin namattin dhufne, yookaa lubbuun bayu'uuf khokkeen geenyeh dura towbatu',

فَأُولَئِكَ يَتُوبُ اللَّهُ عَلَيْهِمْ

\*Jara towbate san Rabbiin qixaaxarraayi isaanii deebi'a , towbaa isaanii irraa qeebala, 17}\*Rabbiin kan haala waan uumee hunda beekhu,kan waan isaanin malu dalagu.

وَكَانَ اللَّهُ عَلِيمًا حَكِيمًا ﴿١٧﴾

\*Towban ,tan ,warra,dilii dalaguutii miti

وَلَيْسَتِ الْتَّوْبَةُ لِلَّذِينَ يَعْمَلُونَ أَسْتِغْاثَاتٍ

\*Warra hoggaa duuti tokkoo isaanitti dhu-fee, du'a ijaan arge,

حَتَّىٰ إِذَا حَضَرَ أَحَدُهُمُ الْمَوْتَ

\*Yaa,Rabbi,amma, towbadhe je`u towban

قَالَ إِنِّي تَبَّتْ أَلْفَنَ

tan nama akkanaatiitii miti, towban hoggaa sakaraata gayanii naman fayyaddu, yookaa hin qeebalamtu, towban hoggaa gaarri namarraa jige, takkaa galaanni namaan fuudhee faa towbatan hin fayyaddu,

وَلَا الَّذِينَ يَمُوْتُونَ وَهُمْ كُفَّارٌ

\*akkasuma warra kufrummaarratti du'e ,yoo hoggaa azaaba ijaan arge towbate towban isaanii irraan qeebalamtu, isaan hin fayyaddu,

أُولَئِكَ

\*Jara,odoodilii,dalaguu,sakaraatul mawtin itti dhufteefii kan kufrumaan du'e,

أَعْتَدْنَا لَهُمْ عَذَابًا أَلِيمًا ﴿١٨﴾

18}\*Jara saniif azaaba qopheesinee jirra , azaaba isaan laalessu.

\*Yaa warra Rabbitti amane,

بِسْمِهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Dhalaa firri irra du'e, dirqi'iin akka horii

لَا يَحِلُّ لَكُمْ أَنْ تَرْثُوا النِّسَاءَ كَرْهًا

dhaalanitti dhaalun isiniif hin gayu,kan isiin hin jaalatin, kan mahrii isi'ii hin kennine, ammoo yoo mahrii kennitaniifii, akkuma dhalaa biraa fuutanitti, fuutanii dhaaltan, gaafana ni gaya,dhaalli haraam godhame, kan akkuma horii biraa dhaalanitti, beera firaat dhaalaan, mahrii isi'ii kennu'uun male'etti akka arabni dalagu ture, odoo shari'aan islaama hin dhufin, odoo islaamni hin dhufin arabni beera firri isaanii irraa du'e, yoo fedhan, mahrii malee isii dhaalanii jaartii godhatan, yoo fedhan nama biratti heerumsiisaniiti mahrii isi'ii fudhatan, yoo fedhan fuudha dhoowwaniiti manatti itti san, hanga horii qabdu kenniteefii if bittee baatutti, yookaa duutee,horii isi'ii dhaalanitti,duuba Rabbiin irraa fudhantanii balleessaa tana hundarrraa isaan dhoowwee, jaalala isi'iitin yoo mahrii kennaniif dhaaluu karaa godheef,

\*Beera keessan kan jibbitan nama biraa heerumu'urraa isii hin dhoowwinaa, hiikuu dhabu'uun, kan isi'iin wajji jiraatuu hin feene,

وَلَا تَعْصُمُوهُنَّ

\*Garii waan isi'ii kennitanii biraa deemu'uu

إِذْ هَبُوا بِعَضَ مَا أَتَيْتُمُوهُنَّ

jecha,haa khul'ii if gootu'uuf jecha , jaartin khul'ii if godhuun, mahrii yookaa hori'ii isi'ii jaarsaa kennitee if hiikhu',yoo inni jaalate arabni odoo shari'aan islaamaa hin dhufin,beera jibban hin hiikhanii cinqaniiti itti rakkisanii, akka horii kennitee, hiikkaa irraa barbaaddu godhan, duuba Rabbiin dhalaa itti rakkisanii sin hiikhaa horii naa kensi yookaa mahrii naa dhiisi isi'iin je'uudharraa isaan dhoowwe,

\*Yoo waan amtuu addeessitee dalayde ,

إِلَّا أَنْ يَأْتِيَنَّ بِفَحْشَةٍ مُّبِينَةٍ

malee,sun akka gumnummaa yookaa sharmiuxummaa dalagu'uuti, takkaa jaarsatti mataa ol qabatu'utti arrabaafii,haala hammaattee, hanga wajji jiraatun hin mijooynetti,gaafa akkatti badiin gama isi'iiti argamte {khaate},itti rakkisanii akka horii yookaa mahrii kennitee if bittu, yookaa khul'ii if gootu godhuun ni gaya, waan sababaan isii taatef,

\*Beera,karaa, shari'aadhatiin wajji jiraadhaa ,haqa ,isi'ii,hunda kenna'aafii,

وَعَاشِرُوهُنَّ بِالْمَعْرُوفِ

\*Ammoo yoo isii jibbitan,Yoo waa isi'irraa jibbitan hiikha'atti hin jarjarina'aa obsaa, waan gaarii ilmaan gaarii irra argatuufa'aatu malaa,

فَإِنْ كَرِهُوهُنَّ

19}\*Waan isin jibbitan kan Rabbiin waan isinii tolu yookaa,kheyrii ,keessa , isinii, kawaytu jira nama meeqaatami , jaarsaa jaarti-

فَعَسَىَ أَنْ تَكْرَهُوْ شَيْئًا وَيَجْعَلَ اللَّهُ فِيهِ خَيْرًا

كَثِيرًا

'irraa kan odoo afaan wal dhabanuu, ilmaan ifii tolee, haadhaa abba'aa tolee, biyyaa tole walirraa horanii booda keessa qajeelanii warra tolaa tayan.

\*Yoo beera qabdan hiiytanii, ta biraa fuudhuu feetan takkaa itti dirqamtan,

وَإِنَّ أَرَدْتُمْ أَسْتَبْدَلَ زَوْجَ مَكَانٍ رَوْجَ

\*Kan beera hiiku'u deemtaniif gaafa futaan horii guddaa mahri'i jecha kennitan,

وَأَتَيْتُمْ إِحْدَى هُنَّ قِنْطَارًا

\*Horii sanirraa waa takka isi'irraa hin fudhatinaa, haqa isi'iitii,

فَلَا تَأْخُذُوا مِنْهُ شَيْئًا

\*Si karaa miidha'aatin duraa yookaa irraa fudhattanii?

أَتَأْخُذُونَهُ بِهَتَّنَا

**20}** \*Karaa dilii mul'attu'uutin horii beeraa nyaattanii yookaa fudhattanii?

وَإِنَّمَا مُبَيِّنًا

\*mee karaa kamiin horii beeraa nyaattan yookaa fudhattan,

وَكَيْفَ تَأْخُذُونَهُ

\*Kan gariin keessan garii keessanitti keess-

وَقَدْ أَفْضَى بَعْضُكُمْ إِلَى بَعْضٍ

anitti ida'ame, kan beera keessanii wajji raftan beera fuudhanitti ida'amuun waan mahrii isi'ii hunda akkaan haqa godhachiisuu? mee akkamitti horii isaanii duraa nyaattan?,

**21}** \*Odoo beerri keessan akka haqa isi'ii

وَأَخَذْتُ مِنْكُمْ مِيشَاقًا عَلِيًّا

duraan balleessine baallama jabaa isinirraa fuudheejiruu, baallamni beerri jaarsa seensise , waan Rabbiin qur'aana keessatti dubbate, sun maal je'a? yoo wal taatan nagayaan wal bulfadhaa , yoo wal diddan nagayaan adda yaa'aa je'a, akkasuma wanni nabi muhammad nutti dhaamanis akki jettu, beeraf waan gaarii yaadaa, beerri waan harka keessan keessa jiru, kan amanaa Rabbiitin fuutan, kan isi'in wajji rafuu, karaa Rabbiitin argattan, tanaaf jecha jabaadha'aa haqa beeraa eegaa, baallama san guutaa. { ولا تغضلوهن } jechuun: hin dhowwinaa jechu { أَفْضَى } jechuun :horii guddaa jechu { يَهْتَاكا } ' jechuun : roorroojechuu { قَطَارًا } jechuun: waliin kopaa bayanii wajji rafu jechu { مِيشَاقًا } ' jechuun: baallama jechu ' { غَيْطًا } jechuun: furdaa yookaa jabaa jechu'uu

\*dhala'arraa ama abbootin teessan fuute hin fuudhinaa nama abbaan keessan itti ida'ame hin fuudhinaa if jaala qabaatuu , hiikhuu,

وَلَا نَنْكِحُوا مَا نَكَحَ إِبَّا وَكُمْ تَرْ

النِّسَاء

irraa du'u, odoo islaamni hin dhufin dura arabni beera abbaan gad dhiise yookaa irra du'e fuudhuu turan duuba Rabbiin irraa dhoowwe akka je'e;

\*Waan dabre malee amma eegu ittin dee-bil'inaa je'een, waan tanaan dura dalaydan

إِلَّا مَا قَدْ سَلَفَ

isiniifan araaramaa,  
 \*beera,abbooti'ii, fuudhun, waan hamtuu,  
 إِنَّهُ كَانَ فَاحِشَةً  
 \*Ammallee, waan, Rabbi, dallansiisu,  
 وَمَقْتَأً  
 22} \*Inni karaa hama'.  
 وَسَاءَ سَيِّلًا ﴿٢٢﴾

\*Haadhotii teessan fuudhun waan isinirratti  
 dhoowwame akkasuma haadha haadhaa  
 ammallee haadha abba'aa fuudhun dhoowwame,  
 حُرَمْتُ عَلَيْكُمْ أُمَّهَاتُكُمْ  
 \*Intala ifii dhaltan fuudhun haraami, yookaa  
 waan islaamni dhoowwe, akkasuma ilmoo  
 ilmo'oo fuudhun haraami,  
 وَبَنَاتُكُمْ  
 \*obboleeyyan ,keessanis ,fuudhun, haraami  
 ,obbol eettii haadhaa abba'aan tokko tayan  
 taatuu, obboleetti haadha qofaa yookaa  
 abbaa qofaa taatuu, hunda fuudhun haraami,  
 \*Adaadaa, obboleetti abba'aa fuudhun  
 haraami  
 وَعَمَّتُكُمْ  
 \*Indooyee, yookaa ,haboo ,obboleetti  
 haadhaa fuudhun haraami,  
 وَخَالَتُكُمْ  
 \*Dubra obboleessi dhalte fuudhun haraami,  
 وَبَنَاتُ الْأَخْ  
 \*Dubra oboleettin dhalte fuudhun haraami  
 yookaa dhoowwama,  
 وَبَنَاتُ الْأُخْتَ  
 \*Haadha teessan tan sababaa isin hoosisu'u-  
 وَأُمَّهَاتُكُمْ الَّتِي أَرَضَعْنَكُمْ  
 utin haadha isinii taate fuudhun haraami, dhalaan umriin isi'ii amata sagalii olii  
 yoo ilmoo amata lamaa gadii hoggaa shan hoosifte, isiin haadha ilmoo sanii ta  
 harmaa takkaa hoosisaatii isiin akkuma haadha isa dhaltetti isii fuudhun  
 haraam,  
 \*ammas, obboleeyyan ,keessan kan haadhaa  
 وَأَخْوَاتُكُمْ مِنْ أَرْضَادَعَةٍ  
 takka wajji hootan, fuudhun haraami, jaartin takkaa tan alaga'aa, siifii intala ta  
 kka yoo hoosifte siifii intalti sun obboleeyyanii, isii fuudhun haraami, maalif  
 akka sharii'aa islaamatti wannii isiin si hoosifte dhalteefii, wannii isiin hoosifte  
 hundi obboleeyyan keeti, tanaaf jecha hoggaa intala takka fuudhu'u ka'an  
 akka haati isi'ii si hoosifteefii, akka haatee isii hoosifte gaafatu', maalif ollaan  
 joollee xixiqqoo wal biratti dhiifteeti walii hoosisa, sun waan joollee obbole  
 eyyan walii godhee wal fuudhhu dhoowwu, wannii sababaa firumma'aatin yo  
 okaa aalumma'aatif , fuudhun , haraamii , yookaa, dhoowwama'aa sababaa ho

dhiinsatiinis haraam godhamaa, beekhun narratti jira,  
\*ammas ,haadhotii,beera,keessanii fuudhun

وَأَمْهَدْتُ نِسَاءِكُمْ

haraami,intala takka yoo nikaaha godhatte yookaa fuute, itti ida'amtuu, ida'a-muu baatuu, matuma nikaaha godhatu'uutin, haati isi'ii sirratti haraam godhamtee fuudhuhu hin qabdu zalaalamii,

\*Dubra beerri keessan nama birarraa dhalee,  
isin bira jirtu fuudhun haraami,

وَرَبِّيْتُكُمْ أَلَّا تَرْجِعُوهُنَّ

\*Dubra beerri keessan nama birarraa dhale  
kan haadhatti ida'amtan fuudhun haraami,

مِنْ نِسَاءِكُمْ أَلَّا تَرْجِعُوهُنَّ

\*Ammoo yoo kan haadha isi'ittin ida'amin  
taatan,

فَإِنْ لَمْ تَكُونُوا دَخَلْتُمْ بِهِنَّ

\*Ilmoo isi'ii fuudhun hin dhoowwamu yoo

فَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ

intala,yookaa jaartii takka tan intala dubraa qabdu fuute, yoo oodo biran gayin,  
takkaa wajjin rafin hiiyte, takkaa sirraa duute intala isi'ii tan nama birarraa  
dhalte san fuudhun siif gaya,

\*Beera ilmaan keessanii kan dudda kees-  
sanii baye fuudhun haraami akkuma beera  
abbootii teessanii fuudhun haraamii, abbaan  
jaartii ilmaa hin fuudhu ilmi jaartii abba'aa  
hin fuudhu

وَحَلَّئِلُ أَبْنَاءِكُمْ أَلَّا يَرَوْنَ مِنْ

أَصْلَدِكُمْ

\*ammas, dhala, lama, kan obboleeyyanii

وَأَنْ تَجْمِعُوا بَيْنَ الْأَخْتَيْرِ

walitti qabanii fuudhu'uutu haraami, ammoo yoo isii hiikan,takkaa nama jalaa  
duute, obboleettii isi'ii fuudhun ni gaya, akkasuma intala takkaafii adaadaa isi'ii  
yookaa haboo takkaa indooyyee isi'ii walitti qabanii fuudhun haraami,

\*Waan tanaan dura dabe malee, eeganaa  
,waan haraam godhametti hin dhiyaatinaa.  
ammoo waan oodo islaamni hin dhufin  
dalaydan Rabbiin isiniif araarama

إِلَّا مَا قَدْ سَأَفَ

\*Rabbit kan namaa araaramuu hedd-  
ommaatu,

إِنَّ اللَّهَ كَانَ غَفُورًا

23} \*Kan rahgmata namaa godhu , dhala`a-

رَحِيمًا

rraa wanni fuudhun haraamii haadha, intala ifii ,obboleettii, adaadaa, indoor-  
yyee yookaa haboo ,intala obboleessa ,intala, obboleetti'ii ,haadha ,hodhiinsaa  
,obboleettii hodhiinsaa, haadhaa jaarti'ii, intala jaarti'ii, jaartii abba'aa, jaartii  
ilmaa , obboleeyyan lama walitti qabuu, nama nikaaha namaa qabu fuudhun  
haraami.

\*Beera jaarsa qabu fuudhun hin gayu, hanga  
hiikkamtee iddaan isi'ii dhumtutti,

\* وَالْمُحْصَنَاتُ مِنَ النِّسَاءِ

\*Beera kuffaaraa kan lolaan jaarsa isi'ii jalaa boojitan malee, kan jaari isi'ii kuffaaru-mma'arratti hafe, isii eega waa gara'aan qabduu beekhanii itti ida'amuun ni gaya,

إِلَّا مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ

\*Wanni beerarrraa isinirra haraam godhame yookaa ni dhoowwama jenne, waan Rabbiin isinirratti katabe, shari'aa Rabbiiti,

كِتَابَ اللَّهِ عَلَيْكُمْ

\*Wanni dhala'arraa jara dubbanne kan haraam godhame malee jiru, halaal isinii godhamee fuudhun isiniif baqqa'e , yookaa hin dhoowwamu,

وَأَحَلَ لَكُمْ مَا وَرَأَتُمْ ذَلِكُمْ

\*horii keessaniin mahrii gootaniifii beera feetan fuudhuu qabdan

أَنْ تَبْتَغُوا مَا مَوَالُكُمْ

\* Nikaaha hidhattanii,

مُحْسِنِينَ

\*Kan zinaa hin goone, yookaa sharmuuxa hin taane,

عَزِيزُ مَسْفِحِينَ

\*beera, fuutanii, ittiim, amanii tan ,yookaa itti ida'amtan, wajji raftanii,

فَمَا أَسْتَمْتَعْمُ بِهِ مِنْهُنَّ

\*Mahrii ,isi'ii ,kan ,isi'iif maqaa dhooytan , hangana jettanii kenna`aaf .

فَعَاثُوهُنَ أَجُورُهُنَ

\*Sun waan Rabbiin isi'ii muree takkaayuu faradee,

فِرِيضَةٌ

\*Waan walii jaalattan keessa diliin hin jirtu,

وَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ فِيمَا تَرَضَيْتُمْ بِهِ

\*eega,mahriin,hangana, jettanii murtanii

مِنْ بَعْدِ الْفَرِيضَةِ

,wanni isiniifii beerri keessan irratti walii galtan mahrii hangasirra isi'ii ida'uu tayuu,isiin mahrii isi'ii hunda, yookaa garii isinii dhiisuu tayuu , wanni walii jaalattan kun dilii hin qabu,

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْهَا

\*Rabbitin kan dubbi yookaa amrii gabroottan isaa hunda beekhu .

حَكِيمًا

24} \*Kan waan gabroottan isaatii godhe keessatti akka malee hin dalayne.

\*Namni isinirraa,

وَمَنْ لَمْ يَسْتَطِعْ مِنْكُمْ

\*Dandeytii hin qabne,

طَوَّلًا

\*Dhalaa mu'minnaa ,bilisa fuu'uuf, namni dandeytii hin qabne,mahrii isi'ii dhabu'uu jecha

أَنْ يَنْكِحَ الْمُحْصَنَاتِ الْمُؤْمَنَاتِ

\*Waan isin harkaa qabdan fuudhuu qaba

فَمِنْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُكُمْ

\*Dhalaa gabroota, tan islaamaa fuudhuu  
qaba مَنْ فَيَتَكُمْ أَمْوَانَتِ  
\*Iimaana keessan hanga inni jaba`aa Rabbi- وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِإِيمَانِكُمْ  
itu beekha, kan bilistitti'iitifii kan gabritti'ii kan irraa jaba'aa Rabbiitu beekhaa  
, gabrittiin yoo gubbumaan iimaana qabaatuu isi'ii gartan, keessa Rabbiitu be-  
ekaa hin shakkina'aa fuudhaa,  
\*Isiniifii gabrittiin diinaa keessatti Rabbi bi- بَعْضُكُمْ مِنْ بَعْضٍ  
ratti wal qixaa, Akkasuma uumaa keessattilee isiniifii gabroonni wal qixa, ma-  
alif isiniifii isaanilleen aadamirraa uumamtan,aadam biye' erraa uumamee ,yoo  
horii dhabdanii bilisa fuudhuu dadhabdan gabroota hin tuffatinaadhaa fuudhaa,  
\*Nama isii qaburraa barbaa da'aa fuudhaa, فَإِنَّكُمْ حُوْنَّ بِإِذْنِ أَهْلِهِنَّ  
iznii gooftaa isi'ittin isii fuudhaa,  
\*Mahrii isi'ii akka gaari'itti kenna'aaf, kan  
ittin rincicine, kan irraa hin ir'ifne, وَإِنَّهُمْ بِأَجْرِهِنَّ بِالْمَعْرُوفِ  
\*Gabrittiin isin fuutan sun, tan gurra ifii  
teysitu tayu, مُحْصَنَتِ  
\*Tan sharmuuxa dirree baye hin tayin,  
\*Tan jaala yookaa koonnisa, dhoysa'aan  
dilii isi'itti dalagu hin qabne, fuudhaa, غير مسْفَحَتٍ  
\*Gabroonni yoo heerume, yookaa fu-  
udhame, ولا مُتَخَذِّلَاتٍ أَخْدَانٍ  
\*Yoo eegasii zinaa yookaa gumnummaa  
dalayde, فَإِذَا أَحْصَنَ  
\*Qixaan'i isi'ii cinaa qixaaxa dhalaat bil isaa ,  
tan dubraa tan zinaa gooteti, dubri bilisaa  
yoo dilii sharmuuxumma'aa dalage qixaan'i  
isi'ii dhibba garafamtee,bara tokko biyyaa  
baafamu', hanga amna guyyaa lamaatitti.  
Ammoo gabri yoo zinaa godhe shantama  
garafameeti cinaa baraa biyyaa baafama,  
\*hoggaa bilisa fuudhuu dadhaban gabra  
fuudhun, ذلك  
\*Nama isinirraa zinaa keessa bu`uu sodaa-  
Tefi ,nama haween dhala'aa itti heddommaattee dilii sharmuuxumma'aa keessa  
bu'uu sodaatefi gabrittii fuudhun gaya,sanuu tan islaamaa tanaaf jecha namni  
dilii san keessa bu'uu hin sodaatin gabrittii islaamaa fuudhun hin qabu.ammoo  
gabrittii kaafirtitti matumaanuu fuudhun hin gayu  
\*Gabrittii fuudhu'urraa if dhoowwu'uutu وأن تَصْبِرُوا

حَمْدُ لِلّٰهِ رَبِّ الْعٰالَمِينَ

\*Isii fuudhu'urraa isiniif caala maalif yoo gabrittii fuudhan ilmoon isiin dhaltu gabra taati,duuba ilmoo ifii gabra godhu'urra fuu-dha gabritti'ii dhiisu'uutu caala,

**25}** \*Rabbiin kan araaramaaafii rahgmata heddommaatu.

وَاللّٰهُ عَفْوٌ رَّحِيمٌ ﴿٢٥﴾

\*Rabbiin waan isinii dubbate kanaan sha-ri'aa isaa tan dantaa teesan qabdu isinii ibsuu fedha,

يُرِيدُ اللّٰهُ لِتُبَيِّنَ لَكُمْ

\*Ammallee karaa anbiyootaa kan isin dura dabre isin qajeelchuu fedha, akka waan isaan dalagan dalaydanii, waan isaan dhiisan dhiftani'iifi,

وَهُدٰيٰكُمْ سُنَنَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِكُمْ

\*Akka jallinarraa gara qajee llo'oo isin deebisu'uufi shari'aa isinii fide,

وَيَتُوبَ عَلَيْكُمْ

**26}** \*Rabbiin kan beekkomsa guutuu qabu, kan waan malu dalagu.

وَاللّٰهُ عَلٰيْهِ حِكْمٌ ﴿٢٦﴾

\*Rabbiin karaa gaarii isin qajeelchuu fedhaa,

وَاللّٰهُ يُرِيدُ أَنْ يَتُوبَ عَلَيْكُمْ

\*Ammoo warri hawwii nafse'ee jala deemu ,kan akka yahuuda'aafii, nasaara'aa, awaa-maa ,yookaa warri dalagaa sharmuuxaa dalagu wanni fedhu,

وَيُرِيدُ الَّذِينَ يَتَسَعَونَ الشَّهَادَاتِ

**27}** \*Isin karaa Rabbirraa jallina guddaa jal-latuu fedhan,waan Rabbi dhoowwe dalay-danii akka isaanii taatanii.

أَنْ قَيْلُوا مِيلًا عَظِيمًا ﴿٢٧﴾

\*Rabbiin waan isinitti jabaatu isinirraa laaf-

يُرِيدُ اللّٰهُ أَنْ يُخَفِّفَ عَنْكُمْ

isuu fedha,tanaaf waan gaarii isinii geessise ,yookaa baqqaasise , shari'aan isla-amaa shari'aa laafstu',tanaaf waan shari'aan isii duraa jabeessite hunda laafifte,

وَخُلِقَ الْإِنْسَنُ ضَعِيفًا ﴿٢٨﴾

**28}** \*Ilmi namaa laafinaan uumamee waan jabduu shari'aa ulfaattuu,ba'atuu hin dand-ayu ,akkuma waan nafseen jaalatturraa if dhoowwuu hin dandeeny'e.

يَأَيُّهَا الَّذِينَ إِذَا مَنَّا

\*Yaa warra Rabbi dhugo'oomse,

لَا تَأْكُلُوا أَمْوَالَكُمْ بَيْنَ كُمْ بِالْبَطْلِ

\*Horii keessan haqa male`etti wal jiddu'utti hin nyaatinaa ,karaa wal saamu'uutin, han-naatin ,dhalaatin { riba'aatin } qimaara, yo-okaan hire'eetin, horii walirraan nyaatinaa,

إِلَّا أَنْ تَكُونَ تَحْسِرَةً

عَنْ تَرَاضٍ مِّنْكُمْ

وَلَا نَقْتُلُ أَنفُسَكُمْ

\*Yoo karaa naggadaatin ,yoo kaa biti'ii gurguraatin ,horii walii walirraa fudhatuuun argamte malee,

\*walirraa jaalatu'uun,duuba waan jaalalaan walii gurgurtan, yookaa walii kennitan nya-atun isiniif gayaa nyaadhaa,

\*Ammas lubbuu teessan walirraan ajjeesi-

naa ,wanni Rabbiin lubbuu teessan hin ajjeessinaa je'eef,mu'minni hundi akkuma qaama tokkootii namni mu'mina ajjeese akkuma waan lubbuu ifii ajje-eseti yookaa makgnaan kanaa lubbuu teessan waan addunya'aafii aakhira'atti isii miidhu dalaydanii hin galaafatinaa, if ajjeesu'uun tayuu, nama biraajee-su'uun tayuu, yookaa dilii badi'itti lubbuu geessitu dalagu'uun tayuu,

**29}** \*Rabbiin kan toltaa isiniif fedhu , tanaaf

إِنَّ اللَّهَ كَانَ بِكُمْ رَّحِيمًا

jecha waan hamtu'urraa isin dhoowwee, isinis lubbuu teessaniif rahg-mata yookaa toltaa yaada'aa,waan hamtu'urraa fagaadhaa ,hamtu'urraa dhoowwamaa

وَمَنْ يَفْعُلْ ذَلِكَ

عُدُوانًا

وَظُلْمًا

فَسَوْفَ نُصْلِيهِ نَارًا

وَكَانَ ذَلِكَ عَلَى اللَّهِ سِيرًا

إِنْ تَجْتَنِبُوا كَبَائِرَ مَا تَهْوَنَ عَنْهُ

\*Namni waan hamtuu Rabbiin irraa dho-  
owwe dalage,

\*Haqarraan tarkaanfata'aa,

\*Lubbuu ifii miidha'aa dilii san dalagee,

\*Ibidda isa seensisu'uu jiraanne,,

**30}** \*Ibidda isa seensisuun Rabbiratti waan  
laaftu'uu.

\*Yaa warra Rabbitti amane yoo dilii gurgu-

ddoo Rabbiin irraa isin dhowwerraa fagaattan,diliin gurguddoon, tan Rabbiin qixaaxa isi'ii jabeessee nuu hime,tan akka waaqa moromu'uu, tan akka nama ajjeesu'uu,tan akka haadhaa abba'atti hammaatu'uu,tan akka zina'aa yookii gumnumma'aa, tan akka hanna, tan akka farshoo dhugu'uu, waan kanarreaa yoo dhoowwamtan,

\*Dili teessan xixiqqoo isiniif araaramna, di-  
liin xixiqqoon waan Rabbiin azaaba isi'ii hin  
jabeessini,

**31}** \*Bakka gaarii isin seensifna, sun  
jannataa.

مُكَفَّرٌ عَنْكُمْ سِيَّئَاتُكُمْ

وَنَذَّلُكُمْ مُّذَلَّاتٍ كَرِيمًا

وَلَا تَثْمِنُوا مَا فَضَّلَ اللَّهُ بِهِ بَعْضُكُمْ عَلَى

\*Waan Rabbiin garii keessanii kennee ga-

بعض

rii keessa nirra caalciseef, hin hawwinaa, gama diina` aatin tayuu, gama addunya'aatin tayuu, gama humnaatin tayuu,dhalaan waan Rabbiin dhiiraa kenneef hin hawwin ,dhiirtinis waan Rabbiin dhala'aa kenneef hin hawwin ,akka waan Rabbiin gabroottan isaatii waan fedhe akka fedhetti qoode jibbuun hin dhufne ,kun hundinuu waan wal jibbansaafii, wal diddaa nama jiddu'utti dhalee, addunya'aa aakhira balleysu, tanaaf jecha namuu waanuma harka isaa jiru laalee xiqaatuu guddatuu waaqa isaaf qoodee galata galchu', Rabbiin waa beeketi gabroota isaatif akka malutti waan qoode hunda qoodee yaada'aa, akka maymaakni je'u;{waa beeketi Rabbiin bofa miila dhawe} duuba namuu bu'aa dalagaa isaa haa eeggatuu wal hassadu'uun male'etti wal waannyu'uun male'etti,

\*Dhiirti galata waan daleydeeti qabdi takkaa argatti,

\*Dhalaanis galata waan dalageeti argata,

لِلرِّجَالِ نَصِيبٌ مِمَّا أَكَتَ تَسْبُوا

وَلِلنِّسَاءِ نَصِيبٌ مِمَّا أَنْسَبْنَا

وَسْأَلُوا اللَّهَ مِنْ فَضْلِهِ

إِنَّ اللَّهَ كَانَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلَيْهِمَا

وَلِكُلِّ جَعْلَنَا مَوْلَى

مَسَاتِرَكَ الْوَلَدَانِ وَالْأَقْرَبُونَ

وَالَّذِينَ عَقدَتْ أَيْمَنَتْهُمْ

فَعَلَوْهُمْ نَصِيبٌ

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ شَهِيدًا

الرِّجَالُ قَوْمُونَ عَلَى النِّسَاءِ

\*Waan itti haajamtan, naman kajeelina'aa ,Rabbi khadhadhaa isa kan kennaan isaa hin dhumnee,

32} \*Rabbiti kan waan hunda beekhu kan khadhaa teessa niifii waan namuu haqa go-dhatu beekhu.

\*Nama hundaafuu nama isa dhaalu goone,

\*Horii haadhaa abbaan dhiisa nirraa, ammallee horii aanan dhiiserraa, nama waa dhalutu jira,

\*ammallee warri dalaga'aa kan yoo jiraanne haa wal gargaaruu,yoo duune haa wal dhaalluu jettanii walii khakhattan,

\*Qooda isaanii isaanii kennaah harka jaharraa

harka tokko, gaafa duraa namni nama du'e dhaaluu dandayu ,haadhaa abba-aafii ,aana'aa, ammallee nama alaga'aa,kan harka wal qabatanii,walii kakatan ,ammoo booda keessa,alagaan nama dhaalun ni dhoowwame,

33} \*Rabbiti kan waa hunda arguu, kan waa hunda quba qabuu,bakka irraa isin dhowwetti isin hin argin, bakka itti isin ajajee isin hin dhabin.

\*Dhiiratu, dubbi dhala'aa harka qaba, isaanu isii ammree ,karaa gaarii qajeechaa, karraa hama'arraa isii dhoowwa,

\*Waan Rabbiin garii isaanii gari`irra caalch-

يَسْأَفُ الْمُؤْمِنُونَ عَلَى بَعْضِ

iseef, waan dhiira dhala'arra caalchiseef, wanni dhiirti dubbii dhala'aa,yookaa taligaa dhala'aa harkaa qabduuf,waa lamaafi, waan Rabbiin dhiira dhala'arraa caalchiseefi, uuma'aafii waan bira keessattilee,

\*ammas sababaa yookaa waan dhala`aa

وَيَمَا أَنْفَقُوا مِنْ أَمْوَالِهِمْ

jecha dhiirti horii baastufi, maalif hoggaa fuudhaa,mahrii je'anii ,dhala'aa horii kenuun dhiirratti jirti, ammas eegasiyyis, hanga jaarsaa jaartin wajji jiran, nyaataa dhugaatin,uffataafii, manni isi'ii dhiirratti jira, tanaaf jecha dhiirti dubbii dhala'aa hundaan dhaabbatti, yookaa irrii dhala'arratti qabdi, duuba dhaallaan jaarsa qabu lama, takka; tan dubbii jaarsaa dhageessu, tuun; tan dubbii dhiiraan dhageenye,

\*Beerri gaarin,tan jaarsa dhageessu ,{qaanit-aatun} jechuun; tan dhirsa isi'iitii gad jettu jechuu,

فَالْأَصْنَلِحَتْ قَنَثْ

\*Tan hoggaa jaarsi isi'ii diida deeme waan

حَفِظَتْ لِلْغَيْبِ

jaarsaa hunda eeydu, tan qaama ifii eeydee, horii isaa eeydee ,mana isaa nam tokko hin seensifne, tan haqa jaarsaa,hoggaa inni diida jiru, akkuma hoggaa inni bira jirutti eeydu,

\*Waan Rabbiin dhalaa tiyseef dhalaa jabessa je'ee, dheeraa dhaamee, duuba akkuma Rabbiin isaan tiysetti isaanis haqa jaarsaa haa tiysanii .

يَسْأَفُ الْمُؤْمِنُونَ عَلَى بَعْضِ

\*Ammoo dhalaa dubbii jaarsaa dhagayuu diduu,yookaa mataa isatti ol qabatuu soda-ttan yookaa beytan ,{nushuzni} mataa ol fiudhu'uu

وَالَّذِي تَخَافُونَ شُورَهُنْ

\*Isii gorsaa qixaaxa Rabbiit sodaachisaa

فَعَظُوهُنْ

afaanin, Rabbi sodaadhu,nama haqa jaarsaa balleesse Rabbiin itti dallanaa, jaarsarralle'ee haqa dhabdii je'aa gorsaa, yoo gorsaan qajeelte tolte yoo jallata'aatuma deemte,

\*Isi'iin oodaa bakka hirriibatti isi`irraa fagaa-

وَأَهْجُرُوهُنَّ فِي الْمَضَاجِعِ

dhaa ,akkana jechuun;ittin ida'aminaa hoggaa raftan huchuu, takka wajjin uffatinaa, dudda itti gala'aa rafaa, fuula itti garan galinaa jechu', jaarti'iin oodun akkana, duuba jaartin dantaa isi'ii beytu dafteeti jaarsa araarfattee qajeeltif ,ammoo yoo akkanatti oodu'uun qajeelu baatte,

\*Dhaanaa yookaa tumaa , tumiinsa adabaa

وَأَضْرِبُوهُنَّ

kan ijan beysine ,kan dhiigan baafne,kan lafeen cabsine,abbaan manaa , akk-

uma abbaa biyyaatii, ilmaanifii beera isaa qixaaxa adaba isaan goosisu qixaaxuu qaba, akkuma abbaan biyyaa nama ummatarraa jallate qixaaxee, qajeelchuu qabu,

\*Duuba beerri yoo isiniif qajeelee aan isiiin  
jettan dhagaye

فَإِنْ أَطَعْنَاكُمْ

\*Afaan mammaysitanii, karaa isi`ittiin

فَلَا يَبْغُوا عَلَيْهِنَّ سَبِيلًا

rooriftan hin barbaadinaa, maalif kana jettee, kana dalayde? jettanii eega isiiin qajelte, waan san dura isiiin dalayde takkaa jette hunda irraanfadhaa,

34} \*Rabbiin kan dandeytii guddoo qabu

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْاً كَيْرًا

kan irree hundaa olii qabu, Rabbi sodaadhaa dhalaa hin miidhinaa, yoo dhal-a'arra irree qabna'aaf kan isii miitan taatan, Rabbiin irree isinirra qabaa, isin qixaaxaa beekaa.

\*Yoo wal diddaan jaarsaa jaartii jiddu'utti  
argamuu agartan, yookaa beytan, Aanaa  
isaatifii aanaa isi'irraa, nama haqaan

وَإِنْ خَفْتُمْ شَقَاقَ بَيْنَهُمَا

\*isaan lamaan jiddu'utti dubbii laalee fixu

فَابْعُثُوا حَكَمًا مِنْ أَهْلِهِ

godha`aa itti ergaa, aanaan isaa wakiila yookaa wabii isati, aanan isi`ii wakiila isi`iti, duuba jarri lamaan kun akkaan dubbii gad qabee laaleti, nama jaarsaa jaarti'irraa balleesse balleessa'arraa deebisanii walitti araarsan, yoo kan araaratu irra caalaa argan tayan, yoommoo adda bayuu isaanitu irra caalaa argan addaan baasan,

\*Yoo jarri lamaan dubbiin harka kaayamte,  
dubbii tolchuu yaadan,

إِنْ يُرِيدَ إِلَّا اصْلَحَّا

\*Rabbiin jaarsa jaartii jiddu`utti waan faay-

يُوفِّقُ اللَّهُ بِيَنْهُمَا

daa isaan lamaanif qabu argamsiisa, araara tayuu, hiikkaa tayuu, yoo jarri lamaan dubbii laalu, waa tolchu'u kan deeman tayan, Rabbiin afaan tokko isaan godheeti waan jaarsaa jaarti`ii tolu isaan qunnamsiisa, yookaa agarsiisa, araara tayuu wal hiikuu tayu,

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْمًا خَيْرًا

35} \*Rabbiin kan waa hunda beekhu, kan  
waan dhokhataa akkuma waan mul'atutti  
beekhu.

\*Tokkummaa Rabbii yaadaa ,

وَأَعْبُدُ وَأَلَّهَ

\*Isatti waan qindeesinaa,

وَلَا تُشْرِكُوا بِهِ شَيْئًا

\*Haadhaa abbaa kheesaniif tolaa ,

وَبِالْأَوَالِدِينِ حَسَنَا

- \*Aanaa keessanitti harkaa fuula tolaa, وَبِذِي الْقُرْبَىٰ
- \*Nama haadhaa abbaa yoo kaa abbaan qabneef tolaa hiyyeessaa tolaa jechu'، وَالْيَتَّمَىٰ
- \*Nama waan qabne deegaa kan haajan itti jirtuuf tolaa, وَالْمَسَاكِينِ
- \*Ollaa isinitti dhiyaatuf , tolaa ollaa dhiigan isinitti dhiyaatu tayuu,kan manaan isinitti dhiyaatu tayuu, وَالْجَارِ الْقَرِبَىٰ
- \*Ollaa isinirraa fago'ootif tolaa,ollaa manaan fagaatu tayuu ,kan firumma'aan fagaatu tayuu, وَالْجَارِ الْجُنُبِ
- \*Nama waahela keessanii kan isinitti maxx-anee wajji jiraattanitti harkaa fuulaa tolaa, waahela keessan yookaa saahiiba keessan kan imaltuu wajji yaatan tayuu kan bakka barmootaa yookaa bakka dalaga'aa wajji jiraattan tayuu, takkaa ma'naan isaa jaartii teessan tan cinaa keessan isiniin wajji jiraattutti harkaafii afaan tolaa jechu', وَالصَّاحِبِ بِالْجَنَبِ
- \*Ilma kara'atti harkaa fuula tolaa,ilmi kar-a'aa: nama imaltuu deemu, takkaayuu safara deemu,kan sinqiin, yookaa galaan duraa dhumtee, akka tayu dhabe, rakkatuu keessa, وَأَبْنَى السَّيْلِ
- \*Waan qabdan kan harka keessan keessa jiru kan akka gabrootafii hori'iitii tolaa, nya-achisa'aa obaasaa dalagaa irraa laaffisaa وَمَا مَكَثَ أَيْمَنَكُمْ
- \*Rabbiin nama haqa malee if tuulee, if guddisee boonu, hin jaalatu , إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ مَنْ كَانَ مُخْتَالًا
- 36} \*Kan waan qabuun nama tti dhaaddatu, hin jaalatu, ni qixaaxa jechu'. فَخُورًا
- \*Warri waan qabuun arjo'oomuu didu, أَلَّذِينَ يَبْخَلُونَ
- \*Kan namas doyn'ummatti kaasu, yookaa gorsu takkaa ammaru, وَيَأْمُرُونَ النَّاسَ بِالْبُخْلِ
- \*Warri waan Rabbiin isaanii kenne, na-marraa dhoysu, hori'iifi beekkomsafaa dhoysu kan waan Rabbiin isaa kenne, nyaatuu dhabee ,uffatuu dhabee waan beeku nama barsiisuu dhabee , dhoysu, jarri akkanaa kun qixaaxa guddaa qaba, وَيَكْتُمُونَ مَا أَتَاهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ
- 37} \*Warra kafareef azaaba aakhira'atti isa-an gubee ,isaan xiqqeessu, qopheesinee jirra. وَأَعْتَدَنَا لِلْكَافِرِينَ عَذَابًا مُّهِينًا
- \*Ammas warra horii isaanii Haa namni nu وَالَّذِينَ يُنْفِقُونَ أَمْوَالَهُمْ رِءَاءً إِلَّا سِ

argee arjaa je`ee,nu faarsu'uu jecha kennuuf,  
azaaba qopheessinee jirra,

\*Warra Rabbitti hin amanne, kan guyyaa  
borutti hin amanne,

\*Namni sheyxaanni waahela isaa taye ,  
takkaayuu saahiba isaa taye

38}\*Waahela badaa argate,waan inni waan  
hamtuu` utti isa gorsuuf jecha, waan inni do-  
yn'umma'aafii,Rabbiifii guyyaa borutti ama-  
nuu dhabu`utti isa gorsuuf jecha,

\*Mee odo Rabbitti amananii, guyyaan bo-  
ruu ni dhufaa dhugo'oomsanii,waan qaban  
kan Rabbiin isaanii kennerraan Rabbi je`anii

kenn atanii maalumaatu isaan dhiba? Wanni isaan dhibu kan dhuga'aa hin jiru  
jechu',wanni isaan dhibu karaa jallaa isaan irra jiran sani,

39}\*Rabbiin kan haala isaanii quba qabuu  
,isaan qixaaxu'uu jiraata,waan isaan dalaga-  
nirratti.

\*Rabbiin waa xiqqollee naman miidhu waan

diliin hin tayin dalagu'urratti nama qixaaxee,galata waan gaarii dalaganii nama  
dhoowwatee ,miidhaa hanga mixii xiqqisho'oo miizaantu nama hin miidhu,

\*Yoo wanni hanga mixii xiqqa'oo,tan mu'-  
minni dalage, waan gaarii taate,

\*Dachaa isii godheeti guddisa,waan gaarii  
takkitti ,kudhanirraa hanga dhibba torbatti  
heddommeysa,

40}\*Rabbiin ifuma biraa,galata guddaa ,  
hanganaa hin qabne,nama fedhaaf kenna.

\*gaafa guyyaan qiyaama'aa, dhufee, umm-  
ata hundarraa,nama ragaa isaanitti bayu  
finne,sun nabiyicha isaanitii,

41}\*Akka orma kuffaaraa kanarratti raga  
baatu yaa ergamaa kiyya muhammad si  
finne,ormi kuffaaraa kun,akkam taya? haalli  
isaanii akkam tayu'uu jiraata?.

\*Guyyaa san warri kafare,

\*Kan waan ergamaan Rabbi dhufeen qee-

وَلَا يُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَلَا يَأْلِمُونَ الْآخِرَةَ

وَمَنْ يَكُنْ أَشَيْطَلُنَّ لَهُ فَقِيرًا

فَسَاءَ قَرِيبًا

وَمَاذَا أَعْلَمُ لَهُمْ لَوْءًا مَنْتُوا بِاللَّهِ وَالْآخِرَةِ وَأَنْفَقُوا

مِثَارِزَ قَهْمُ اللَّهِ

وَكَانَ اللَّهُ بِهِمْ عَلِيمًا

إِنَّ اللَّهَ لَا يَظْلِمُ مُمْقَالَ ذَرَّةٍ

وَإِنْ تَكُ حَسَنَةٌ

يُضَدِّعْهَا

وَيُؤْتَ مِنْ لَدُنْهُ أَجْرًا عَظِيمًا

فَكَيْفَ إِذَا حِثَنَا مِنْ كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدٌ

وَجِئْنَا بِكَ عَلَى هَؤُلَاءِ شَهِيدًا

يَوْمَئِذٍ يُوَدُّ الَّذِينَ كَفَرُوا

وَعَصُوا الرَّسُولَ

لَوْنُسَوَىٰ بِهِمُ الْأَرْضُ

وَلَا يَكُنُونُ نَالَةَ حَدِيشًا

٤٢

يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا نَقْرَبُوا الصَّلَاةَ

وَأَنْشُمْ شَكَرَىٰ

حَقَّ تَعْلَمُوا مَا فَطَوْلُونَ

وَلَا جُنْبًا إِلَّا عَابِرِي سَبِيلٍ

حَقَّ تَغْتَسِلُوا

وَإِنْ كُنْتُمْ مَرْجُحَىٰ

أَوْ عَلَى سَفَرٍ

أَوْ جَاءَ أَحَدٌ مِنْكُمْ مِنَ الْعَابِطِ

أَوْ لَمْسُنَمُ الْمَسَاءَ

فَلَمْ يَحْدُوْ مَاءَ

baluu dide,

\*Odoo biyyee tayanii, dachii keessa badanii jaalatan, rakkatu keessa,

**42}** \*Gaafa san waan dalagan Rabbirraa dhoysu`uuf dubbatuu hin dandayan, waan humniti isaanii ragaa isaanitti baatuf jecha.

\*Yaa warra Rabbitti amane, salaatatti hin dhiyaatinaa,

\*Waan farshoo dhuydanii machooytaniin,

\*Hanga waan jettan, yookaa qaraatan ma-

kgnaa isaa beytanitti,wanni aayanni tun buutef, orma islaamatiitu odoo farsh-o'orraa hin dhoowwamin farshoo dhugee salaatatti seenee, qur'aana akka malee qara'ee,hoggaa san Rabbiin waan machooytaniin salaatattin dhiyaatinaa je'ee,hoggaa salaanni dhiyaate farshoo dhugu'urraa dhoowwe ,ammoo eega sanii matumaanuu farshoo dhugu'urraa isaan dhoowwe,

\*Ammas waan janaabtaa qabdaniin salaatafii

bakka salaataa, masjidatti hin dhiyaatinaa,keessa taa'uu dhiisaa yoo masjida keessa dabartan malee,kan keessa gad hin teenye,yookii makgnaan isaa yoo musaafira taatan malee jechu', {janaaban} wanni argamtuun bishaan waa irraa uumaman kan arabni{maniyyii}je'uun, namarrraa bayu', yookaa dhala'atti ida'-amu', duuba yoo akkatti janaabtan isinitti argamte hin salaatinaa masjida keessan taa'inaa,

\*Hanga qaama hunda dhiqattanitti,

\*Yoo warra dhukkubsatu taatan kan bishaan dhukkuba nutti ida'aa sodaattan odoo janaabtaa qabdantu yookaa wudu'u ni isin duraa caphee jiruu,

\*Takkaayuu yoo musaafira taatan yookaa diida jiraattan,

\*Yookaa tokkoon keessan odaanifii fincaa-nirraa dhufe

\*Takkaa yoo qaama dhalaa alaga`aa kan

kajeelamee tuyxan, bakka rifeensafii ilkee, kutteen tayin,beera alaga'aa tan isii fuudhun isinii gayu yoo tuyxan,takkaa makgnaan {laamastum} jechu'uu; yoo dhala'aan wajji raftan, yookii itti id'amtan jechu'uu bishaanin dhiqadhaa,

\*Duuba yoo wanni dubanne kun isinitti

argamtee bishaan dhiqattaniin, yookaa wissa'attaniin dhabdan,yookii eeguma argattanii itti dalaguu dadhabdan dhukkubni isinitti argameefaa, yookii bishaan dhugu'uuf itti haajamtanii itti dalaguu dadhabdan,

فَتَبَعَّمُوا صَعِيدًا طَيْبًا

\*Biyyee xaahira yookaa qulqulluu barbaa-dadhaa {sgakgiidan} jechuun; biyyee jechu', {xayyiban} jechuun;xaahira jechu'

فَأَمْسَحُوا بِوُجُوهِكُمْ

\*Duuba biyyee san hoggu lama harkaan dhawa'aa ,dhawiinsa tokkoffa'aatin fuula ke-essan haqaa,

وَأَيْدِيكُمْ

\*Dhawiinsa lammaffa'aatin harka keessan

lamaan hanga ciqileedhatti haqaa, biyye'en fuulafii harka akkatti haquun niya'an wajji tayamuma je'ama, inni qaama dhiqatu'uufii wudu'u'rraa bakka dhabbata, yoo bishaan dhabdan,

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَفُوا

\*Rabbiin kan waan jabaate namaa laaffisu ,kan waan dugoggoranii dalagan irra namaa dabru,

43} \*Kan dilii namaa araramu.

عَفُورًا

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad warra kita-abarraa qooda kenname haala isaanii hin agarree,hin beynee,

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ أَتُوا نَصِيبَ مِنَ الْكِتَابِ

\*Isaan karaa jallaa bitatan qajeelloo dhiisan-

يَشْرُونَ الْضَّلَالَةَ

iiti jallina maraxatan,diinaa islaamaa dhiisaniiti yahuudumma'arratti didan, odoo karaan haqaa karaa islaamatii beekhanu, akka towraata keessatti argan ,

وَيَرِدُونَ أَنْ تَضْلُلُوا أَلْسِنَتَهُمْ

44} \*ormi yahuuda'aa sunakkuma ifii karaa haqarrraa jallatan isinis karaa haqarrraa jallatuu fedhanii, isaan hin dhagayinaa, isaan xilaata keessanii.

\*Rabbiitu xilaata keessan isinirra beekhaa , tanaaf isiniif himee ifirraa eegaa ,isaanii hin dagaminaa,

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا يَعْدُكُمْ

\*Bala'arraa isin tiysu'uuf Rabbiitu isanii ga-yaa beekkaa,

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ وَلِيًّا

45} \*Ammallee kan xilaata keessanirratti isin gargaaru'uuf isinii gayu ,Rabbii tokki-chaa, isumatti irkadhaa.

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ نَعِيْرًا

\*orma yahuuda'arraa jara waan Rabbiin tawraat keessatti dubbate jirjiirutu jira,

مِنَ الَّذِينَ هَادُوا يُحَرِّفُونَ الْكِتَابَ

\*Kan dubbii bakka isi'irraa jirjiiru, dubbii towraat keessatti Rabbiin dubbate akka maa-lee fassaranii,

عَنْ مَوَاضِعِهِ

\*Ormi yahuuda'aa kun hoggaa nabi muham-mad wahitti isaan ajaje, dubbii tee dhag-eenyee, dinne je'an,

وَيَقُولُونَ سَمِعْنَا وَعَصَيْنَا

\*wanni isaan nabi Muhammadiin je'an

وَأَسْمَعَ عَرَمْسَمْعَ

waan nuti akkana siin jennu nu dhagaye waan dhageessifaminii, akkana jech-uun isaanii, hamtuu hin dhageessifamin jechu'uuf ni mala, akkasuma Rabbiin waan gaarii sin dhageessisin jechu'uufis ni mala , haa tayuu wanni yahuudan itti feete Rabbiin waan gaarii sin dhageessisinii waan nuti jennu nu dhagaye jechu',

وَرَعَيْنَا

\*Ammas {raakginaa} nabi Muhammadiin je'an, akkana jechuun afaan arabatti nu eegi jechu', ammoo afaan yahuudi'itti arraba, wan-ni isaan itti fedhan arraba,

لَيَأْتِي بِالْسَّيِّئَاتِ

\*Jallisanii afaan isaanitiin nabi muhammad arrabsu'uu jecha, jecha kanaan nabi muham-mad dubbisan akka namni biraa isaan-irratti hin beynef jecha,

وَطَعَنَافِ الْأَدِينِ

\*Ammallee diinaa islaamaa tuqu'uu jecha jallisanii nabi muhammad arrabsan,

وَلَوْ أَنَّهُمْ قَاتُلُوا سَمِعْنَا وَأَطْعَنَا

\*Jarri yahuuda'aa sun odoo nabi muham-madiin waan ati jettu dhageenyee, jaalan-ne itti dalayna, je'anii bakka dhageenyе dinne je'an,

وَأَسْمَعَ

\*Odoo nu dhagayi qofa, je'anii bakka nu dhagayi hin dhageessifaminii je'an

وَأَنْظَرْنَا

\*Ammas odoo bakka raakginaa je'an {un-zgurnaa} je'anii, ini nu laali jechu'uu takkaa-nu eegi jechu'uu,

لَكَانَ خَيْرًا لَهُمْ

\*Santu silaa isiniif irra caala, santu silaa-karaa qajeelaadha,

وَأَقْوَمْ وَلَكِنَ لَعْنَهُمْ اللَّهُ يُكَفِّرُهُمْ

\*Haa tayuu sababaa isaan ka faraniif Rabbiin rahgmata isarraa isaan fageessee,

فَلَا يُؤْمِنُونَ إِلَّا قَلِيلًا

46}\*tanaaf jecha hanga xiqqaa malee namni hedduun isaanirraa hin amanu jarri xiqqaan isinirraa amane sun, abdullaahii binu sala-amifii asaabota isaati.

\*Yaa warra kitaaba kenname, towraatifi injiil kenname,isaan yahuuda'afii nasaara'aa,

يَأَيُّهَا الَّذِينَ أَوْتُوا الْكِتَابَ

\*Kitaaba nabi muhammadirratti buufnetti amanaa, sun qur'aanaa,

إِمْنُوا مَا نَزَّلْنَا

\*Kan kitaaba isiniin wajji jiru towraatifi injiil dhugo'oomsee,bakka isin jalliftan qaj-eelchu,

مُصَدِّقًا لِمَا مَعَكُمْ

\*Odoo fuula keessan isin hin duuchine duratti amanaa ,fuula duuchun ija lamaanifii funyaan,nyaara irraa deemsisuu,

مِنْ قَبْلِ أَنْ تَنْظِمَسْ وُجُوهًا

\*Odoo fuula akka gama duu batti hin dee-bifne,akka mataa gama duuba akka killiyy-u'uu hin goone amanaa

فَنَزَّلَهَا عَلَىٰ أَذْيَارِهَا

\*Takkaa odoo isaan abaarree isaan jirjiirree, jaldeessa isaan hin goone haa amananii,

أَوْ نَعْنُهُمْ

\*Akka warra sabti'ii abaarree jirjiirree

كَمَا لَعَنَّا أَصْحَابَ السَّبَّتِ

jaldeessafii kakarroo goonetti, odoo isaan hin jirjiirre dafanii haa amananii warri {sabti'ii} kun, orma yahuuda'aa, kan Rabbiin guyyaa sabti'ii qurxummiin hin al'oolinaa jennaan didanii al'oolan, duuba hoggaa san Rabbiin jaldeessafii booyee yookaa karkarroo isaan godhe,

47} \*Wanni Rabbiin fedhe ni taati,wanni

وَكَانَ أَمْرُ اللَّهِ مَفْعُولًا

dura dhaabbatu hin jiru,duuba odoo gariin yahuuda'aa kan akka abdullaahii binu salaam, isaanirraa islaamayuu baatee ,silaa yahuudaa fuulli jirjiiramuun ,takkaayuu jaldeessa isaan godhuun hin oolamu,ammoo namni oollo gariin akki je'u; odoo guyyaan qiyaama'aa hin geenye duratti ,yahuudin yoo islaamayuu baatte, uumaa namarraa jirjiiramu'uuf teessi .

\*Rabbitiin waa isatti qindeessuu namaaf

إِنَّ اللَّهَ لَا يَعْفُرُ أَنْ يُشَرِّكَ بِهِ

hin araaramu,namni waa isatti qindeesse yookaa itti fakkeesse,namaan Rabbitiin je'uudhan yookaa mukaan Rabbitiin je'uudhan odoon islaamayin yoo du'e, Rabbitiin isaaaf hin araaramuu inni warra zalaalamii ibiddi gubu,

\*Dili Rabbiti waa qixxeessuun tayin

وَيَعْقِرُ مَادُونَ ذَلِكَ لِمَنِ يَشَاءُ

Rabbitiin nama fedheef araaramaa inni warra zalaalamii ibiddi gubuu miti, Rabbitiin nama fedhe kan dilii kufrin tayin dilaaye, odoo hin qixaan'e jannata issensisuu ni qaba,akkuma yoo fedhe hanga dilii isaa qixaaxee eegasii jannata seesensisuu qabu,

\*Namni Rabbiti waa qindeesse takkaayuu kafare, kan Rabbitiin hiriyyaa qaba je'u

وَمَنِ يُشَرِّكُ بِاللَّهِ

فَقَدْ أَفْرَىٰ إِنَّمَا عَظِيمًا ٤٨

48} \*Namni sun dhugumaan kijiba guddaa kijibe, yo okaa dilii guddoo dalagee ,ibidda haqa godhate {iftaraa} jechuun; kijibe jechu'

\*Warra if faarsu hin agarree ajaa` ibaan

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ يُرِكُونَ أَنفُسَهُمْ ٤٩

goone warri if faarsu sun yahuuda', wanni isaan je'anii if faarsan,nuti ilmaan Rabbiitii ammallee jaalalloo isaatii jecha', duuba dubbiin laalamtu isaan if faarsu'uu mitii,takkaayuu dubbiin isaan if qulqulleessu'uu mitii ,

\*Kan nama fedha qulqulleysu yookaa faarsu Rabbi,namni Rabbiin iiamaana kenneef faaruu Rabbii argate qulqullaaye,

بِإِنْدِهِ وَزِيَّ بِمَنْ يَشَاءُ

49} \*Waan isaan dalaganirraa waa hin ir'ifamu ,odoo hanga waan lafee timirarratti hafallee tayee xiqqenya keessa.

وَلَا يُظْلَمُونَ قَتِيلًا ٥٠

\*Mee ajaa'iba godhii laali akka isaan kijiba Rabbirra kaayan nuti ilmaan Rabbiiti, jaalalloo isati je'anii,

أَنْظُرْ كَيْفَ يَقْتَرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ

50} \*Wanni isaan je'an sun dilii mul'attuu isaan balleessitu tayu'uuf ni gaya.

وَكَفَىٰ بِهِ إِنْ شَاءَ مُؤْمِنًا ٥١

\*Orma kitaabarraa qooda argate kan towraat irratti bu'e haala isaanii hamaa hin agarree, maali sun;

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ أُوتُوا نَصِيبَاهُمْ

\*Waan mukaafii sibiilafii waan birarraa tol-fame, ammallee sheyxanana,jinni'iif gad je'an itti amanan ni dhugo'oomsan,

الْكِتَابِ

\*Warra kafaree muka ibaadun akki je'an,

يُؤْمِنُونَ بِالْجِنَّةِ وَالظَّغْفُوتِ

51} \*Isintu warra amanerra karaa qajeel

هَنَّا لَاءُهُدَىٰ مِنَ الَّذِينَ أَمْنَوْسَيْلًا ٥٢

a'arra jiraa je'an { jibti } jechuun ;sanama waan qureyshin tolchitee Rabbi jettee gabbaru ,{xaaghuut} jechuun;sheyxanana jechu',jarri aayanni tun irra dubbattu khabirrotii yahuudi'ii tan kuffaara makkatti dheyxee nabi muhammaditti akka duulan mirqaansu'uu jecha, waan kuffaarri makkaa Rabbi je'uun,sanamaaf sagadan,duuba kuffaarri makkaa nuhi moo warra muhammaditti amaneetu irra caala je'ee ,khabirrotii yahuudi'ii san gaafannaan,kabirrotiin sun akka jetteen; isintu warra amanerra, karaa qajeela'arra jiraa, karaa keessan gad hin dhiisinaa jetteen.

أُولَئِكَ الَّذِينَ لَعَنْهُمُ اللَّهُ

\*Kabirrotiin yahuuda'aa tan waan kana dalayde,sun warra Rabbiin abaare,

\*Namni Rabbiin abaare ni qixaaxama,

وَمَن يَلْعَنَ اللَّهُ

52} \*Nama isaa dirmatee qixaaxa jalaa isa baasu hin agartuuf.

فَلَمْ يَحْدُدْ لَهُ نَصِيرًا ٥٢

\*Si jarri sun mootummaadharraa qooda qabaa? addunyaa hunda isaantu harkaa qabaa, hin qaban jechu',odoo addunyaan harkaa isaanii jiraattelle'ee,

أَمْ هُمْ نَصِيبُ مِنَ الْمُلَكِ

53}\*Silaa waa xiqqollee namaan kennan duny`ummaa keessa, {naqiiraa} jechuun; waan lafee timirarratti hafu yookaa keessa jiru jechu'.

فَإِذَا لَا يُؤْمِنُونَ أَنَّا سَمِعْنَا ٥٣

\*Si isaan nabi muhammad hasadanii,

أَمْ يَحْسُدُونَ النَّاسَ

\*Waan Rabbiin isaanii kennerratti, nabiyuu-

عَلَىٰ مَا آتَاهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ

mmaa Rabbiin isaaf kenneefii, arabarrraa Rabbiin nama erguu isaanif quudhuu didanii? maalif waan Rabbiin isaanii kenne jibban? Rabbiin abbaa fedheef ga-broota isarraa waan fedhe kennaa,

\*Aalii ibrahiimif kitaaba kenninee jirraa,

فَقَدْ أَتَيْنَا إِلَيْهِمْ الْكِتَابَ

\*Beekkomsa faaydaa qabullee isaanif kenn-innee jirraa,

وَالْحِكْمَةُ

54} \*mootummaa guddoo qabeenya bal`aa

وَإِنَّنَّهُمْ مُلْكُ كُلِّ عَظِيمٍ ٥٤

isaanif kenninee jirraa, kan akka nabi daawudifii,nabi suleymaan , duuba Rabbiin akkuma akhaakhiyyee nabi muhammad nabi ibraahimifii aalii isaatii waan fedhe kenne, nabi muhammadiifis waan fedhu kennee, maalif fuudh-uudhaf diddan, yookaa jibbitan.

فَمَنْ مِنْهُ مَنْ أَمَنَ بِهِ

\*Warra towraatifii injiilirraa nama nabi muhammad dhugo'oomsetu jira, kan akka abdullaahii ilma salaamifii mootii habash-a'aa ahmad najjaashi'i,

وَمِنْهُمْ مَنْ صَدَّعَنَّهُ

\*Isaanirraa nama isatti kafare kan waan nabi muhammad dhufreen qeebaluu dideetu jira, {sgadda} jechuun; irraa gara gale jechu', tak-kaa irraa nama ittisu jechu',

وَكُفَّىٰ بِجَهَنَّمَ سَعِيرًا ٥٥

55} \*Ibiddi jahannam warra kafare gub-u'uuf ,qixaaxu'uuf, ni gaya,akkuma jannanni warra itti amane qananiisee quubsu'uu gayu.

\*Isaan waan nuti dalaynetti kafaran,jarri aayata nabi muhammadiratti buufne qeebaluu dide,kan akkasuma waan nuti anbiyaa birarratti buufne qeebaluu dide,  
 \*Jara san ibidda azaabaa kan gubataniin isaan seensisuu teenya,  
 \*Hogguma gogaan, yookaa qaamni isaanii gubatee bilchaate cufa takkaayuu mara  
 \*Gogaa biratti isaan jir jirra, yookaa isaanif jirjiirra,gogaa isaanii kan gubate san akka takkaa hin gubatinitti deebifree  
 \*Akka laalaa azaabaa akkaan dhandhamani'iif jecha,  
 \*Rabbiin kan waa takkalleen isan injifanne, takkaayuu isan dadhabsiifne,  
 56} \*Kan akka malu gabroottan isatti dalagu ,kan warra hamtuu dalage qixaaxee kaan jannata seensisuu.

\*Isaan Rabbitti amananii waan gaarii dalaan,  
 \*Jannata hedduu isaan seensifna,  
 \*Jannata layni hedduun isii keessa yaa'u takkayuu jala yaa'u,  
 \*isaanii jannata san keessa zalaalamii taa'u, beera qulqullu'uutu tan dhiiyni yookaa xuriin dhalaa addunya'atti dhuftu ittin dhufne, jannata san keessa isaanif jira  
 57} \*Gaaddisa zalaalami'ii, kan aduuun isahin deemsifne, isaan seensifna,inni gaaddisa jannataati.

\*Rabbiin haqaa yookaa amaanaa isin bira jirtu warra haqa san qabuuf deebisu`utti ajaja amaanaa khaaduu dhabu`utti isin eemara,haqa namaa kan irraa gaafamatu akkan banne gootee abbaa isaatin gayuun amaanaa guutuu, yookaa amana'aan dhaabbatuu je'ama, akkasuma haqa Rabbiin ittin si ajaje dalaguun amana'aan dhaabbatuu je'ama,  
 \*Yoo nama wal dide jiddu`utti dubbii laaltanii muru'uut deemtan,  
 \*Qixxumma'aan isaan jiddu' utti laaltanii

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُواْ يَا يَتَّمَا

سَوْفَ نُصْلِيهِمْ نَارًا

كُلَّمَا نَضَجَتْ جُلُودُهُمْ

بَدَّلَنَاهُمْ جُلُودًا غَيْرَهَا

لِيَذُوقُواْ الْعَذَابَ

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَزِيزًا

حِكْمَيًا

وَالَّذِينَ إِمْنَأُواْ وَعَمِلُواْ الصَّلَاحَاتِ

سَنَدِّ خَلُوْهُمْ جَنَّاتٍ

بَحْرٍ مِّنْ نَحْنِهَا أَلَّا تَهْزِ

خَلِدِينَ فِيهَا أَبَدًا هُمْ فِيهَا آزِوجُ مُطَهَّرَةٍ

وَنَدِّ خَلُوْهُمْ ظَلَّاً ظَلِيلًا

إِنَّ اللَّهَ يَأْمُرُكُمْ أَنْ تُؤْمِنُواْ أَلَّا مُنْتَهٰى إِنَّ أَهْلَهَا

وَإِذَا حَكَمْتُمْ بَيْنَ النَّاسِ

أَنْ تَحْكُمُواْ بِالْعَدْلِ

muru'utti isin ajaja,

\*Wanni Rabbiin isiniin gorsu takkaayuu itti  
isin gorsu waan gaari', sun amaanaa galch-  
u'uufii haqaan nama jiddu'utti dubbii mu-  
ru'uu,

إِنَّ اللَّهَ نِعْمَةٌ يَعْظُمُ بِهِ

**58}** \*Rabbiin kan waan je'an dhagayu kan  
waan dalagan hunda arguu akkaan soda-  
adhaa.

إِنَّ اللَّهَ كَانَ سَيِّئَابَصِيرًا ﴿٥٨﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane Rabbi dhagayaa  
, waan inni itti isin ajaje dalagu'uun ,

يَأَيُّهَا الَّذِينَ إِذَا مَنَّا أَطْبَعُوا اللَّهَ

\*Rasuula Rabbiitis dhagayaa waan inni itti  
isin qajeelche dalagu'uun,

وَأَطْبَعُوا الرَّسُولَ

\*Warra islaamaa kanneen dubbiin teessan  
harka isaanii jirtu dhagayaa yoo isaan karaa  
haqaatin isin deeman takkaayuu waan gaa-  
ri'itti isin ajajan,

وَأَفْلَى الْأَمْرِ مِنْكُمْ

\*Yoo wahirratti wal dhabdan, wanni kun ni  
gayamoo hin gayu'urratti yoo wal diddan

فَإِنْ تَنْزَعُمْ فِي شَيْءٍ

\*Gara Rabbii deebisaa, akkana jechuun he-  
era waan irratti wal moramtanii kitaaba  
Rabbii keessa laalaa,

فِرْدُوهُ إِلَى اللَّهِ

\*Ammallee waan irratti wal diddan gara ra-

وَأَرْسُولٌ

suula Rabbii deebisa'aa, isa gaafadhaa, isaatu heera waan sanii isinii himaa ,kun  
gaafa nabi muhammad jiru, ammoo eega isaan dabranii waan irratti wal dha-  
bdan gara hadiisa rasuula Rabbii deebisaa isa keessa seera isaa barbaadaa  
jechu',

إِنْ كُنْتُمْ تُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ

\*Yoo kan dhuga'aan Rabbitti amantan taa-  
tan ammallee yoo guyyaa boruu kan ama-  
ntan taatan,

ذَلِكَ

\*Waan irratti wal dhabdanii heera isaa wall-  
aaltan gara Rabbiifii rasuula isaa, gama qu-  
'aanatiiffi hadiisaa deebisu'uutu

خَيْرٌ

\*Wal diddanii mala keessaniin heera waan  
irratti wal dhabdanii baasu'ur raa isiniif  
caala

**59}** \*Ammallee santu boodaf isinii tola yo-  
okaa hegeree isiniif qaba, waan inni falmaa  
isin jiddu'uu deemsisee mala keessan tokko  
godhee jallinarraa isin deebisuuf jecha.

وَأَحْسَنْ تَأْوِيلًا ﴿٥٩﴾

\*Yaa eragamaa kiyya Muhammad warra waan sirratti buufnetti amanuu himatu,

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ يَرْعَمُونَ أَنَّهُمْ ءَامَنُوا بِمَا

أُنزِلَ إِلَيْكَ

وَمَا أُنزِلَ مِنْ قَبْلِكَ

\*Kan ammallee waan anbiyoota si durar-ratti buufnetti amanuu himatu,

يُرِيدُونَ أَنْ يَتَحَاكُمُوا إِلَى الظَّلْعُوتِ

\*Jara sanumaan wajji hoggaa wal diddaan

isaan jiddu`utti argamte si dheesee mataa munaafiqarra wal geessuu fedhu, aala jara kanaa laaltee agaratee ajaa'iba hin goonee {xaaghruut} jechuun; she-yxaana jechu', haa tayuu asitti wanni itti fedhame mataa munaafiqqaati, waan inni haala sheyxanaanaa qabuuf, □

وَقَدْ أَمْرُوا أَنْ يَكُفُرُوا بِهِ

\*Oodo sheyxanaafii dalagaa isaa dhiisu`utti ajajamanii jiranuu,karaa Rabbii qabatu'uun,

\*Sheyxanni wanni fedhu,

وَيَرِيدُ الشَّيْطَانُ

أَنْ يُضْلِلُهُمْ ضَلَالًا بَعِيدًا ٦٠

**60}** \*Jallina dheeraa hoonga gaye isaan jal-lisuu fedha, jallinni dheeran,kan oodo irraa hin deebine, irratti du'an.

وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ تَعَالَوْا إِلَى مَا أَنْزَلَ اللَّهُ

وَإِلَى الرَّسُولِ

\*Yoo orma munaafiqaa Saniin heerri Rabbiiin buuse haa nu jiddu`utti laaluu ,yookaa faraduu,gara isaa koottaa isaanin je'ame,  
\*Yoo ammallee rasuulli rabbii haa dubbii nu jiddu`utti muruu, gara isaa koottaa je'a-niin,

**61}** \*Orma munaafiqaa kan si dhiisee dubbii isaanii sirra fiduu didanii nama birarra wal geessan garta,wanni aayanni tun buutef na-

رَأَيْتَ الْمُنَفِّقِينَ يَصْدُونَ عَنْكَ

صُدُودًا ٦١

micha munaafiqaa tokkoofii, yahuudicha tokkootu wal dhabee, yahuudichi nabi muhammad dubbii nu jiddu`utti haa laaluu je'e, akka nabi muhammad gubboo fudhatee haqarraan meyn'e beekhaa, ammoo munaafiqtichi mataan keenya kakgbii nu jiddu`utti haa laaluu je'e, gubboo kennee akka isaaf muru godhu'uu jecha, haa tayuu yahuudichi nabi muhammad malee je'ee dide , akkasitti nabi muhammadirra wal geessaniiv ,duuba hoggaa nabi muhammad yahuudichaaf muru munaafiqtichi eehamu didee, ashaab umariin nabi muhammaditti dheyneeti nu jiddu`utti dubbii,laalee naaf murraan namichi kun jaalatuu didee si bira nu fidee je'een, hoggaa san ashaab umar munaafiqtichaan dubbiin akkuma yahuudichi je'uun je'een,ee akkasuma je'een, hoggaa san ashaab umar hayaas isin jiddu`uttin laalee muraa na eegaa je'ee, mana seenee habalee fudhatee bayee munaafiqtichaan murtiin nama waan nabi muhammad mure didee kana je'ee munaafiqticharraa mataa mure.

\*Mee ormi munaafiqaa sun yoo balaan sabaaa waan isaan dalaganiitif itti buute kan akka ajjeecha'aa ,

**62}** \*Kan eega sanii sitti dhufanii wanni nama biratti dheyneef murtii tee didda'aafii miti dubbii tolchu'uufi, ammallee warra wal dide wal taasisu'uufi malee je'anii Rabbiin siif khakhatan, mee akkamitti balleessaa san jalaa bayuu dandayan? hin dandayan jechu'.

\*Jarri sun jara Rabbiin kijiba garaa isaanii keessa jiru beekhu ,

\*Isaan qixaaxu'urraa dhaabbadhuu irra dabriifii,

\*Isaan gorsii sodaachisii,

**63}** \*Dubbii jabduu qalbii isaan seentee kufi'irraa isaan deebiftuun isaan dubbisi

\*Anbiyootuma ergine maraa, wanni ergineef, waan biraatifi mitii ,haa fedhii Rabbiitin dubbiin isaa dhagayamtuu'ufi, akka na-

muu waan inni irraa dhoowwufii, waan inni itti ajaju eehamuufi malee, akka waan inni je'u nam tokkolleen diduu'ufii miti, namni karaa ergamaan Rabbiitii yaamu didu, kan murtii isaa dhiisee murtii nama biraabarbaadu if miidhee jira, addunya'aa aakhira'atti,

\*Odoo jarri hukmii yookaa murtii rasuula Rabbii didee murtii sheyxaanaa jaalatu'uun dilaaye, yookaa lubbuu ifii miidhe sun,

\*Dili yookaa badii sanirraa deebi'anii sitti dhufanii,

\*Rabbirraa araarama barbaadanii,

\*Rasuullinis araarama Rabbirraa isaanif barbaadee,

**64}** \*Rabbitiin isaanii kan isaanii araaramamee, rahgmata isaanii godhu silaa argan, akka Rabbitiin je'etti namni dilaaye waa sadiyiin araara Rabbitiin argata:

**Tokkoffaan :** sheenayee hamtuu dalage dhiisu'u, nabi muhammadiin tawasula tayu'. yookaa itti dhufu,

**Lammaffaan:** araara Rabbirraa barbaaddatu'

فَكَيْفَ إِذَا أَصَبَّتْهُمْ مُّصِيبَةً بِمَا

قَدَّمْتَ أَيْدِيهِمْ

ثُمَّ جَاءُوكَ يَخْلُفُونَ بِاللَّهِ إِنْ أَرْدَنَا إِلَّا إِحْسَنَكَا

وَنَوْفِيقًا

أُولَئِكَ الَّذِينَ يَعْلَمُ اللَّهُ مَا فِي قُلُوبِهِمْ

فَأَعْرِضْ عَنْهُمْ

وَعِظَّهُمْ

وَقُلْ لَهُمْ فِي أَنفُسِهِمْ قَوْلًا بَلِيجًا

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ رَسُولٍ إِلَّا لِطَكَاعَ

بِإِذْنِ اللَّهِ

وَلَوْ أَنَّهُمْ إِذْ ظَلَمُوا أَنفُسَهُمْ

جَاءُوكَ

فَاسْتَغْفِرُوا اللَّهَ

وَاسْتَغْفِرْ لَهُمُ الرَّسُولُ

لَوْجَدُوا اللَّهَ تَوَبَّارَ حِيمًا

**Saddaffaan :** rasuulli Rabbii araara Rabbiraa isaanii barbaadu', akkanaan araara argatan.

\*Rabbii keetinan siif khakhadhaa ummanni kee Hanga wal diddaa isaan jiddu'utti argamte karaa keetin ati isaan jiddu'utti laaltee murtii baaftee, fixatanitti hin amanan

\*Kan eega isaan jiddu'utti dubbii murtee waan ati murte san jibuu qalbii isaanii keessatti if hin agarre yookaa hin shakkin,

**65} \*Kan waan ati murte jaalatanii dalaga -**

arraa oolchan,yookaa itti dalagan ,ormi munaafiqaa kun hanga karaa kee jaalatanii jala deemanitti hin amanan {shajara} jechuun; wal didda jechu', {hgarajan} jechuun; ittin ulfaatin jechu'.

\*Odoo orma munaafiqaa kanaan hoggaa dilooytan akka araara argattan lubbuu tees-san ajeesaa jennee irra keenyee ,takkaayuu itti ajajnee,akka banii israa'iilin jennetti

\*Takkaa jihaadaa jecha mana keessanii bayaaa jennee odoo irra keenyee,

\*Isaanirraa nama xiqqaa malee, waan itti isaan ajajne san hin dalagan, yookaa hin eehaman,

\*Odoo silaa isaan waan itti gorfaman san dalaganii,wanni itti ajajaman yookaa gorfaman sun Rabbiifii rasuula isaa dhagayu'u,

\*Addunya'aafii aakhira'atti irra isaanif caala,

**66} \*Ammallee santu iiamaana isaanii akkaan gad jabeessa.**

\*Duuba hoggaa iiamaani isaanii akkaan gad jabaate,

**67} \*Silaa ifuma biraa galata guddaa isaanif kennina sun jannataa.**

**68} \*Ammas silaa karaa qajeela`arratti isaan jabeessina {ladunnaa} jechuun:if biraa jechu' , {hadaynaahum} jechuun: jabeessina jechuu.**

\*Namni Rabbiifii rasuula isaa dhagayee

فَلَا وَرِبَّكَ لَا يُؤْمِنُونَ حَتَّىٰ يُحَكِّمُوكَ فِيمَا  
شَجَرَ بِنَهْمَةٍ

ثُمَّ لَا يَجِدُونَ فِي أَنفُسِهِمْ حَرَجًا مَّا فَضَيَّتْ

وَيُسَلِّمُوا سَلِيمًا

وَلَوْ أَنَا كَنَّبْنَا عَلَيْهِمْ أَنِ اقْتُلُوا أَنفُسَكُمْ

أَوْ أَخْرُجُوهُمْ مِّن دِيْرِكُمْ

مَا فَعَلُوهُ إِلَّا قَلِيلٌ مِّنْهُمْ

وَلَوْ أَنَّهُمْ فَعَلُوا مَا يُوْعَظُونَ بِهِ

لَكَانَ حَيَّرًا لَّهُمْ

وَأَشَدَّ تَنْذِيْتَهَا

وَإِذَا

لَا تَيْنَهُمْ مِّنْ لَدُنَّا أَجَرًا عَظِيمًا

وَلَهُدِّيَنَّهُمْ صِرَاطًا مُّسْتَقِيمًا

وَمَنْ يُطِعَ اللَّهَ وَالرَّسُولَ

,waan itti ajajame dalage,  
\*Isaan sun guyyaa boruu,

فَأُولَئِكَ

\*Warra Rabbiin qananiise wa jji jannata  
keessa jiraatan, walirraan fagaatanii,  
\*Warra Rabbiin qananiise anbiyoota amma-  
llee siddiqota {siddiqa} jechuun: nama kee-  
ssaa gubba'aan amane kan waan afaanin je'u  
dalaga'aan dhugo'oomsu,  
\*Warra jihaada keessatti du'e,

مَعَ الَّذِينَ أَنْعَمَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ

مِنَ النَّبِيِّنَ وَالصَّدِيقِينَ

وَأَشْهَدَهُمْ

وَالصَّالِحِينَ

وَحَسْنُ أُولَئِكَ رَفِيقًا

ذَلِكَ أَفْضَلُ مِنْ أَنْ

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ عَلِيهِمَا

يَتَأْتِيهَا أُلَّذِينَ إِمَانُهُمْ

خُذُوا حِذْرَكُمْ

فَأَنْقِرُوا

ثُبَاتٍ

أَوْ أَنْفِرُوا جَمِيعًا

وَإِنَّ مِنْكُمْ لَمَنْ يَطِئَنَّ

فَإِنَّ أَصْبَתْكُمْ مُّصِيبَةً

قَالَ قَدْ أَنْعَمَ اللَّهُ عَلَيْهِ إِذْ لَمْ أَكُنْ مَعَهُمْ شَهِيدًا

\*Warra dalagaan isaanii tolte waan Rabbi  
dalagaa je'e dalaganii waan inni dhiisaa je'e  
dhiisu'uun jara kanaan wajji jannata keessa  
jiraatan,

69} Jarrisun rafiqumma'aaf yookaa waahel-  
umma'aaf waa tolaniii, waahelli isaanirra ga-  
ari'i hin jiru.

\*Warri dhuga'aan amane warra dubbanneen  
wajji jannata keessa qubatun, qananii Rabbi-  
rraa taate,

70} \*Warra qananii tana haqa godhatu bee-  
kh'uuf rabbuma qofaatu gaya isaatu isaan  
uumee, isumaatu waan namuu haqa godhatu  
beekha.

\*Yaa warra Rabbitti amane ,

\*Xilaata keessan dammaqa'aa ifirraa eegaa ,

\*Lola isatti ka'aa,

\*Tuuta tuutan,

71} \*Takkaa bakka takkaa lolatti ka'aa.

\*Isinirraa nama harkifatee lolarraa booda  
aanutu jira,

\*Duuba yoo balaan akka cuphu'uu aijeef-  
amu'uus isin tuyxe,

72} \*Rabbiin anuma badhaase, kanan isaanin  
wajji lola hin dhaqin, Rabbiin balaa isaan  
tuyxe jalaa na baase je'eeti gammada.

وَلِئِنْ أَصْبَكُمْ فَضْلًا مِّنْ أَنَّهُ

لِيَقُولُنَّ

كَانَ لَمْ تَكُنْ يَنْكُمْ وَبِنَهُ مُودَةٌ

يَا يَسِّنِي كُنْتُ مَعَهُمْ

فَأُفْرَزَ فَوْزًا عَظِيمًا

\* فَلَيُقْتَلُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

الَّذِينَ يَشْرُونَ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا بِالآخرةِ

وَمَنْ يُقْتَلُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

فِيُقْتَلُ

أَوْ يُغَلَّبُ

فَسَوْفَ تُؤْتَى هُجُّ أَجْرًا عَظِيمًا

وَمَا لَكُمْ لَا نُقْتَلُونَ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

وَالْمُسْتَضْعَفِينَ مِنَ الرِّجَالِ وَالنِّسَاءِ وَالْوَلَدَنَ

الَّذِينَ يَقُولُونَ

رَبَّنَا أَخْرِجْنَا مِنْ هَذِهِ الْقَرِيرَةِ أَظَالَمُ أَهْلُهَا

وَاجْعَلْ لَنَا مِنْ لَذَنَكَ وَلَيَا

\*Yoommoo wanni gaarin lola keessatti isin  
nii argamte, xilaata caphsitani, boojtanii  
\*Wanni inni je'u sheenayee,

\*hoggaa balaan isin tuyxe akka waan wal  
hin beynee ,akka waan jaalalti isin jidduu  
hin jirretti gammadu

\*Hoggaa isin waan gaarii argattan oduman  
isaanin wajji lola keessa jiraadhee,

73} \*Waan isaan boojiyanirraa qooda gud-

daa arga dhee je'ee quba if ciniina , wanni inni lola dhaquudhaa hawweef  
islaama jabeessu'uufii mitii, horii argatu'uufi.

\*Diinaa Rabbii jabeessu'uu je'ee haa loluu,

\*Warri addunyaaa aakhira'atti gurguratu, kan  
addunyaaa kennee aakhira fudhatu,

\*Namni haqa Rabbiitii je'ee lole, diinaa isaa-

atii je'ee lole,

\*Duuba lola san keessatti ajjeefame,

\*Takkaa xilaata injifate,

74} \*Sawaaba guddaa isaa kenuu'uu teenya,  
du'uu, jiraatuu.

\*Wanni Rabbii jettanii lolu'urraa isin dhoo-  
wwu hin jiru,maali wanni isin argattan kan  
loluu isin dhoowwu,

\*Ammallee wanni dhiiraa dhalaa joollee  
cunqurfamte cinqii jalaa baasu'uu jecha lol-  
u'urraa wanni isin dhoowwu hin jiru,maaltu  
sanirraa isin dhoowwa,

\*Warri cunqurfame kan Rabbi khadhatee  
je'u,

\*Yaa Rabbi biyya namni isiidhaa nama cu-  
nqursu kan roorroo heddommeysu tana  
keessaa nu baasi,

\*Yaa Rabbi nama wakiila nuu tayee dubbii  
teenya nuu laalu nuu godhi,

75} \*Yaa Rabbi nama warra nu miidhu

وَأَجْعَلْ لَنَا مِنْ لَدُنْكَ نَصِيرًا

nurraa dhoowwu nuu godhii je'an, duuba Rabbiin du'aa'ii isaanii isaanii qeblee jira, namni biyya roorron itti heddommaatu keessa jiru yoo aayata kanaan du'aa'ii godhatee Rabbi khadhate Rabbiin isaaf qeebaleeti roorroo san jalaa isabaasa.

\*Warri Rabbitti amane, karaa Rabbiitii je'anii, haqaa je'anii qabsoo godhan,

الَّذِينَ أَمْنَوْا يُقْتَلُونَ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*Warri Rabbitti kafare kan haqa didu sheyxaana gargaaru'uu jecha, karaa badi'ii jabee-ssu'uu jecha qabsoo godha,

وَالَّذِينَ كَفَرُوا يُقْتَلُونَ فِي سَبِيلِ الظَّغْرُوتِ

\*Warra sheyxaanaa tumsu kan haqa balleys'u'uu qabsoo godhuun lolaa odoo hangamuu humna qabaatanille'ee hin sodaatinaa, Rabbiin isiniin wajji jiraa isintu isaan injifataa,

فَقَتَلُوا أَوْلِيَاءَ الشَّيْطَانِ

76}\*Malli sheyxaanaa hu mniti isaa laaftu-

إِنْ كَيْدَ الشَّيْطَانِ كَانَ ضَعِيفًا

'uu, humna haqaa dura dhaabbatuu hin dandeessuu, hamtuun warri badaan, warra haqatti yaadu balaa Rabbiin isaanitti buusu dura dhaabbatuu hin dandeessu.

\*Jara lolarraa dhaabbadhaa isaanin je'ame

أَمْ تَرَى إِلَى الَّذِينَ قَاتَلُوكُمْ هُوَ أَيْدِيهِمْ

laaltee ajaa'iba hin goonee? kan warri makkaa Isaan miidhuu itti jebeessinaan yaa Rabbi lolaan kuffaara ifirraa dhoowwinaa iznii nuu godhi jennaan lack-isaa, kuffaaran loluun hin geenyee, humniti teessan hin jabaannee obsa'aa

وَأَقِيمُوا الصَّلَاةَ وَاعْلُوا الْزَّكَوَةَ

\*salaata salaataa, zakaa baafa dhaa jenneenii lolarraa ittifhe laaltee, haala isaanii ajaa'iban goonee,

فَمَا كَيْبَ عَلَيْهِمُ الْفَنَالُ

\*duuba hoggaa jara san jihaaddatti isaan kaafnu, hoggaa lolatti dirqaman,

إِذَا فَرَقْنَا مِنْهُمْ يَخْشَوْنَ النَّاسَ

\*gariin warra duraan yaa Rabbi jihaadatti nu kaasi je'uu kuffaara sodaate,

كَخْشَيَةَ اللَّهِ

\*Akkuma qixaaxa Rabbii sodaatanitti,

أَوْسَدَ خَشْيَةً

\*Takkaa inumaa Rabbirra kuffaara sodaatan

haala isaanii ajaa'iban goonee, makgnaa kanaa ormi duraan jihaadaf hawwu kan Rabbiin jihaanni hin geenyee afaa, je'uun, hoggaa jihaadatti kaafaman, loynoomaniiti Rabbi daran kuffaara sodaatan, lola keessatti nu ajjeesani'iif, haalli isaanii waan nama dinqu takkaa nama aijabu,

وَقَالُوا رَبَّنَا لَرَ كَيْبَتَ عَلَيْنَا الْفَنَالَ

لَوْلَا أَخْرَنَنَا إِلَيْهِ أَجَلٌ قَرِيبٌ

قُلْ مَنْعِ الدُّنْيَا قَلِيلٌ

وَالآخِرَةُ خَيْرٌ لِمَنِ اتَّقَى

وَلَا نَظَمُونَ فَنِيلًا

أَيْمَانَكُو نُو يَدِ رِكْنُ الْمَوْتِ

وَلَوْكُنْمُ فِي بُرُوجٍ مُسَيَّدَةٍ

وَإِنْ تُصِبُّهُمْ حَسَنَةٌ

يَقُولُوا هَذِهِ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

وَإِنْ تُصِبُّهُمْ سَيِّئَةٌ

يَقُولُوا هَذِهِ مِنْ عِنْدِكَ

قُلْ كُلُّ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

فَإِنَّ هَؤُلَاءِ الْقَوْمُ لَا يَكَادُونَ يَفْقَهُونَ حَدِيثًا

\*Jarri sun wanni je'u,yaa Rabbii keenya malif jihaadatti nu dirqite je'an,du'a soda'aaf ,akka waan jihaanni umrii isaan gabaabsuu itti fakkaatee,nuur

\*Tanaaf jecha akki je'an Yaa Rabbi maalif jihaada nurraa waa xiっこ boodan aansin , akka qananii addunya'aatin qananiinu je'an

\*Jara kanaan akki jettu; qananiin adduny-a'aa tan isin hawwitaniif tun, waan xiqqoo hin jirre, tan daftee dhumtu,

\*Qananii aakhira'aatitu qananii addunya'a-rraa caala ,warra Rabbi sodaatuf,

77} \*Waa takka hanga quncee takkaa haa-

rrii khillee timiraa takkallee hin miidhamtanii,namuu waan dalage ni argataa ,waa xiqqolleen duraan badduu, du'a hin sodaatina'aa jihaada godhaa waa takka beekkaa.

\*Bakkuma jirtan hundatti duuti isin dha-qqabdi,

\*Odoo dallaya yookaa gibbi yookaa jaarm-

aya dheeraa jabaa keessa jiraattanille'ee, lolli du'a namatti hin dhiyeessu , lolarraa dheeysulleen du'a namarraan fageessu,namni ta isaa geessee bakkuma fedhee, odoo jiraatee du'a hin oolu, tanaaf jecha du'a soda'aaf qabso'oraa gad hin taa'inaa,

\*Ormi yahuuda'aa yoo wanni gaarin, akka quufaa isaan tuyxe, yookaa isaanii argamte,

\*Tun Rabbi biraa nuu dhuftee je'an,

\*Yoommoo wanni hamtuun itti argamte kan akka abaar,

\*Nabi muhammadin, balaan tun sababaa keetin nutti dhufte je'an,

\*wanni jara saniin jettu;wanni isin jaalatta-

niifi tan isin jibbitanilleen Rabbumarraayi,waa takkalleen fedhii Rabbiit malee hin taatu, wannumti argamu hundi waan Rabbiin tokkichi uume, wanni waa takka uumuu dandayu hin jiru isa malee,

78} \*Maali ormi akkanaa kan waan isaanin je'amu beekhu' utti hin dhiyaanne maaltu itti argame? maal argatan?

\*Waan gaari'irraa waan sitti argame ,Rabbiitu siin qananiise,  
 \*Wanni hamtuun yoo sitti argamte,kan akka qixaaxaa ,sababaa ati cubbuu dalagu'uutifi,  
 \*Yaa ergamaa kiyya muhammad ilmaan namaa qajeelchi'iifi si ergine,  
 79} \*Akka ati ergamaa taate waaqni ragaa bayuun qofti ni gayaa,ragaan biraan hin barbaadamu.

مَا أَصَابَكُمْ مِنْ حَسَنَةٍ فِي نَفْسِكُمْ

وَمَا أَصَابَكُمْ مِنْ سَيِّئَةٍ فِي نَفْسِكُمْ

وَأَرْسَلْنَاكَ لِلنَّاسِ رَسُولًا

وَكُفَّرَ بِاللَّهِ شَهِيدًا

٧٩

\*Namni rasuula Rabbii dhagayu,kan waan

مَنْ يُطِعِ الرَّسُولَ فَقَدْ أَطَاعَ اللَّهَ

inni je'utti dalagu dhugumaan waan Rabbi je'u dhagayee rabbiiif gad je'e , malalif wanni ergamaan Rabbii itti ajaju wanni inni irraa dhoowwu, waan Rabbiin gabroottan isarraa barbaade, tanaaf ergaa Rabbii dhagayuun Rabbi dhagayu taate,

وَمَنْ تَوَلَّ

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad namni dubbiitee dhagayuu dide,waa takka sin yaachisinii ifirraa itti dhiisi,

80}\*Isaan eeydee waan isaan dalagan laaltee

فَمَا أَرْسَلْنَاكَ عَلَيْهِمْ حَفِظًا

٨٠

akka hamtuu isaan dalaga nirratti isaan qixaaxu'uuf sin ergine, sun dalagaa teenyaa, wanni si ergineef akka nama qajeele jannataan gammachiiftee,nama jallate qixaaxan sodaachiftuufi si ergine,kuni odoo lolatti isaan hin kaasini.

وَيَقُولُونَ

\*Ormi munaafiqaa hoggaa si bira dhufe akki je'u;

طَاغَةٌ

\*Haalli keenya si dhagayu', waan ati nuun jettutti dalagu',

فَإِذَا بَرَزُوا مِنْ عِنْدِكَ

\*Ammoo hoggaa si bira bayan,

بَيْتَ طَاغِيَةٍ مِنْهُمْ

\*Jara munaafiqarrraa tuutti gariin wanni gara'atti qabattu,

غَيْرَ الَّذِي تَقُولُ

\*Waan,waan siin jettu hin tayin gara'atti

qabatti,wanni hoggaa si bira dhufan siin je'an si dhageenya,waan ati jettu itti dalayna jechu', ammoo hoggaa si bira bayan wanni isaan gara'atti qabatani si bira bayaniin dubbiif tee hin dhageenyu, waan ati jettu ittin dalaynu jechu', didda waan ati jettuti gara'atti qabatani si bira bayan,

وَاللَّهُ يَعْلَمُ مَا يَبْشِّرُونَ

\*Rabbiin waan isaan dhoyfatan san malaa-ykaa katabsiisaa isaan qixaaxu'uuf jiraataa,

فَأَعْرِضْ عَنْهُمْ

\*Ati isaanirraa gara gali, isaan qixaaxu'uuf hin hawwin, irra dabriif,

\*Rabbitti irkadhu ,balaa isaanii Rabbumaatu sirraa deebisaa, isuma abdadhu,

وَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ

81} \*Itti irkatu'uuf Rabbumaatu namaaf gaya , namni isatti irkate,irkoo biraan barba-aduu inni balaa hunda jalaa bayeeti waan fedhu hunda argata.

وَكَفَى بِاللَّهِ وَكِيلًا

\*Si ormi dubbii tee didu sun qur'aana

أَفَلَا يَتَدَبَّرُونَ الْقُرْءَانَ

akkaan keessan laalanii? makgnaan isaa , heerri isaa, walitti qajeeluu laalanii akka inni waan dabreefii waan dhufaa jiru kan gariin waan sanii argamee, gariin dhufaa taa'u dubbate arganii akka qur'aanni kun, waan Rabbiin buuse, kan waan inni je'utti dalaguun dirqi'ii taye, hin beekhanii?

\*odoo silaa qur'aanni waan nama Rabbin tayin biraan kan dhufe taye ,

وَلَوْ كَانَ مِنْ عِنْدِ غَيْرِ اللَّهِ

82} \*Silaa wal dhaba hedduu keessatti

لَوْ جَدُوا فِيهِ أَخْلَافًا كَثِيرًا

argan,wanni inni Odeessu wal dhabuu hedduu keessatti argan ,makgnaan isaa wal dhabuu wanni inni odeesse dhugaa tayuu dhabuu,wanni inni bakka takk-atti odeesse waan bakka taanitti odeessin wal diiguu yookaa wal dhabuu silaa qur'aana keessatti argan, ammoo qur'aanni kun odoo gad qabanii laalanii waan kana hundarraa qullaa inni waan Rabbiin waa hunda uume, kan waa hunda beku, nabi muhammadirratti buuse, tanaaf jecha dubbiin inni dura dubbateefii tan booda dubbate walin dhabdu, wanni dabre tan inni dubbate waan dhuga'aa malee hin taatu, wanni ganaa dhufu'uu taa'u tan qur'aanni ni dhufti je'ee hime, akkuma inni je'etti argamuun ooltu, kan akkaatan dubbii isaa qajeeltee, makg-naan isaa mi'ooytu, duuba odoo qur'aana akkaan keessa laalanii akka inni wa-an Rabbi buuse taye arganiiti itti amanan, haa tayuu ormi munaafiqaa kana hunda hin argu, waan dhukkubni haqa didiinsaa itti jiruuf.

\*Ormi munaafiqaa yookaa warri iimaa

وَإِذَا جَاءَهُمْ أَمْرٌ مِّنْ أَلَّا مُنْ أَوْ أَلْحَوْفِ

nni isaanii laafa'aa,hoggaa dubbii nagayatti rarraatu dhagayan, yoo waan tolaa kan nabi muhammad dalagu'uu deemu arganii dhagayan, takkaayuu hoggaa oduun waan soda'atti rarraatu isaan geesse, takkaayuu dubbiin lolaa kan akka-ataa lolatti rarraatu, tan nabi muhammad yookaa abbootin duulaa lafa kaaya-ttee dalagarra oolchu'uu ka'an dhagayan, akkasuma dubbiin injifatu'uutifi yookaa injifatamu'uu isaan geesse,

\*Waan dhagayan san ni labsan , kan waan

أَذَأْعُونَ بِهِ

dhoysuun barbaadamuufii,waan himuun gayu addaan hin hubanne ,kan waan himuun qalbii mu'minaa jabeessuufii, waan kaan, addaan hin baafanne,sun waan nabi muhammadiifii warri taligaan harka jirtu irraa hammaatu

\*Silaa odoo waan dhagayan san gara ras-  
uulaa deebisanii, waan labsuun gayuufii wa-  
an hin geeny irraa baranii,

وَلَوْرَدُوهُ إِلَى الرَّسُولِ

\*Silaa odoo cal'isanii waan dhagayan gama  
warra taligaan harka jirtuu deebisanii, waan  
isaan je'an caqasanii,

وَإِنَّكَ أُولَئِكَ الْأَمْرِ مِنْهُمْ

\*Silaa warri faala dubbi'i beekhu kan bakka

لَعْلَمُهُ الَّذِينَ يَسْتَنْطِعُونَهُ مِنْهُمْ

dubbiin irraa kaatefii bakka dubbiin deemtuf beekhu, waan labsuun gayuufii,  
waan labsuun hin geeny beekaniiti, waan labsaniiifii kaan addaan isaanii baa-  
san, makgnaan kanaa ummanni mootummaa qabu waan lolaafii tolatti rarra'u  
hoggaa dhagaye, waan mangistiin isaanii jettu, caqasee, waan isiin labsitu la-  
bsee, waan isiin dhoysitu dhoysu', akkasuma namni tuuta yookaa mataa wajji  
dalagu qabu, waan himuufii waan dhoysu keessatti, tuuta isaa yookaa mataa  
isaa dhagayee caqasu', {yastanbixuun} jechuun; warra dubbii dubbi'irraa fu-  
dhatu ,kan mala baasu jechu',

\*Odoo Rabbiin islaaman isin qajeelchuu  
baatee,

وَلَوْلَا فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ

\*Odoo rahgmata isinii godhee qur'aanan  
waa isin barsiisuu baatee,

وَرَحْمَةٌ.

\*Silaa sheyxanaa jala deemtan jallina inni  
itti isin yaamu qabattanii baddan,

لَا تَبْغُوا مِنَ الشَّيْطَانِ

83} \*Nama xiqqaa malee.

إِلَّا قَيْلَأً

\*Karaa Rabbii keessatti haqaa je'ii jihaada  
yookaa qabsuu godhi,

فَقَاتِلُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*Nabsee yookaa lubbuu tee malee nama  
birarraa hin gaafatamtuu odoo namni hundi  
si jalaa hafelle'ee kophaa tee qabsuu godhi  
Rabbiitu si gargaaraa,

لَا تَكُفُّ إِلَّا نَفْسَكَ

\*Orma Rabbi dhugo'oomse lolatti kaasi , ji-  
haadaf, yookaa qabsuu'uf hawwisiisi, gal-  
ata warri qabsuu haqaa keessatti du'e yookaa  
ajjeeffame Rabbi biraa qabu,isaanii himii  
yookaa yaadachiisii,

وَحَرَضَ الْمُؤْمِنِينَ

\*Rabbiin lola kuffaaraa isinirraa qabuun  
ooluu hamtuu isaan isinitti yaadan isinirraa  
deebisuun oolu,

عَسَى اللَّهُ أَنْ يَكْفَ بِأَسَاسِ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*lola, rabbiin ,kaafiraan ,loluutu lola kaafirri  
isiniin lolurra jaba'a yookaa hama'

وَأَنَّ اللَّهَ أَشَدُ بِأَسَاسٍ

وَأَنْشَدْتَنِكِيلَا ٨٤

84} \*Azaaba yookaa qixaaxa Rabbiin kuff-

aara yookaa warra haqa didu qixaaxutu qixaaxa isaan nama qixaaxanirra jaba', yookaa hama'. wanni aayata tanarraa fudhannu namni qabsoo haqaatii ka'e odoo namnilleen jalaa hafee irraa deebi'uu dhabu', nama qabsoo haqaan beyne barsiisanii itti kaasu',

\*Namni waan gaarii dalagu'utti nama kaa-  
see , qabsoo godhu'utti, wal jaalatu'utti , wal  
tayu'utti nama gorsee mirqaanse,

مَنْ يَشْفَعْ شَفْعَةً حَسَنَةً

\*Galata waan gaarii itti nama kaasee saner-

يُكْنَى لَهُ بِصَبَبٍ مِّنْهَا

raa qooda qaba, {nasgiibun} jechuun ;qooda jechu,namni ati waan gaarii kana dalagi jetteenii dalage, galata waan gaarii san dalagu'urratti argata,atis waan gaari'itti isa kaasuu kanarratti galata akka namichi waan san dalage argateeti argatta,kan galata isarraa waa takkan ir'anne,

\*Namni waan hamtu'utti nama gorsu kan  
wal didda'atti nama mirqaansu,

وَمَنْ يَشْفَعْ شَفْعَةً سَيِّئَةً

\*Qixaaxa balaa nama itti kaaserraa qooda

يُكْنَى لَهُ كَفْلٌ مِّنْهَا

qaba, namni wal didda'atti nama kaase ,dilii nama wal diduu hundarraa qooda qaba hanga guyyaa qiyama'atti akkuma namni wal diddaa san dalagee qab-  
utti, inumaa ta isaatu irra gudda',waan hanga guyyaa borutti deemtuf,

85}\*Rabbiin waa hundarratti dandaya.

وَكَانَ اللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ مُّقِينًا ٨٥

□  
\*Yoo namni isin jiraachiise yookaa isin ulf-  
eessee,isin kabaje,{assalaamu kgalaykum}  
isiniin je'ee,yookaa {ooltee} je'ee, takkaa  
{bultee} je'ee nagaya isin gaafate

وَإِذَا حَيَّتُمْ شَحَّةً

\*Waan inni isiniin jiraachse sanirra ida`aa-

فَحَيُوا بِأَحْسَنَ مِنْهَا وَرُدُودُهَا

dhatii,isa jiraachisaa yoo {assalaamu kgalaykum} isiniin je'e,{wa kgalaykumu-  
ssalaam wa rahgmatullaahi} je'aa ,yoo {assalaamu kgalaykum wa rahgmat-  
ullaahi} isiniin je'e {wa kgalaykumussalaam wa rahgmatullaahi wa baraka-  
atuhuu} je'aa ,Makgnaan kana yoo namni nagaya waa xiqqo isin gaafate isinis  
bal'isaa gaafadhaa jechu', isinis isa jiraachisaa, akka yoo inni assalaamu kgl-  
aykum je'e wa kgalaykumussalaam je'uutti kan hanga inni je'erraa hin idaane,  
haa tayuu kun waan caaluu miti, wanni irra caalu ida'anii nagaya gaafatu', na-  
ma namarratti salaammate salaamtaa isaa deebisuun giddi, takkaayuu dirqi'  
,inni waan galata guddaa Rabbiraa namaa fidu, kan jaalalaafii tokkummaa  
nama jiddu'utti jabeessu, nabi muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu akki  
je'an; yoo amantan malee jannata hin seentan, yoo wal jaalattan malee hin

amantan ,waan wal isin jaalachiisu isinii himuu? Bakkayyuttuu walirratti salammadhaa nagaya wal gaafadhaa je'an ,harka wal fuudhun waan barbaadamu ammoo dhugatuun yoo abbaa takcaa aalima taate malee gaari'ii miti , ammoo morma walitti maratuun yoo nama diida gale faa taate malee gaari'ii miti .

**86}\***Rabbiin kan nama hunda waan inni dalagerraal gaafatu, kan nama gaarii dalagee galata galchee nama kaan qixaaxuu

إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ حَسِيبًا ﴿٨٦﴾

\*Waaqni keenya tokkicha ,kan isa malee waaqni biraal hin jirre,

اللَّهُ أَكَلَ إِلَّا إِلَهٌ مُّوْتَدٌ

\*Isiniifan khakhadhaa Rabbiin qabriidhaa isin kaaseti guyyaa boruu bakka takkatti walitti isin qabuu'uu jiraata, waan dalaydanirraa isin gaafatu'uu jechaa,

لِيَجْمَعَنَاكُمْ إِلَيْ يَوْمِ الْقِيَمَةِ

\*Guyyaan qiyaama'aa kan isa keessatti rab-

لَرَبِّ فِيهِ

biin walitti nama fidu,dhufu'uuf taa'aa, dhufuun isaa waan shakkiin qabne yokaa maman qabne,sun waan waaqni nuu himee, wanni waaqni hime akkuma inni himetti argamti,

**87}\***Eenu namni waaqarrraa dhugaa dubatu? hin jiru jechu.

وَمَنْ أَصْدَقُ مِنَ اللَّهِ حِدِيثًا ﴿٨٧﴾

\*Maalif orma munaafiqaa warra gara'aan

فَمَا أَكُونُ فِي الْمُنَفِّقِينَ وَلَكُمْ

kaafiraa kan afaanin islaamaa keessatti wal diddan yookaa dubbii isaanii keessatti wal dhabdanii bakka lamatti baatan, gariin keessan isaan islaama je'ee, gariin keessan isaan kaafira je'ee ,maalif wal moromtan? Akka isaan kaafira tayan hin murtanii? waliin galtanii?

\*Rabbiin sababaa hamtuu isaan dalaganiif kufri'itti isaan deebisee{arkasahum} jech-uun ; deebise jechu',

وَاللَّهُ أَرْكَسَهُمْ بِمَا كَسَبُوا

\*Si isin warra Rabbiin jallina itti mure qaj-eelchuu feetanii? hin dandeessan jechu

أَتَرِيدُونَ أَنْ تَهْدُوا مِنْ أَضَلَّ اللَّهَ

**88} \***Nama rabbiin jallise, karaa ajeello'oo ,isaa ,hin Agartu , nama waaqni jallina isaa fedhe namni karaa qajeello'oo isaaf argu hin jiru jechu'u.

وَمَنْ يُضْلِلِ اللَّهَ فَلَنْ يَهْدِي إِلَّا

\*Ormi munaafiqaa sun,ifii qa jeeluu dhiisii, isin akka isaanitti kafartanii,

وَدَوْلَةُ الْكُفَّارُ كَمَا كَفَرُوا

\*isiniifii ,isaan ,wal ,qixxaatu'uuf hawwan ,duuba namni akkanaa ni qajeelaa, akkamiin yaaddan?

فَتَكُونُونَ سَوَاءً

\*Jara akkasii sanirraa tumsa hin godhatinaa,  
odoo islaamummallee mul'isani,

فَلَا نَتَخَذُ وَالْمِنْهُمْ أَوْلَائِهَا

\*Hanga isaan amananii Rabbii je'anii biyya  
kuffaratii ka'anii biyya islaamaa galanitti,  
hangaa akka isin jihaada gootanitti jihaada  
godhanitti isaan hin amaninaa,

حَتَّىٰ يُهَاجِرُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*yoo jarri sun gara'aan ama nuu nuu didanii  
munaafiqummaa isaanirratti hafan,

فَإِنْ تُولُواْ

\*Isan boojiya'aa ajjeesaa,

فَخُذُوهُمْ وَاقْتُلُوهُمْ

\*Bakkuma isaan gartan hundatti,

حَيْثُ وَجَدُوكُمْ

\*Jara munaafiqaa sanirraa jaala yookaa  
aanaa godhattanii ifirratti isaan hin moo-  
sisinaa,

وَلَا نَتَخَذُ وَالْمِنْهُمْ وَلِيًّا

89} \*Ammallee isaan tumsa hin godhatinaa  
amantiin qabanii,yookaa hin amananii, isaan  
bakka gartanitti ajjeesaa.

وَلَا نَصِيرًا ﴿٨٩﴾

\*yoo jara munaafiqaa kanneen warra jaala

إِلَّا الَّذِينَ يَصِلُونَ إِلَى قَوْمٍ يَئِنُّكُمْ وَيَئِنُّهُمْ مِّنْشُقُّ

keessanitti dheyse taye malee,orma munaafiqaa,kan orma isiniifii isaan walin  
tuynu'u ,walin lollu jettanii baallamni isin jidduu jirutti dheyse ,yookaa jala se-  
ene hin ajjeesinaa {yasgiluun} jechuun;itti irkatan jechu, {miithaaqa} jechuun;  
baallamni jechu,

أَوْ جَاءَكُمْ حَسَرَتْ صُدُورُهُمْ

\*Akkasuma warra isinitti dhufellee orma  
munaafiqarraa hin ajjeesinaa, jara qalbiin  
isaanii rakkatte,

أَنْ يُقْتَلُوكُمْ

\*Gosa isaanii tan kuffaratiiin wajji isiniin  
lolu'urraa kan qalbiin isaanii rakkatte,

أَوْ يُغَتَّلُوكُمْ قَوْمُهُمْ

\*Akkasuma kan isiniin wajji gosa isaanii tan  
kaafiraatin loluun isaanitti ulfaattu,

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ لَسَلطَهُمْ عَلَيْكُمْ

\*Rabbiin odoo fedhee silaa jara san isinitti  
kaasee qalbiin isaanii jabeesee,

فَلَقْتُلُوكُمْ

\*duuba gosa isaanii tan kuffaratiiin wajji  
isinitti duulan, haa tayuu waaqni san hin fe-  
enee ,tanaaf qalbiin isaanii, loynoomsee isini-  
rraa dhaabe takkaayuu qabe,

فَإِنْ أَعْزَلُوكُمْ

\*Duuba jarri munaafiqaa sun, yoo isinirraa  
fagaatan, yoo isinitti gamuu baatan

فَلَمْ يُغَتَّلُوكُمْ

\*Duuba yoo isinittin duulin,isin hin ajjeesin

*Yoo isinii gad je'anii, tola barbaadan,	وَأَلْفَوْا إِلَيْكُمُ الْأَسْلَمْ
90} *rabiin jara san boojiyu'uufii ajjeesu-llee karaa isiniin goon	فَاجْعَلْ لَهُمْ سَبِيلًا ﴿٦٠﴾
*Ammas munaafiqoota biraati argu'uu jiraattan,	سَتَجِدُونَ إِخْرِيْنَ
*Wanni isaan fedhan islaamummaa isin biratti mul'isanii nagaya isinirraa argatu', akka kuffaara jettanii isaan hin ajjeefne'eef	يُرِيدُونَ أَنْ يَأْمُرُوكُمْ
*Akkasuma gosa isinirraa nagaya argatuu fedhan, hoggaa isaanitti achi deebi'an ,islaamayuu dhabuu mul'isuudhan amantan je'a-niiti nu ajeesanii sodaadhaf,	وَيَأْمُنُوا فَوْهُمْ
*hoguma,kafaru'itti,yaamaman hunda,	كُلُّ مَا رُدُّوا إِلَى الْفُنْتَةِ
*Seeninsa jabaa kufrii keessa seenan , yookaa , kufrummaa akkaan mul'isan,	أَرْكَسُوا فِيهَا
*Jarri kun yoo isinirraa hin fagaatin isiiin loluu dhiisuudhan,	فَإِنْ لَمْ يَعْتَرِلُو كُمْ
*Yoo gad je'anii nagaya isinirran baraadin,	وَيَنْفُو إِلَيْكُمُ الْأَسْلَمْ
*Yoo harka isinitti laatuu hin dhiisin,	وَيَكْفُوا أَيْدِيهِمْ
*Qaqqabaadhaa boojiyaadhaa ajjeessaa,	فَخُذُوهُمْ وَاقْنُوْهُمْ
*Bakkuma isaan agartan maratti,	حَيْثُ شَفِقْتُمُوهُمْ وَأُولَئِكُمْ جَعَلْنَا
91} *Jara san boojiyu'urratti irree jabduu mul'attuu isiniif goone waan isaan isiiffi Rabbillee gananiif.	لَكُمْ عَلَيْهِمْ سُلْطَانًا مُّبِينًا ﴿٦١﴾
*Mu'minni mu'mina ajjee sun hin gayu, inni dilii akkaan guddo'oti,yoo wallaalan taate malee, sun akka bineensatti waa darbatee mu'minarra bu'ee ajjeesu'uutii, takkaa kaafira darbatee mu'minarra bu'uutii,yookaa waan naman ajjeefnen mu'mina dhawee du'uutii, kan ajjeechaa isaa hin yaane,	وَمَا كَانَ لِمُؤْمِنٍ أَنْ يَقْتَلَ مُؤْمِنًا إِلَّا خَطَأً
*Namni mu'mina odoo ajjeechaa isaa hin Yaadin ,yookaa hin fedhin ajjeese,akka bineensatti qawwee dhayee, namarra buutee ajjeesu'uutii yoo danu'utti ajjeese jechu'uu,	وَمَنْ قَتَلَ مُؤْمِنًا حَاطَأَ
*qixaan'i isaa gabra islaamummaa qabu bilisoomsu',	فَتَحْرِيرُ رَبَّةٍ مُّؤْمِنَةٍ

\*ammasgumaa warra isa dhaaluu kenu',  
gaala dhibba tokko,  
\*yoo,warri isa dhaalu gumaa isaaf dhiise

وَدِيَةٌ مُسْلَمَةٌ إِلَى أَهْلِهِ

إِلَّا أَن يَصْكِدَ قُوَّا

malee, gumaa namni kenu gosa namicha wallaalan nama ajjeeseti ,abba'aaffi ilmaan isaa malee, amata sadii keessatti baasan, heerrii gabra bilisoomsanii gumaa kenu'uun kun,yoo mu'minni gufatu'uun yookaa wallaalan ajjeefame kun biyya islaamaa keessa jiraate,

فَإِنْ كَانَ مِنْ قَوْمٍ عَدُوٌّ لَكُمْ وَهُوَ مُؤْمِنٌ

فَتَحْرِيرُ رَقْبَةٍ مُؤْمِنَةٍ

وَإِنْ كَانَ مِنْ قَوْمٍ بَيْنَ كُمْ وَبَيْنَهُمْ  
مِيقَاتٌ

فَدِيَةٌ مُسْلَمَةٌ إِلَى أَهْلِهِ

\*Ammoo yoonif namni ajjeefame sun warra kaafiraa kan isiniiffi isaan jidduu jaalumm-aan jiraaturraa taye,jara wal loliinsi isin jidduun jirrerraatay,

\*gumaan ,isaa, warra ,isa, dhaalufi kennama

gumaan isaa yoo inni kaafira kiristaanaa yookaa yahuudi'i taye gaala sodomii sadiyiifi gaala tokko bakka sadiyirraa harka tokko, yoo kaafira warra ibidda gabbarurraa taye, gumaan isaa gaala jahaafii gaala tokkorraa harka lama,

وَتَحْرِيرُ رَقْبَةٍ مُؤْمِنَةٍ

فَمَنْ لَمْ يَجِدْ

فَصِيَامُ شَهْرَيْنِ مُكَتَابَعَيْنِ

تَوْبَةً مِنَ اللَّهِ

وَكَانَ اللَّهُ عَلَيْمًا حَكِيمًا

وَمَنْ يَقْتُلُ مُؤْمِنًا مُتَعَمِّدًا

فَاجْزَأُوهُ جَهَنَّمُ خَلِدًا فِيهَا

وَغَضِبَ اللَّهُ عَلَيْهِ

92} \*Rabbiin kan gabroottan isaa beekhu, kan waan isaanin malu dalagu .

\*namni, beeka'aa, mu'mina ajjeese , mu'mina ajjeesun ni gayaa yaada'aa, takkaa iiamaana isaa jibbansaa afajjeese,

\*Jazaan isaan yookaa qixaan'i isaa ibidda jahannami,kan zalaalamii keessa taa'ee gubatu

\*Rabbiin itti dallanee jira,

\*Ammallee abaaree rahgmata isarraa  
fageesee jira,  
ولعنة.

93} \*Nama mu'mina beekha`aa ajjeesef  
وأَعَدَ لَهُ عَدَا بَأْعَظِيمًا ١٣

Rabbiin guyyaa boruu qixaaxa jabaa guddaa qopheyse,namni mu'mina bee-ka'aa ajjeese qixaan'i isaa kan addunya'aa akka ajjeesetti ajjeefamu'u, yoo warri namicha du'e dhaalu du'a irraa dhiissee gumaa fudhate malee, gaafas gumaa ulfaatu'uutu irra jira daddaffi'itti.

\*Yaa warra Rabbitti amane hoggaa qabsoo  
karaa Rabbiitii jettanii baatan ,hoggaa qa-  
bsoo haqaatii jettanii duultan,{dgarabtum}  
jechuun; imaltuu baatan jechu',

يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِذَا صَرَمُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*Nama ajjeesun gayuufii, kan ajjeessun hin  
geenyeh addaan hubadhaa namuma gartan  
hunda hin ajjeesinaa

فَتَبَيَّنُوا

\*Nama salaamtaa isiniin je'een,ati mu'minah  
miti hin je'inaa,yoo odoo yaatanuu kyffaa-  
raraa namni tikki {assalaamu kgalaykum}

مُؤْمِنًا

isiniin je'e akka islaama taye isin garsiisu'uu jecha hin ajjeesinaa,{salama} je-  
chuun; salaamtaa isiniin je'e jechu', takkaa nama isin jala deeme jechu', shahaad-  
aa qabatu'un {ashhadu an laa ilaaha illallaahu wa ashhadu anna muhgamm-  
adan rasuulullaahi} je'ee, nama akkatti islaamayuu isaa isin garsiisen ati isla-  
amaa miti, wanni ati shahaadaa qabattuuf, yookaa {salaam kgalaykum} nuun  
jettuuf akka nuti sin ajjeefne'eefi, akka horii kee sirraan fudhenne'eefi malee  
amani'uufi miti,hin je'ina'a ,akkana jettanii hin ajjeesinaa jechu,

\*Isa ajjeesu'uun horii addunya`aa barba  
تبَغُونَ عَرَضَ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

adu'uu jecha,horii nama ajjeftanii boojitanii, faaydaa addunya'aa barbaadu'uu  
jecha nama ajjeesun gayuufii,kaan addaan hubatuun dhiisinaa jechu,

فَعِنَّ اللَّهِ مَغَانِمٌ كَثِيرٌ

\*Rabbi bira waan waan boojitan sanirra he-  
ddu'uutu jira,kan nama islaamummaa mu-  
l'ise ajjeesu'urraa isin duroomsu horii isaa  
fudhatu'uu jecha,

\*Isinis san dura akkuma nama shahaadaa  
كَذَلِكَ كُنْتُمْ مِنْ قَبْلٍ

qabatee,takkaa salaammatee sanumaan wajji ajjeftanii san tayuu turtan ,  
maalif ; hoggaa dura islaamatti seentan,shahaadaa qabattaniituma sababaa sa-  
niin lubbuun teessan du'arraa haftee,horiin keessan boojiyamu'urraa hafe,

فَمَنِ اللَّهُ عَلَيْكُمْ

\*Duuba eeguma sanii Rabbiin isin badh-  
aasee, qajeeltanii,amanti'iin beekkamtanii,

فَتَبَيَّنُوا

\*tanaaf jecha nama addaan hubadhaa akka

mu'mina hin ajeeefne akkuma isin hoggaa dura islaamatti seentan ,matuma isin shahaadaa qabatu'uutin islaamummaa teessan beekanii isin ajeesuu dhiisanii, horii keessan boojiyuu dhiisan, kan waan qalbii teessan keessa jiru hin beyne ,isinis nama amma amanutti, akkuma isinitti dalagame dalagaa ,matuma inni shahaadaa qabatu'uutin islaamummaa isaa irraa qeebalaa, garaa isaa hin laalinaa, afaan hin beekhu jettanii islaamummaa irraa qeebaluu hin dhiisinaa, horii isaa , uffata isaa, ajeeefnee fudhanna jettanii,nama salaamtaa isiniin je'e, yokaa shahaadaa qabaterraal islaamummaa qeebaluu hin didinnaa,

**٩٤} \*Rabbiin waan isin dalaydan ni beekhaa jazaa isiniif galcha, kan hamtuu dalage qixa-axee, kan toltauu dalageef jannata kennee.**

٩٤

لَا يَسْتَوِي الْقَعْدُونَ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ غَيْرُ أُولَئِكَ الظَّالِمُونَ

وَالْمُجَهَّدُونَ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

بِأَمْوَالِهِمْ وَأَنفُسِهِمْ

فَضَّلَ اللَّهُ الْمُجَاهِدِينَ بِأَمْوَالِهِمْ وَأَنفُسِهِمْ عَلَى الْقَعْدِينَ

الْقَعْدِينَ دَرَجَةٌ

وَكُلُّا وَعْدَ اللَّهِ الْحَسِنَى

وَفَضَّلَ اللَّهُ الْمُجَاهِدِينَ عَلَى الْقَعْدِينَ أَجْرًا عَظِيمًا

دَرَجَاتٍ مِّنْهُ وَمَغْفِرَةً وَرَحْمَةً

وَكَانَ اللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا

\*Warri mu'minotarraa jihaadarraa taa'e, yookaa qabsuu haqarrraa hafe,kan rakkoon dararaan jihaadarraa isaan dhowwitu ittin jirreefii,warri karaa Rabbii keessatti jihaada godhu,

\*Horii isaaniitifii ,lubbuu isaanitiin jihaada godhuufii namni jihaadarraa taa'u wal qixaa miti,

\*Rabbiin warra hori'iifii lubbuu isaanitiin qabsuu godhu'uu baye, warra qabsuu godhu yaadu kan wanni akka aballumma'aa yookaa dullumma'aa itti jiraattee lolaaf baryuu dadhaberra daraja'aan caalchisee jira, waan isaan cinqii hedduu ba'ataniif,

\*Haa tayuu isaan lamaanifuu Rabbiin jannata qopheessee jira.

**٩٥} \*Rabbiin warra jihaada godhu, warra odoo dandayuu jihaadarraa taa'erra sawaabaa gudda'aan aalchisee jira,waan diinii dunyall-een qabso'oon eeggamtuuf jecha ,**

٩٥

\*Darajaa hedduu,araarama guutuu, rahg-mata bal'aa isaan badhaasu'uun takkaa isaanii kenuu'uun,warra jihaadarra taa'urra isaan caalchise,

**٩٦} \*Rabbiin kan warra isa dhagayeef araa-ramee ,warra waan gaarii dalageef rahgmata guddaa godhu.**

\*Warri islaamaa kan biyya kaafiraatii baya-

إِنَّ الَّذِينَ تَوَفَّهُمُ الْمَلَائِكَةُ طَالِبِي أَنفُسِهِمْ

nii biyya islaamatti godaanuu dhiisaanii kuffaara keessa taa'uudhan lubbuu ifii miidhan kan haala sanirratti duuti itti dhufte, kan odoo akkasitti jiranuu, malaaykan lubbuu isaanii fuutee du'an, jechu'uu,

قَالُوا فِيمْ كُنُّ

\*Malaaykan akki isaanin jettu isaan laalu'uu jecha, maali wanni isin keessa teessan, biyya diinaa keessan itti jabeessitanitti godaanuu dhiiftanii,

قَالُوا كُنَّا مُسْتَضْعِفِينَ فِي الْأَرْضِ

\*Jennaanin wanni isaan je'an nuti biyya tana keessatti cunqurfamoodhaa, diinaa keenyaa mul'isuu hin dandeenyu,

قَالُوا أَلَمْ تَكُنْ أَرْضُ اللَّهِ وَاسِعَةً فَنَهَا حَرُوفُهُ

\*Si dachiin Rabbii bal'oone taanee? bal'oodhaa mitii? tan itti godaantani dinaa keessan keessatti mul'iftanii guddiftan , akka namni bira godaanetti je'aniin,

فَأُولَئِكَ مَا وَهُمْ بِهِمْ جَهَنَّمَ

\*Duuba Rabbiin akki je'e; jarri akkasii sun warra teesson isaanii guyyaa boruu ibidda jahannami ,

وَسَاءَتْ مَصِيرًا

97}\*Waa hammaatee bakki isaan itti booda aanu'uu jiraatan sun ibidda jahannami

\*yoo,warra, lallaafaa taate ,malee ,dhiiraffi dhala'aafii joolle'erraa,

إِلَّا مُسْتَضْعِفِينَ مِنَ الْجِنَّاتِ وَالنَّسَاءَ وَالْوَلَدَنَ

\*Kan humna godaananiin hin qabne, kan sinqiiin qabne,

لَا يَسْتَطِعُونَ حِيلَةً

98}\*Kan karaa godaansaa hin beynee yokaa hin qajeelle.

وَلَا يَهْتَدُونَ سَبِيلًا

\*Jara laafaa akkasii san Rabbiin isaanif irraa dabruun ni kajeelama,yookaa Rabbiin isaanif irra dabra jechu', waan rakkoon isaan oolchiteef,

فَأُولَئِكَ عَسَى اللَّهُ أَن يَغْفِرَ لَهُمْ

99}\*Rabbitiin kan dilii nama dhiisu kan nama araaramu.

وَكَانَ اللَّهُ عَفُوًّا عَفُورًا

\*Namni diinaa Rabbitiin mul'isu'uu jecha biyya kaafirraa biyya islaamatti godaane,

\*وَمَنْ يَهْاجِرْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*bakka itti godaanutti waan diinaa isaa

يَحْدُثُ فِي الْأَرْضِ مُرَاغِمًا كَثِيرًا وَسَعِيدًا

guddisu kan xilaata naasisu, hedduu, yookaa baayee argata,akkuma bal'inaafii badhaadha argatu {muraaghaman} jechuun; bakka itti godaanan tan xilaata funyaan lafatti qabdu jechu',

\*Namni waan Rabbiifii rasuulli isaa itti kaa-se guddisu`uu je'ee hijraa baye, yookaa Ra-bbii je'ee rasuula faana deemu`uu je'ee god-aane, yookaa mana isaatii beyee

وَمَن يَخْرُجْ مِنْ بَيْتِهِ مُهَاجِرًا إِلَى اللَّهِ وَرَسُولِهِ

\*Duuba duuti kara'atti isa dhaqqabdee du'e

ثُمَّ يُدْرِكُ الْمَوْتُ

\*Galanni ,sawaabni isaa waaqarratti isaaf ragga`e Rabbiin jannata isa seensisu`uuf if qabee jira,

فَقَدْ وَقَعَ أَجْرُهُ عَلَى اللَّهِ

**100}**\*Rabbiin kan namaa araaramee rahg-mata namaaf godhu.

وَكَانَ اللَّهُ عَفُورًا رَّحِيمًا ﴿١٠٠﴾

\*Hoggaa hanga amna guyyaa lamaa imal-tuu baatan,

وَإِذَا ضَرَبْتُمْ فِي الْأَرْضِ

\*Salaata gabaabsun waan isinirratti dhow-wamuu miti

فَلَيْسَ عَلَيْكُمْ جُنَاحٌ أَنْ تَنْصُرُوا مِنَ الْأَصْلَوَةِ

\*Yoo ormi kuffaaraa isin miidhuu sod-aattan,

إِنْ خَفِيْتُمْ أَنْ يَقْتَلُوكُمُ الَّذِينَ كَفَرُوا

**101}**\*Maalif kuffaarri xilaata keessan mul`-

إِنَّ الْكُفَّارِينَ كَانُوا لَكُمْ عَدُوًّا مُّبِينًا ﴿١٠١﴾

'ata', kan xilaatummaan isaa mul'attu namni imaltuu amna guyyaa lamaa geessuf manaa baye,hoggaa ganda isarraa bayerra qabee hanga ganda isatti dee-bi`utti salaata gaafa biyya jiru rakakgaa afur afur salaatu ture ,zuhri'iifii asirii ,ishaa'ii ,gabaabsee raka`aa lama lama salaatu ni qaba,odoo kuffaaralle sod-aatu baatee, akkuma salaata zuhri'iitifii asriidhaa, waytii tokkoo issaan lama-anii keessatti walitti qabuun isaaf gayu, maghribaafii ishaa'illeen akkasi, yoo kan waytii zuhri'ii keessa amnarra jiru taate kan waytii asri'ii safarii qubatu uu taa'u, salaata zuhri'ii waytii asri'ii keessatti salaatu uuf jecha itti dhiisuu ni qaba niyyatee akkasuma yoo kan waytii zuhri'ii qubatanii asrii yaa'uudhaf qophayan taate, odoo waytiin asri'iin geenye salaata asri'ii gad fudhatee salaata zuhr-i'itin wajji salaatu ni qaba, maghribaafii ishaa'illeen akkasi, kun hundinuu akka diinan islaamaa cinqii namarrraa kuffisuu jaalatu nu agarsiisa.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad yoo ash-kara lola keessa jiru keessa jiraattee,

وَإِذَا كُنْتَ فِيهِمْ

\*Waytiin salaataa geessee salaata jamaa'aa-dhan salaatu uu kaate,kan xilaatan wal dura-dhaabbatan, jamaa'aa bakka lamatti baasii, yookaa quodii,

فَأَقْمَتَ لَهُمُ الْأَصْلَوَةَ

\*Tuutti takka tuuta lamaani rraa haa si wajjiin dhaabbattee salaattuu,ammo tuutti tu-un xilaata isinirraa haa eeyduu,

فَلَئِنْ قُمْ طَآيِّفَةٌ مِّنْهُمْ مَعَكَ

\*Tuutti siin wajji dhaabbattee salaattu, miya lolaa ifirraa lafan kaayanii haa ba'attuu,  
\*Warri si wajji dhaabbatu hoggaa salaatu,

وَلَيَأْخُذُوا أَسْلِحَتَهُمْ

فَإِذَا سَجَدُوا

فَلَيَكُونُوا مُؤْمِنٰ وَرَائِيْكُمْ

\*Jarri kuun isin duuba dhaabbatee haa isin eeguu ,hangi isin salaatarraa hobbaatanitti, duuba warri salaatarraa raaw'ate deemee, diina dura dhaabbatee haa isinirraa eeguu,  
\*Ammoo warri kuun, namni hin salaatin , dhufee haa si wajji salaatuu,

وَلَتَأْتِ طَآئِفَةً أُخْرَى لَمْ يُصَلُّوْ فَلَيُصَلُّوْ

مَعَكَ

وَلَيَأْخُذُوا حِذْرَهُمْ وَأَسْلِحَتَهُمْ

وَدَّ الَّذِينَ كَفَرُوا لَوْ تَعْقِلُوا عَنْ أَسْلِحَتِكُمْ

وَأَمْتَعْتُكُمْ

فَيَمْلُؤُنَ عَلَيْكُمْ مَيْلَةً وَاحِدَةً

وَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ إِنْ كَانَ بِكُمْ ذَرَى مِنْ  
مَطَّىٰ أَوْ كُنْتُمْ مَرْضَىٰ أَنْ تَضَعُوا أَسْلِحَتِكُمْ

وَحْدُوا حِذْرَكُمْ

إِنَّ اللَّهَ أَعْدَ لِلْكَفِرِينَ عَذَابًا مُهِينًا



102} \*Rabbiin warra kafareef, warra haqa

moromeef azaaba yookaa qixaaxa isaan xiqqeessu qopheysee jira, akki salaataa kan dabarsine, kun salaataa soda'aati ja'ama kan nabi muhammad garii duula isaa keessatti dalage.



\*Hoggaa salaatarraa raaw'attan lola keessatti,

فَإِذَا قَضَيْتُمُ الصَّلَاةَ

\*Waaqa zakkaraa haabbatatti, ammallee

فَادْكُرُوا اللَّهَ قِيمًا وَقُوَّادًا عَلَى جُنُوبِكُمْ

teessumatti hoggaa ciiftanillee , makgnaan kanaa yookaa akkana jechuun hog-

gaa salaatarraa raaw'attan akkuma maratti, waytuma mara, Rabbii keessan ma-qaa dhawa'aa guddisa'aa {subhgaanallaahi wal hgamdu lillaahi wa laa ilaaha illallaahu wallahu akbar} je'aa, maalif zikriin Rabbii qalbii mu'minnaa jabeesiiteeti onnee kaafiraa naasifte,

\*Hoggaa lolli dhumee, sodaan isinirraa de-emte,

فَإِذَا أَطْمَأْنْتُمْ

\*Salaata soda'atii miti, akkkuma aada`atti

فَأَقِمُوا الصَّلَاةَ

salaataa, maalif salaanni hoggaa lolaa yookaa soda'aa salaatan, akka kan hog-gaa bira salaatanii miti, waan garii keessatti mu'minni salaata, yoo dandaye dhaabbateeti guutee salaata,yoo san dhabee taa'eti salaata, yoo san dhabee ci-seti salaata, yoo biyya jiraate guuteti salaata, yoo imaltuu baye ir'iseeti salaata, garii salaata salaanni waan aylii nama keessa jirtuun namarrahin kuftu,

**103}**\*Salaanni waan dalaguun mu'minra kaayame waytii beekamtuu keessatti, kan weytii`irraa boodan aansine, kan duran bu-

إِنَّ الصَّلَاةَ كَانَتْ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ كِتَابًا

مَوْقُوتًا

ufne, salaanni waan qaama nama bareechee, dalagaa hunda waytii isi'ii kees-satti dalaguu nama barsiisee,harka tokko nama godhee, Rabbii ifii nama yaadachiisu, tanaaf jecha salaanni utubaa diinaa islaamatti, namni isii dhiise utuba diinaa islaamaa jiyse,yookaa capse.

\*Orma kuffaaraa kan isi niin lolu barbaa-du'urraa hin laafatinaa, yookaa hin taa'inaa, tanaan dura dhawamni jettanii lola soda-ttanii irraa hin taa'inaa,

وَلَا نَهْوُ فِي أَبْغَاءِ الْقَوْمِ

\*Yoo isin waan tanaan dura lola keessatti isin tuqerra , kan laalattan taatan, ormi kuf-faaratis, akkuma isin laalattan, laalatanii san-umaan wajji isiniin lolu'urraa hin taa'anii,

إِنْ تَكُونُوا تَالِمُونَ فَإِنَّهُمْ يَالْمُونَ كَمَا

تَالِمُونَ

\*Isin waan ormi kuffaaraa Rabbirraa hin

وَرَجُونَ مِنَ اللَّهِ مَا لَا يَرْجُونَ

kajeelle, Rabbirraa kajeeltan,sun diinaa Rabbii mul'iftanii,yoo ajjeefamtan jan-nata seenu', duuba kuffaarri waan kana Rabbirraan kajeelle qabsoo isiniin god-hu'urratti mirqaanani,ni obsanii, isin kan galata guddaa qabsoo isaanin god-hu'urratti Rabbi rraa kajeeltan,akkamitti qabsoo tanatti mirqaantanii,irratti hin obsine,

**104}**\*Rabbiin kan waa hunda beekhu,

وَكَانَ اللَّهُ عَلَيْهِ حِكْمَةً

kan waan malu malee hin dalayne ,namni arabaa kan xukgmaa je'aniin tokko, waa hateen ,nama yahuudi'ii tokko biratti dhoyfate,duuba hoggaa yahuudicha biratti argamtu, siitu hatee jennaanin ,lakkii namicha arabaa tokkootu na bira kaayate jennaan, namicha arabaa kan {xukgmaa} je'aniin san fidanii gaafann-

aan yahuudichaatu hate malee anaa miti je'ee, khakhate, ammas gosti isaa wanni nabi muhammad gaafatte, yookaa irraa barbaadde, akka dubpii yahuudicharratti deebisee namicha isaanii san isaanif qulqulleysu akka harki muramee ,qaanin ittin buufneef jecha, duuba Rabbiin aayatoota as deemtu tana buusee akki je'e.

\*Yaa ergamaa kiyya qur'aana haqaati sirttatti buufne

إِنَّا أَنْزَلْنَا إِلَيْكَ الْكِتَابَ بِالْحَقِّ

\*Akka waan Rabbiin si firdii ,gootufii beyeseen,nama jiddu'utti

لِتَحْكُمْ بَيْنَ النَّاسِ مَا أَرَنَاكَ اللَّهُ

**105}**\*Warra nama khadda'u , kan akka arabiticha saniitif xabaqaa hin tayin

وَلَا تَكُنْ لِلْخَٰبِرِينَ خَصِيمًا

**106}**\*waan,dilii ,taye,hundarraa, araarama ,Rabbirra barbaadi, Rabbiin kan namaaf araaramee rahgmata namaaf odhuu.

وَأَسْتَغْفِرُ اللَّهَ إِنَّ اللَّهَ كَانَ غَفُورًا رَّحِيمًا

\*Warra diliin dalagu'uun lubbuu, ifii mii-dhef xabaqaa hin tayin, yookaa wabii taatee, yookaa isaanirraa hin deebisin

وَلَا يُجَدِّلُ عَنِ الظَّرِيفَ يَخْتَانُونَ أَنفُسَهُمْ

**107}**\*Rabbitiin nama waa ganu kan cubbuu dalagu hin jaalatuu ni qixaaxa.

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ مَنْ كَانَ حَوَّانًا أَيْمَانًا

\*Jarri khaa'inoonni sun,namarraa ni dhuyfatani ,yookaa ni qaafatanii ammoo Rabbirraa ,hin, qaafatan ,rabbii wanni isaan ,dalagan ,takkalleen ,isarraan dhokhanne ,kan hoggaa mara isaanin wajji jiru,

يَسْتَخْفُونَ مِنَ النَّاسِ وَلَا يَسْتَخْفُونَ مِنَ اللَّهِ

\*Hoggaa waan Rabbitiin hin jaalanne mala

وَهُوَ مَعَهُمْ

dhawan isaanii Namarrraa, dhuyfatu'uuf, jecha gara'atti ,qabatan ,jichi isaan namarraa dhuyfatanii gara'atti qabatan,odoo namni hate nama isaanii tayuu, kijibaan yahuudicharratti deebifna jechu',

إِذْ يُبَيِّثُونَ مَا لَا يَرْضَى مِنَ الْقَوْلِ

**108}**\*Rabbitiin kan waan isaan dalagan, beekhu, kan waa, takkalleen irraan dhokhanne ,duuba Rabbitiin gosa namicha arabaa tan xabaqaa isaaf taatee, yakka irra buusu'uuf ceetun akki je'e .

وَكَانَ اللَّهُ بِمَا يَعْمَلُونَ مُحِيطًا

\*Isin yaa jarana addunyaa tana keessatti, namicha, keessan kan cubbuu dalagerraa yakka baasu'uuf mugguttanii,

هَٰئِنْ هُوَ لَاءُ جَدَلٍ مُّعَنِّمٌ فِي الْحَيَاةِ

\*Eenu namni guyyaa boruu isaaf muggutu

الْدُّنْيَا

فَمَنْ يُجَدِّلُ اللَّهَ عَنْهُمْ يَوْمَ الْقِيَمَةِ

fuula Rabbii duratti?

**109}**\*Yookaa eenyu namni wabii yookaa wakiila isaanii tayee qixaaxa Rabbii isaani-rraa deebisu? hin jiru jechu'!

أَمْ مَنْ يَكُونُ عَلَيْهِمْ وَكَيْلًا

١٩

وَمَنْ يَعْمَلْ سُوءًا

\*Namni waan hamtuu dalagee nama bir-arraa kaayee,

أَوْ يَظْلِمْ نَفْسَهُ

\*Yookaa namni dilii nabsee isaa, qofarratti, gabaabbattu ,dalagee,

ثُمَّ يَسْتَغْفِرَ اللَّهَ

\*Duuba eegasii Rabbirra araarama barbaade,

يَجْدِدُ اللَّهُ عَفْوًا رَّحْمَمَا

٢٠

**110}**\*Rabbiin isaaf araaramee,rahgmata isaf godhu arga.

\*Namni hamtuu dalage,

وَمَنْ يَكْسِبْ إِثْمًا

\*lubbuma,ifitti,hamtuu,dalage, waan balaan isarratti deebituuf,

فَإِنَّمَا يَكْسِبُهُ عَلَى نَفْسِهِ

**111}**\*Rabbiin beekhaa waan malu dalagu

فَإِنَّمَا يَكْسِبُهُ عَلَى نَفْسِهِ وَكَانَ اللَّهُ عَلَيْهِ حَكْمًا

٢١

\*Namni dilii xiqqoo dalage

وَمَنْ يَكْسِبْ خَطِيئَةً

\*Yookaa namni dilii guddoo dalage,

أَوْ إِثْمًا

\*Duuba cubbu ifii dalage san nama hin dalaginirra kaaye, waan ifii hate abaluutu hate je'ee akka arabtichi yahuudicharra khaayetti,

ثُمَّ يَرْهُبُهُ بَرِيقًا

**112}**\*Namni sun dilii lama ba`ate, diliin takka dilii kijibaati kanwaan,namni hin dalgan namarrea kaayu, tuun dilii cubbuu mu'lattuu dalagu'uuti, {buhtaanan} jechuun; kijiba jechu'.

فَقَدْ أَحْتَمَ هَنَاءً إِشْمَائِينَا

٢٢

\*Oodo Rabbiin si guddisee, rahgmata sii godhee ,waan hamtuu hundarrea si tiy-suu baatee,

وَلَوْلَا فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكَ وَرَحْمَتُهُ

\*Gosa arabaa tan namni isi`ii waa haterraar

لَمَّا تَطَافَكَهُ مِنْهُمْ أَنْ يُضْلُلُوكُمْ

warra haqarrea si jallisuu fedhuutu jira , akka isaan fedhanitti yahuudicharratti hanna murtee, namicha isaanii kan hateef naxaa murtee, yookaa qulqulleessitee,

وَمَا يُضْلُلُونَ إِلَّا أَنفُسُهُمْ

\*Jarri sun ifuma jallisan malee si jallisuu hin dandayan,

\*Waa takka si miidhuu hin dandayan ifuma miidhan malee, waan balaan waan isaan dalaganii isaanirratti deebituuf jecha, ammo ati Rabbii keettu si tiysaa, si jallisun dandayan,

وَمَا يَضُرُّونَكُمْ شَيْءٌ

\*Rabbiin qur'aanafii hadiisa sirratti buusee jira,

وَأَنْزَلَ اللَّهُ عَلَيْكُمْ الْكِتَابَ وَالْحِكْمَةَ

\*Rabbiin waan dur hin beyne si barsiisee jira, waan dabreefii waan dhufaa jiru, akka-suma heera jiruu gaari'ii tan addunya'aa aakhira'aa si barsiisee jira,

وَعَلِمَكُمْ مَا لَمْ تَكُنْ تَعْلَمُ

**113}** \*Tanaafii ,waan,biraatii jecha ,jennaan ,rabiin ,siif kenne Wanni Rabbiin si badhase, waan guddoo hanganaan qabne.

وَكَاتَ فَضْلُ اللَّهِ عَلَيْكُمْ عَظِيمًا ﴿١١٣﴾

\*Haasawa ,namaa, hedduu keessa , tolly ,yookaa kheyrin hin jirtu,

لَا خَيْرَ فِي كَثِيرٍ مِّنْ تَجْوِيلِهِمْ

\*Yoo haasawa nama sadaqa'atti nama kasuu taate malee, sadaqaa baafadhaa, zakaa baafadhaa je'ee,

إِلَّا مَنْ أَمْرَ بِصَدَقَةٍ

\*Takkaa yoo haasawa, nama waan gaari'itti nama ajaju taate malee, wal gargaaraa, waa walii liqeessaa faa je'ee,

أَوْ مَعْرُوفٍ

\*Takkaa yoo haasawa warra nama wal

أَوْ إِصْلَاحٍ بَيْنَ النَّاسِ

ra nama wal dhabe,yookaa wal dide,wal taasisu'uu, yookaa walitti tolchu'uu taate malee,{najwaa} jechuun; haasawa, namni maqoo taa'ee wajji haasawu jechu', haasoyni namni wajji taa'ee haasawu barakaan qabu, yoo haasawa warra sadaqa'atti yookaa waan gaarii, akka nama wal taasisu'utti nama kaasu taate malee,

\*Namni waan dubbanne san haasawee dalagu,

وَمَنْ يَفْعَلْ ذَلِكَ

\*Jaalala Rabbii barbaadu`uu jecha ,nama garsiifatu'uu fii mitii,ammallee dantaa addunya'aa barbaadu'uufii mitii, fuula Rabbiitii je'ee dalagu,

أَبْيَاغَاءَ مَرْضَاتِ اللَّهِ

**114}** \*Galata guddaa isaaaf kennu'uu jir-aanna.

فَسَوْفَ نُؤْتِيهِ أَجْرًا عَظِيمًا ﴿١١٤﴾

\*Nama waan rasuulli Rabbiin dhufeen didu,

وَمَنْ يُشَاقِّ الرَّسُولَ

\*Eega karaan qajeelan isaa mul'atee yookaa beekee,

مِنْ بَعْدِ مَا نَبَيَّنَ لَهُ الْهُدَى

وَيَتَّبِعُ عَذْرَسَيْلَ الْمُؤْمِنَينَ

نُولَهُ مَاتَوْلَ

وَنُصْلِهُ جَهَنَّمَ

وَسَاءَتْ مَصِيرًا

إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَنْ يُشْرِكَ بِهِ

وَيَغْفِرُ مَادُونَ كَذَلِكَ لِمَنْ يَشَاءُ

وَمَنْ يُشْرِكُ بِاللَّهِ فَقَدْ ضَلَّ ضَلَالًا بَعِيدًا

إِنَّ يَدَعُونَ مِنْ دُونِهِ إِلَّا إِنَّهَا

وَإِنْ يَدْعُونَ إِلَّا شَيْطَنًا مَرِيدًا

لَعْنَهُ اللَّهُ

وَقَاتَ لَا تَخْذَنَ مِنْ عِبَادِكَ نَصِيبًا مَغْرُوضًا

۱۱۸

وَلَا أَضْلَلَهُمْ

وَلَا مُنِيبُهُمْ

\*Kan karaa warri islaamaa irratti deemu dhiisee ,karaa biraa deemu, kan mazhaba ulamaan islaamaa hundi yookaa mas'alaan isaan hundi irratti walii galan qeebaluu didee , mala biraa baafatu,

\*Jallina inni jaalate sanirratti isa moosifna ,waan inni jaalaterratti isa dhiifna addunyaa tanarratti,

\*Ammoo aakhiraadhatti azaaba isa see-nsifna,

**115}** \*Azaabni sun, bakka hamtuu isa eeg-gattu.

\*Rabbiin dilii waa isatti qixxeysu'uu namaaf hin araaramu,

\*Ammoo waan dilii sanii gadii,nama fedheef ni araarama,

**116}** \*Namni Rabbiif masaanuu godhe, yookaa waa isatti qixxeyse dhugumaan jallina haqarraa fagaatu jallate.

\*Warri Rabbitti waa qixxeysuu takkaayuu

fakkeeysu,wanni isaan Rabbii achitti ibaadan ,yookaa gabbaran, wanni sun dhala'a malee, waan biraatii miti,wanni isaan gad je'aniif, muka, yookaa dhaga' , sibiila tolchanii, maqaa dhala'aatin {laata}, {uzzaa}, {manaat} je'anii yamanii ibaadan .

**117}** \*Wanni isaan ibaadan waan biraatii

mitii sheyxaana ,karaa Rabbitraa baye, wanni isaan waan Rabbin tayin ibaadaniif warra gama kiyyaa citee,waanin an je'uun dhagayu waan ibliis je'u dha-gayu'uufi.

\*Ibliis yookaa sheyxaana, Ra bbiinabaaree rahgmata isarraa fageesse,

**118}** \*Wanni sheyxaanni Rabbiin je'e ;gabr-oottan keetirraayin qooda beekkamaa muradhee fudhadha, cifraa kiyya godhadhee.,

\*Ammas haqarraan isaan jallisa,

\*Umrii dheeratu'uufii, eega du'anii kaafamanii gaafatamuun jiraatuu dhabu'uun qalbii isaanii guuta,akka du'an yaadanne,akka yoo

duune kaafamneeti gaafatamnaa hin yaanne  
 \*Ammas isaan ammaretan yookaa ajajee-

وَلَا مُرْأَتُهُمْ فَلَيَبْتَرَ كُنَّ إِذَا نَأَتْهُمْ

tan ,beyladaa gura cirsisa, hoodatu'uuf jecha, aadaa arabaa tan sheyxaanni isa-an itti amarerra tokko,yoo gaalli tokko shan dhalee kan shaneessa'aa dhiira taye gura isi'i ciraniiti yookaa babbaqaysaniiti itti fayadatu'urraa if dhoowwanii, bakka feete deemtee, bakka feete haa dheedduu je'anii gad dhiisan , kan hin yaabbanne, hin elmanne,

\*Ammas sheyxaanni khakhatee akki je`e

وَلَا مُرْأَتُهُمْ فَلَيَغُرِّبَ خَلْقَ اللَّهِ

ilmaan aadam ajajeetan uumaa waan Rabbiin uumee jirjiiran,uumaa jirjiirun, amantii Rabbii kufri'itti jirjiiru',waan Rabbi baqaasise,yookaa geesise dhowwani,waan inni dhoowwe baqaasisu', yookaa geesisu,

\*Namni sheyxaana waliyyii Rabbii achitti godhate isaaaf gad je'ee dubbii isaa dhagaye,

وَمَن يَتَّخِذُ الشَّيْطَانَ وَلِيَأْمَنْ دُورَتِ اللَّهِ

**119}**\*Dhugumaan addunya`aa aakhira'atti khasaraa guddoo mul'attuu khasare, waan booddan isaa, ibidda azaabaa taatuf

فَقَدْ خَسِرَ حُسْرَانًا مَّيِّنًا

\*Sheyxaanni cifraa isaa, akka umrii dheeratan baallama seenef,

يَعِدُهُمْ

\*Ammas akka waan fedhan hunda, addunyaa tana keessatti argatan, akka eega du'anii kaafamanii hin gaafatamne yaachisiisa,

وَيُمْنِيهِمْ

**120}**\*Wanni sheyxaanni isaan abdachiisu

وَمَا يَعِدُهُمُ الشَّيْطَانُ إِلَّا غُرُورًا

waan isaan gowwoomsu malee ,waan isaanii argamee, isaanii toluu miti,yoo umriin teessan ni dheerattii duutanis, namni hamtuu isin dalaydanirraa isin gaafatu hin jiru je'ee, waan hamtuu dalagu'utti isaan hamilchiise, sun waan isaan sossobuuni malee waan isaanii argamuu miti, dubbiin harka Rabbiiti jirtii.

\*Jarri sheyxaanaf gowwoomee karaa haqarraa jallate sun warra azaabati,

أُولَئِكَ مَوْنِهِمْ جَهَنَّمْ

**121}**\*Bakka azaaba yookaa qixaaxa jalaa itti bayan hin argatan.

وَلَا يَحِدُونَ عَنْهَا بِحِصْصَا

\*Warri Rabbitti amanee, jallina sheyxaanarraa fagaatee, waan gaarii dalage,

وَالَّذِينَ إِمَّا نَوْعَمْلُوا أَصْنَلِحَتْ

\*Jannata yookaa, masnoo jannataa, tanлагootin olii gad jalaa yaatu seensifna,

سَنَدْ خَلْهُمْ جَهَنَّتِ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

\*Isaanii jannata san keessa zalaalamii taa'an,

خَلِدِينَ فِيهَا أَبَدًا

\*Sun waan Rabbiin baallama isaanii seenee ,isaanii himee, isaan abdachiise,

وَعَدَ اللَّهُ حَقًّا

وَمَنْ أَصْدَقُ مِنَ اللَّهِ قِيلَا ١٢٣

122}\*Eenyu namni Rabbirraa jechi isaa dhuga`aa? Eenyu namni Rabbirraa baallama guutuu? hin jiru jechu.

لَيْسَ بِأَمَانِكُمْ

وَلَا أَمَانٌ لِأَهْلِ الْكِتَابِ

\*Dubbiina akka isin dalagaa gaarii odoo hin dalayne, jannata ienna jettanii hawitanii miti, takkaayuu yaaddanii miti,

\*Ammallee dubbiin akka ahlul kitaab yahu-

مَنْ يَعْمَلْ سُوءًا يُجْزَى بِهِ

uda'aafii nasaaran,odoo Rabbiifii rasuula isaa muhammaditti hin amanne jannata isaa seenna je'anii yaadanii miti,galanni Rabbiin nama kenu akka isin-iifii yahuuda'aafii,nasaaran, hawwitanii ifirratti hin dhaabbatu,malli malee,

وَلَا يَحْدُدُهُ مِنْ دُونِ اللَّهِ وَلِيَ

وَلَا نَصِيرًا ١٢٤

وَمَنْ يَعْمَلْ مِنَ الصَّالِحَاتِ

مِنْ ذَكَرٍ أَوْ أُنْثَى

وَهُوَ مُؤْمِنٌ

فَأُولَئِكَ يَدْخُلُونَ الْجَنَّةَ

وَلَا يُظْلَمُونَ نَعِيْرَا ١٢٥

وَمَنْ أَحَسَنَ دِيَنًا مِمَّنْ أَسْلَمَ وَجْهَهُ لِلَّهِ

وَهُوَ مُحْسِنٌ

\*Namni sun nama Rabbiin tayin kan qixaaxa Rabbirraa isa tiysu hin argatu,

123}\*Nama isaa dirmatee azaaba takkaa balaa irraa dhoowwu hin argatu.

\*Namni waan gaarii dalagu xiqlaattuu gud-dattuu,

\*Namni dalage sun dhiira tayuu dhalaa tayuu

\*Waan inni Rabbiifii rasuula yookaa erg-ammaa isaa muhammaditti amanee, jiruun warri waan gaarii karaa amantii Rabbiit-in dalage,

\*Jarri sun jannata seenan yookaa sees-ifaman,

124}\*Waa xiqlollee hin miidhaman galanni isaanii duraa ir'atee, yookaa azaabni itti ida'-amee odoo hanga {naqirallee} taate, {naqira} jechuun: qolofa qolola khillee timira-rratti hafu.

\*Nama Rabbii je'e fuula, qaama,qalbii isaa , kennee dubbi Rabbii dhagayee karaa isaa deemu,

\*Isaa waan gaarii dalagu, isaa tokkummaa Rabbii yaadu,

وَاتَّبَعَ مَلَةً إِبْرَاهِيمَ حَنِيفًا

وَأَخْدَدَ اللَّهُ إِبْرَاهِيمَ حَلِيلًا ﴿١٢٥﴾

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

وَكَانَ اللَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ مُحِيطًا ﴿١٢٦﴾

وَيَسْتَفْتُونَكَ فِي النِّسَاءِ

قُلْ أَللَّهُ يُفْتِي كُمْ فِيهِنَّ

وَمَا يُتْلَى عَلَيْكُمْ فِي الْكِتَابِ

فِي يَتَمَّ الْنِسَاءُ الَّتِي لَا تُؤْتُونَهُنَّ مَا كَنْبَ

لَهُنَّ وَرِغَبُونَ أَنْ تَنْكِحُوهُنَّ

وَالْمُسْتَضْعَفَينَ مِنَ الْوَلَدَنِ

وَأَنْ تَقُومُوا لِيَتَمَّ بِالْقِسْطِ

\*Kan karaa nabi ibraahiim deemu,sun karaa islaamatii,eenyutu nama akkanaa kanaraa gaari?

**125}**\*Rabbiin nabi ibraahiim jaalallee godh- atee jira waan inni karaa jallaa hunda dhiisee , karaa haqaa qabatee, Rabbii je'ee if ken-neef jecha.

\*Waan sami'iifii dachii keessa jiru hundi

waan Rabbiiti,isaatu uume, isaatu qabaa, hundi isaanii gabroottan isaati, wanni sami'ii dachii keessa jiru, argamu'uufii waan biraajeesatti gara Rabbiiti haajamti ammoo Rabbiin isi'iraa dureessa,

**126}**\*Rabbiin beekkomsaafii human wahayyttuu marsee jiraa,wanni isarra dhokhat-uun jiru,kan isa jalaa bayu hin jiru,kan tolu jannata isaati seensisa, kan bade azaaba isaati seensisa.

\*Dubbii dhala'atti rarraaturaa si gaafa tu'uu jiraatan,maalif dhalaa ammallee joollee xixi-qqoo dhaalchifta je'anii ,arabni islaama dura ,dhala'aafii joollee dhaalchisuun hin turre,

\*Duuba wanni jettuun dubbii dhaala dha-la'aa Rabbiit u isinii ibsaa ,

\*Ammallee wanni dhaala dhala'atti rarra'u kan qur'aana keessatti isinirratti qara'amu , dhaala dhala'aa isiniif ibsa,

\*Ammas Rabbiin dubbii dhalaa yatiima, tan waan rabbi isi'ii katabe,yookaa qoode, mahri'iif, dhaalarraa isi'ii hin kennine,

\*Tan isii fuudhuu hin feene tan namni

biraa isii fuudhuu ittin dhiifne, dubbii dhalaa akkanatti rarraatu,Rabbiin dub- ateeti addeesse akkana godhuu dhiisaa isiniin je'ee,maalif? arabni, odoo islaamni hin dhufin aadaa isaanirraa, dubra yatiima guddifataniiti, horiin isiin silaa dhaaltu ifii nyaatan, yoo bareedde mahrii isi'in kennu'uun male'etti fuudhanii, yoo fokkatte ifii hin fuudhanii,nama birallee fuudhuu ittin dhiisanii isii hanga duututti if biratti dhoowwan, duuba waan kanaraa Rabbiin isaan dhoowwe,

\*Ammallee joollee xixiqqo'oof ,haqa isaanii dhaalarraa kennu'uufitti Rabbiin isin ajaja,

\*Ammallee Rabbiin haqa yatiima'aatin dha- abbatu'utti isin ajaja, dhaalafii mahrii isaanii

kennuun,

\*Waan isin kheyri'irraa daleydan waan gaarii isin daleydan, xiqlaattuu guddattuu  
127}\*Rabbiin ni beekha galata isinii galcha.

وَمَا تَعْلَمُوا مِنْ حَيْثُ

فَإِنَّ اللَّهَ كَانَ بِهِ عَلَيْهَا

\*Yoo dhalaan tokko jaarsi isi`ii isii jibbuu

sodaatte,wajji galuu dhiisee, qallaba, yookaa waan jiraattun isi`ii kennu dhiisee , dullummaa isi`itif, yookaa fokkina isi`itif, yookaa qalbiin isaa, tan isi`irra bareeddu jala kutu'uun,

\*Takkaa yoo isi`irraa gara galuu sodaatte, sababuma taatenuu haa taatuu,

\*Yoo hameenya isaan jidduu jiru deemsi-

su'uuf dalakan yakkan qaban, isiih haqa isi`irraa kennu'uuf yaaddawe, akka wal hiikkan hin argamne, sun yoo namuu haqa ifirraa bu'ee dantaa isaan lamaanii argamsiisu'uu dalage,

\*Wal tayiinsi waan gaari',wal hiikku'urraa

wal tayu'uutu caala,wal tayiinsi wanni argamuun,yoo namuu haqaa isaa gar-i'irraa bu'e, ammoo yoo namuu,jaarsa jaarti'irraa,haqa kiyya guutuu haa argadhuu kan je'uu taate, wal tayiinsi hin argamu, ammoo lubbuun namaa waan ifirraa bu'uu hin jaalattu maalif,

\*Lubbuun hundi duyn'ummaa if bira

qabdi,waan ifirraa bu'uu dhabuu qabdi, makgnaan kanaa, jaartin haqa isii dhiisuu hin feetu, jaarsinis haqa yoo dhalaa bira jaalate jaartii isaatii lubbuu ifii kennu hin fedhu,

\*Duuba yoo haqa nabsee jalaa diddanii haqa keessanirraa waliif buutanii yookaa waliif dhiiftanii,

\*Rabbii sodaattanii dhalaa miidhuu dhiiftan

128}\*Rabbiin waan isin daleydan ni beekhaa galata isinii galcha,yoo tolton, yoo baddan isin qixaaxa.

\*Beera keessan jaalalaan wal qixxeessuu hin dandeessan ,fakkeessa'aaf; namni jaartii lama qabu, lamaanuu wal qixxee jaalatuu hin dandayu .

\*Odoo itti if dirqitanille'ee,

وَإِنْ أُمْرَأٌ حَافَتْ مِنْ بَعْلِهَا نُشُورًا

أَوْ إِعْرَاضًا

فَلَا جُنَاحَ عَلَيْهِمَا أَنْ يُصْلِحَا بَيْنَهُمَا صِلْحًا

وَاصْلَحُ خَيْرًا

وَأَخْضَرَتْ الْأَنْفُسُ الشَّجَرَ

وَإِنْ شَحَسُوا

وَتَتَقَوَّ

فَإِنَّ اللَّهَ كَانَ بِمَا تَعْمَلُونَ حَيْرًا

وَلَنْ تَسْتَطِعُوا أَنْ تَعْدُ لَوْبَيْنَ النَّسَاءَ

وَلَوْ حَرَصْتُمْ

فَلَا تَمْيِلُوا كَلَّا إِمَّيلٍ

فَتَذَرُوهَا كَالْمُعَلَّقَةِ

وَإِنْ تُصْلِحُوهُ

وَتَنْقُوا

فَإِنَّ اللَّهَ كَانَ عَفُورًا رَّحِيمًا

وَإِنْ يَنْفَرُوا

يَعْنِي اللَّهُ كُلَّا مِنْ سَعْيِهِ

وَكَانَ اللَّهُ وَاسِعًا حِكِيمًا

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

وَلَقَدْ وَصَبَّنَا لِلنَّبِيِّنَ أُوتُوا الْكِتَابَ مِنْ قَبْلِكُمْ

وَإِنَّا كُمْ

أَنَّا نَتَّقُو اللَّهَ

وَإِنْ تَكْفُرُوا

\*Haa tayuu isii jaalattanitti gortanii haqa isi'iif kennitanii,ta qalbiin isin hin jaalanne haqa isi'irraa hin agabsinaa,

\*Rarraaftanii,dhiiftanii, tan akka beera jaarsa hin qabnee, hin taane,tan akka beera jaarsa qabutti haqa jaarsarrraa hin arganne gotanii, hin miidhinaa,

\*Yoo wal diddaa jaarsaa jaarti'ii karaa qixxumma'aatin fixxan,karaa haqa, isi'ii kennuutin,

\*Wal miidhuu dhiiftan Rabbi sodaattan,

**129**\*Rabbiin waan qalbiin teessan beera tokko tokkorra jaalatte, kan taan hin miidhin , isiniif araarama. Isiniif rahgmata godha.

\*Yoo jaarsa jaartin wal tayuu dadhabanii adda yaa'an,

\*Rabbiin kennaa isaatin walirraa isaan duroomsa , jaarsa biraa isi'ii kennee, isaafis jaartii biraa kennee,

**130**\*Rabbiin kan harki isaa bal'aadhati ,yookaa kennaan isaa bal'oodhati, kan waan malu malee hin dalayne.

\*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru waan Rabbiiti,tanaaf jecha isuma, kan isaaf, galata galchuu haqa godhatu, isuma kan isa soda'aaf ,waan gaarii dalaganii waan hamtu'urraa fagaatan,

\*Warra isin dura kitaaba kennameef, yahuda'aafii nasaara'aaf,dhaamnee jirra

\*Isiniifis dhaamnee jirra,

\*Rabbi sodaadhaa jennee,waan itti ajajamtan dalaydanii ,waan irraa dhoowwamtaniirraa fagaatu'uun,sun akka qananii Rabbi addunya'aafii aakhira'atti argattani'iifi,

\*Yoo waan itti isin gorsine diddanii kafartan , ifumatti balleessitan,ifuma darartan malee ,rabbin hin darartan,waan kufriin teessan qixaaxa isinitti fidduuf jecha ,

\*Maalif wanni dachi'ii samii keessa jiru hundi waan Rab biitii ,isaatu uumee, isaatu qaba,isaan gabroottan isaati,

فَإِنَّ اللَّهَ مَعِيْ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

\*Rabbiin waan uumefii, ibaadaa isaanirraa dureessa,

وَكَانَ اللَّهُ عَنِّيْ

**131}**\*Rabbiin kan waan dalage hundarratti faaruu haqa godhatu,faarfamaa jechuu

حَمِيدًا

\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru kan Rabiiti ,yookaa waaqati,

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

**132}**\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru akka kan Rabbii taate Rabbiitu ragaa bayee, ragaan isaa qofti ni gayaa ,ragaan biraahin barbaadamu.

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ وَكِيلًا

\*Isin ilmaan aadam Rabbiin yoo fedhe isin dhabamsiiseti,

إِنَّ يَشَاءُ يُدْهِبُكُمْ أَمْ هُمْ النَّاسُ

\*Waan isin hin tayin uuma ,yookaa nama isin hin tayin bakka teessan fida,

وَيَأْتِيَتِ الْأَخْرَىٰ

**133}**\*Rabbiin kan waan sanirratti dandayu.

وَكَانَ اللَّهُ عَلَىٰ ذَلِكَ قَدِيرًا

\*Namni qananuma addunya`aa qofa argat-uu dalagu ifumatti dhiphise, mee maalif galata addunya`aa aakhira`aa barbaaduu`uf hin dalayne,

مَنْ كَانَ يُرِيدُ ثَوَابَ الدُّنْيَا

\*Galanni addunya`aa aakhira`aa Rabbuma bira jiraa, nama biraahin jiruu, maalif isarra garaa gaari`iin hin barbaanne?

فَعِنْدَ اللَّهِ ثَوَابُ الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ

**134}**\*Rabbiin kan jecha dhagayee ,dalagaa argu,kan waa takka isarrahin dhokhanne.

وَكَانَ اللَّهُ سَمِيعًا بَصِيرًا

\*Yaa warra Rabbitti amane

يَكَاهُهَا الَّذِينَ إِمَّا

\*Wal qixxummaadhan dhaabbadhaa wal qixxumma`aan dalagaa,

كُوْنُوا قَوْمَيْنِ يَأْلَقْسِطُ

\*Yoo ragaa baatan Rabbii je`aa dhaa haqaan ,ragaa bayaa, dhuga`aan ragaa tayaa,

شَهَادَةً لِلَّهِ

\*Odoo lubbuu teessanirrattilee taatee ,lubbuu ifirratti ragaa bayuun, haqa irra jiru eehamu',dhoysuu dhabu' ,

وَلَوْ عَلَىٰ أَنْفُسِكُمْ

\*Odoo haadhaa abbaa keessani rratti ammallee aanaa keessanirratti, kan ragaa baatallee taatanii, haqaan ragaa bayaa, irraan

أَوِ الْوَلَدَيْنِ وَالْأَقْرَبَيْنِ

maqinaa,

\*Namni itti ragaa baatan, yoo dureessa taye ,yookaa hiyyeessa tayes,

إِنْ يَكُنْ غَنِيًّا وَفَقِيرًا

فَاللَّهُ أَوْلَىٰ بِهِمَا

\*Rabbiitu isinirraa isaanitti aanaa, isumaatu waan isaanii tolu beekhaa, isin haala isaanii laaltanii haqarraa hin maqinaa, haqaan ragaa bayaa,

\*Hoggaa ragaa baatan waan nafseen teessan feetu jalaa hin deeminaa, dureessa kabaju'uu ragaa isaa baatanii, ammallee hiyyeessaa natani ragaa isaa baatanii,

فَلَا تَتَبَعُوا الْهَوَىٰ

أَنْ تَعْدِلُواٰ

\*Akka haqarraa meyn'eedhaf jecha jaalala lubbuu teessanii jalan deeminaa, haqaan ragaa baatan,

\*yoo ragaa bayuu keessatti haqarraa mayxan ,

وَإِنْ تَلُوْاٰ

\*Takkaa waan agartan ragaa bayuu diddan,

أَوْ تُعْرِضُواٰ

135} \*Rabbiin waan isin dalaydan akkaan keessa beekhaa, isin qixaaxu'uu taa'a.

فَإِنَّ اللَّهَ كَانَ بِمَا تَعْمَلُونَ خَيِّرًا

يَأَيُّهَا الَّذِينَ إِمْنَوْا إِمْنَوْا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

وَالْكِتَابِ الَّذِي نَزَّلَ عَلَى رَسُولِهِ

وَالْكِتَابِ الَّذِي أَنْزَلَ مِنْ قَبْلٍ

وَمَنْ يَكْفُرْ بِاللَّهِ

وَمَلِئَكَتِهِ

وَكُنْدِيهِ

وَرَسُولِهِ

وَالْيَوْمَ الْآخِرِ

فَقَدْ ضَلَّ ضَلَالًا بَعِيدًا

\*Yaa warra Rabbitti amane Rabbiifii rasuula isatti amanuu keessan jabeessaa,

\*qur'aana rasuula isaa muhammadirratti ,buusetti,amanuu,keessan jabeessaa

\*kitaaba isa dura anbiyootarratti buusettis amanaa,

\*Namni Rabbi morome, rabbiin hin jiru je'ee ,yookaa waan inni je'u moromee yookaa Rabbi wahitti fakkeessee,

\*namni ,malaaykaa ,isatti ,kafare,

malaaykan hin jirtu je'ee,

\*Namni kitaaba Rabbiin buusetti kafare, Rabbiin hin buufne je'ee,yookaa heera isaa didee,

\*Namni ergamoota Rabbitti kafare hunda isaanitti, yookaa garii isaanitti,

\*Namni guyyaa qiyama`atti kafare, guyaan boruu kan namni du'e isa keessa qabri'i ka'u hin dhufu je'ee,

136} \*Dhugumaan aqarraa. jallate, jallina haqarraa fogo'oo

\*Ormi yahuuda'aa,kan nabi muusa'atti amane,

إِنَّ الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*Kan eega sanii nabi muusa'atti kafare wa-an inni je'u didanii, dibicha tokkoon Rabbi je'anii badan,

ثُمَّ كَفَرُوا

\*Ammas eega sanii deebi'anii nabi muus-a'atti amanan ,

ثُمَّ ءَامَنُوا

\*ammas eega sanii nabi {iisan} ergamnaan itti kafarnaan,

ثُمَّ كَفَرُوا

\*ammas, eega, sanii, kufrummaa ida'atan , nabi muhammad ergamnaan itti amanuu didanii

ثُمَّ أَزْدَادُوا كُفْرًا

\*Orma yahuuda'aa kan haalli isaanii akkasii saniif Rabbiin kan araaramuun taane, waan isaan haala hamaa kana gad hin dhiisaniin,

لَعَلَّ يَكُونُ اللَّهُ لِيغْفِرَ لَهُمْ

**137}** \*Ammallee karaa haqaa isaan hin qaje-elchu maalif sharriin yookaa hamtuun ham-tuu harkiftii,akkuma haalli gaarin haala ga-arii harkisu.

وَلَا لِيَهُدِّهِمْ سِيَّلًا

**138}** Orma, munaafiqaa ,ibidda azaabaa kan isin laalessuutu isiniif jira je'ii odeessifii sod-aachisi, akka jallinarraa deebi'an, {munaafiq} jechuun; nama afaanin islaama kan gara'aan kaafiraati.

بَشِّرُ الْمُنَافِقِينَ بِأَنَّهُمْ عَذَابًا أَلِيمًا

\*Munaafiqoонni sun, milikkanni isaanii orma kaafiraati, ifirratti moosisan, yookaa aanaa godhatan,

الَّذِينَ يَنْحَذِّلُونَ الْكَافِرِينَ أَوْ لِيَأَمَّا

\*Mu'mina dhiisanii,

مِنْ دُونِ الْمُؤْمِنِينَ

\*Si guddina, orma kaafirarraa argatuu, bar-baadanii? isaan biraa hin argatan jechu',

أَيْنَغُونَ عِنْدَهُمْ الْعِزَّةُ

**139}** guddinni hundi kan Rabbii ol taye qo-faati kan nama isatti amanee kennu.

فَإِنَّ الْعِزَّةَ لِلَّهِ حَمِيعًا

\*Wanni qur'aana keessatti Rabbiin isinirr-atti buuse,

وَقَدْ نَزَّلَ عَلَيْكُمْ فِي

\*Yoo warra kaafiraa,ammallee orma munaafiqaa, kan kafaru gartan, yookaa kan naa-yata Rabbitti qur'aatti qur'aana hamtu'uun dubbatu gartan,yookaa dhageessan,

الْكِتَابِ أَنْ إِذَا سَمِعْتُمْ مَا يَكُتُبُ اللَّهُ يُكَفِّرُهُمْ

\*Orma qur'aana hamtu'uun dubbatu yookaa itti kafaru wajjiin hin taa'inaa, biraan ka'aa,  
\*Hanga isaan waan biraan dubbi'itti seenanuu,

\*Yoo warra islaama,yookaa qur'aana hamtu'uun dubbatu'uutti jiru yookaa haasawu'utti jiru bira teessanii dhaggeeffattan, isin akkuma isaanitti, dilii qabdan,

**140}** rabiin ,guyyaa ,qiyaama'aa munaafiqootafii ,kaafira ibidda jahannam keessatti walitti qaba.

\*Ormi munaafiqaa sun, hoggaa lola kaafiratti isin seentan, yaada hamaa isinitti yaada'aati isin eegan,

\*Duuba yoo Rabiin lola san keessatti isin milkeesee,kuffaara injifattanii ,horii isaanii boojitan,

\*Wanni isaan je'an;nuti isiniin wajji jirraa mitii, waan boojitan nuu qoodaa je'an,

\*Ammoo yoo kaafirri mirga argate,

\*Ammoo ormi munaafiqaa Kun, wanni orma kuffaaratiin je'u; si nuti tanaan dura, isinirra aannee, kanuma silaa isin ajjeesuu dandeenyu du'a isinirraan oolchinee?

\*Akkasuma orma mu'minnaa isinirraan naa

isinirraan dhoowwinee?akka isaan isinittin duulle goonee ,mala ,hamilee isaanii cabsee isinitti duuluu, isaan dhoowwu dura keenyee, hanga isin isaanitti duultanii, cabsitanitti, tanaaf jecha harka isinirraa qabnaa, galata nuu galchaa, orma kuffaaratiin je'an,

\*Rabiin guyyaa qiyaama'aa isiniiffi warra munaafiqaa jiddu'utti dubbii mura, mu'mina jannata seensisee ,munaafiqaa ibidda seensisee,

**141}** \*Rabiin kaafira, mu'mina ,dhuga'arra hin aansu, addunya'aafii aakhira'atti , mu'minaafii,kaafirri ,yoo wahirratti wal falman, namni ratta'u mu'mina .

\*Munaafiqoonni afaanin amanee ,gara'a an

وَيُسْهِرُ أَهْلًا فَلَا نَقْعُدُ مَعَهُمْ

حَقَّ يَخُوضُوا فِي حَدِيثٍ غَيْرِهِ

إِنَّكُمْ إِذَا مُشَاهِدُهُمْ

إِنَّ اللَّهَ جَامِعُ الْمُتَّفِقِينَ وَالْكَافِرِينَ فِي جَهَنَّمَ

جَمِيعًا

الَّذِينَ يَرْبَصُونَ بِكُمْ

فَإِنْ كَانَ لَكُمْ فَتْحٌ مِّنْ اللَّهِ

قَاتُلُوا اللَّهَ نَكْنُونَ مَعَكُمْ

وَإِنْ كَانَ لِلْكَافِرِينَ تَحْيِيْبٌ

قَاتُلُوا اللَّهَ نَسْتَحْيِيْ عَلَيْكُمْ

وَنَمْنَعُكُمْ مِّنَ الْمُؤْمِنِينَ

فَأَلَّا يَحْكُمُ بِيَقِنَّةٍ يَوْمًا لَّيْئَمَةٍ

وَلَنْ يَجْعَلَ اللَّهُ لِلْكَافِرِينَ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ سِيلًا

إِنَّ الْمُتَّفِقِينَ يُخَذِّلُونَ اللَّهَ وَهُوَ خَذِيلُهُمْ

kafaru'uun, Rabbi u'uun Rabbi ganan warra Rabbitti amane ganan, ammoo Rabbiin isaan gana, akkana jechuun; isaan qixaaxa jechu',

\*Ormi munaafiqaa hoggaa salaatu, hifannootan salaata,

\*Hanguma salaatan sanuu, haa namni nu argu'uufi salaatan,

**142} \*Waa xiqqa malee Rabbi hin zakkaran.**

وَإِذَا قَامُوا إِلَى الصَّلَاةِ قَامُوا كُسَالَىٰ

مُرَأَءُونَ النَّاسَ

وَلَا يَذْكُرُونَ اللَّهَ إِلَّا قَلِيلًا ﴿١٤٢﴾

مُذَبَّدُونَ بَيْنَ ذَلِكَ

لَا إِلَّا هَوْلَاءُ وَلَا إِلَّا هَوْلَاءُ

وَمَنْ يُضْلِلِ اللَّهُ فَلَنْ يَجِدَ لَهُ سَبِيلًا ﴿١٤٣﴾

يَأَيُّهَا الَّذِينَ إِذَا مَأْمُوا لَا يَتَّخِذُوا أَلْكَفِيرِينَ أَوْ لِيَاءً

مِنْ دُونِ الْمُؤْمِنِينَ

أَتُرِيدُونَ أَنْ تَجْعَلُوا اللَّهَ عَلَيْكُمْ سُلْطَانًا

مُّبِينًا ﴿١٤٤﴾

إِنَّ الْمُنَتَّقِينَ فِي الدَّرِكِ الْأَسْفَلِ مِنَ النَّارِ

وَلَنْ يَجِدَ لَهُمْ نَصِيرًا ﴿١٤٥﴾

إِلَّا الَّذِينَ تَابُوا وَأَصْلَحُوا

وَأَعْصَمُوا بِاللَّهِ

وَأَخْلَصُوا دِينَهُمْ لِلَّهِ

\*Yaa warra Rabbitti amane, warra Rabbitti kafare awliyaa hin godhatinaa, ifirratti hin moosisinaa jechu',

\*Orma mu'minaa dhiiftanii, mu'minaa achitti jecha',

**144} \*Si kuffaara ifirratti moosisu'uun akka munaafiqaa taatan, Rabbi agarsiisuu feetanii? ragaa mul'ataa ifirratti dhaabuu feetanii.**

\*Munaafiqoonni aakhira'atti ibidda azaabaa gama jalatti gubatan, bakka jalaa , yookaa boolla jalaa,tan ibiddaa keessatti qixaaxaman

**145} \*Nama ibidda jalaa isaan baasu isaanif hin agartu.**

\*Warra munaafiqarrraa deebi'ee, waan ballesse tolche, yookaa waan gaarii dalage malee,

\*Kan Rabbii isaanii qofa abdatan, kan karaa isaa qofa qabatan,

\*Kanneen dalagaa diinnaa isaanii Rabbiif qu-lqulleessanii dalagan ,kan namni haa nu arg-

فَأُولَئِكَ مَعَ الْمُؤْمِنِينَ

وَسَوْفَ يُوتَّ أَلَّهُ الْمُؤْمِنِينَ أَجْرًا عَظِيمًا

مَا يَفْعُلُ اللَّهُ بِعَدَ إِيمَانٍ شَكِيرٍ

وَإِمَانُهُمْ وَكَانَ اللَّهُ شَاكِرًا عَلَيْهِمَا

\* لَا يُحِبُّ اللَّهُ الْجَهَرُ بِالشَّوْءِ مِنَ الْقَوْلِ

إِلَّا مَنْ ظُلِمَ

وَكَانَ اللَّهُ سَيِّعًا عَلَيْهِ

إِنْ ثَبَدُوا خَيْرًا وَلَا تُخْفِيُوهُ

أَوْ تَعْفُوا عَنْ سُوءِ

فَإِنَّ اللَّهَ كَانَ عَفْوًا قَدِيرًا

إِنَّ الَّذِينَ يَكْفُرُونَ بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

وَيُرِيدُونَ أَنْ يُفْرِغُوا بَيْنَ اللَّهِ وَرَسُولِهِ

وَيَقُولُونَ نُؤْمِنُ بِعَصِ

u'uuf hin dalayne,

\*Jarri akkatti,karaa Rabbitti deebi'e sun ,warr'a mu'mintoota wajji jiru, kan waan mu'mintoonni argatu argatan,

**146}**\*Rabbiin warra isatti amaneef ,galata guddisee kenu'uu jiraata,jannata isaan seensisu'uun .

\*Rabbiin isin qixaaxuu , maal itti godha yoo isin galata isaaf galchitanii itti amantan, isin hin qixaaxu jechuu

**147}**\*Rabbiin kan warra dalagaa gaarii dalaageef jannata kennu,kan galata isaanii galchu, kan nama galata haqa godhatu beekhu.

\*Rabbiin dubbiihamtuu ol fuudhanii ,namaan je'uu hin jaalatu, irratti nama qixaaxa jechu',

\*Yoo dubbii nama miidhamee taate malee

namni miidhame nama isa miidhe hamtuu inni isa godhe dubbatee himatuu ni qaba, akkuma nama isa arrabse waan inni isaan je'e itti deebisee arrabsuu qabu, takkaayuu abaaruu qabu,

**148}**\*Rabbiin kan waan je'amu dhagayu, kan waan dalagame beekhu.

\*Dalagaa waan gaari'ii yoo mul'iftan, takkaa yoo dhoysitanii dalaydan,

\*Takkaa yoo hamtuu isintti dalagamte dhifama namaa gootan yookaa araaramtan sun waan Rabbiin jaalatu,

**149}**\*Rabbiin kan hamtu'urra namaaf dabru ,odoo nama qixaaxuu dandayuu ,kan waa takkalleen isan dadhabsiifne.

\*Warri Rabbiifii ergamoota isatti kafaru takkaayuu moromu,

\*Kanneen Rabbiifii erga moomta isaa addaan baasuu fedhan ,Rabbitti amananii ergamoota isatti amanuu didu'uun,

\*Kanneen garii ergamoota Rabbitti amann-

eeti,gari'itti kafarra je'an, isaan yahuuda'aafii nasaara'aa ,maalif yahuudan nabi muusa'atti amanteeti nabi iisa'aafii nabi Muhammaditti kafarte, ammoo nasaaran nabi iisa'atti amanteeti nabi muhammaditti kafarte

**150}\***Jarri sun kufri'iifii amantii jidduu karaa baafatu'uuf deeman,kan karaan kufri'iifii iimaanaa jidduu inuman jirre.

\*Jarri sun jara dhugumaan kafare,

**151}\***Warra akkatti kafareef azaaba isaan xiqqeessu isaanii qopheessinee jirra.

\*Warri Rabbiifii ergamoota isaa hundatti amane yookaa dhugo'oomse, kanneen Rabbiifii anbiyoota addaan hin baafne,

\*Ammallee kanneen anbiyoo ta Rabbii addaan hin baafne, gari'itti amananii gari'itti kafaru'uun ,

\*Rabbiin warra akkatti amane saniif galata

guddaa kennu'uu jiraata, jarri sun orma islaamati kan Rabbii tokkichatti amananii anbiyoota isaa hundatti amanan, isaan obboleeyanii gabroottan Rabbiitii yaadu'uun wajji,

**152} \***Rabbiin kan warra isatti amaneef aramee, rahgmata isaanif godhu.

\*Yaa ergamaa kiyya muha Mmad warri towraat, yaahuudan, si gaafatu'uuf teessi,

\*Kitaaba guutuu hogguma takkatti sami`ir-

raa isaanirratti buusuu si gaafatan, qur'aanni suuraa suura'aan aayataan waytii adda addaa keessatti bu'aadhaa guutame, akkuma wanni heera ummataa addeessun barbaadamu argamtuun, hanga walii galli qur'aanaa amata yookaa bara diiddamii sadii keessatti buufametti,duuba yahuudan qur'aana akkanatti buufame kana qeebaluu diddeeti, yoo qur'aana hunda bakka takkaa sami'ii narratti buufte malee sittin amannu je'anii nabi Muhammad rakkisu'uuf jecha, irra barbaadan, hoggaa san Rabbiin nabi Muhammadiin wanni isaan si gaafatan kun sitti ulfaattee sin rakkisin je'e,

\*Maalif isaan tanaan dura waan kanarra gudda'aati yookaa sanirra jiru, abbootin isaanii nabi muusaa gaafattee jirti , kun badii ilmaan abbootii isaanirraa dhaalanii jaalatanii,

وَنَكُّلْ قُرُبَيْضِ وَيُرِيدُونَ أَنْ يَتَّخِذُوا بَيْنَ

ذَلِكَ سَيِّلًا

أُولَئِكَ هُمُ الْكَفِرُونَ حَقًّا

وَأَعْتَدْنَا لِلْكَفِرِينَ عَذَابًا مُهِينًا

وَالَّذِينَ آمَنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

وَلَمْ يَفِرُّ قَوْبَابَيْنَ أَحَدٌ مِنْهُمْ

أُولَئِكَ سَوْفَ يُؤْتِيهِمْ أُجُورُهُمْ

وَكَانَ اللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا

يَسْتَأْكِلُ أَهْلَ الْكِتَبِ

أَنْ تُنَزَّلَ عَلَيْهِمْ كِتَبًا مِنَ السَّمَاءِ

فَقَدْ سَأَلُوا مُوسَى أَكْبَرَ مِنْ ذَلِكَ

\*Wanni isaan nabi muusaa gaafatan mee  
Rabbi dirree baasii ijaan nu garsiisi hoggaa  
san sitti amannaa je'an,

فَقَالُوا أَرِنَا اللَّهَ جَهْرًا

\*Duuba duuti isaan fuute, yookaa ibiddi  
isaan gubee dhuman,

فَأَخْذُنَاهُمُ الظَّبْعَةَ

\*Sababaa isaan waan Rabbiin je'u didanii  
waan biraa barbaadaniif,

يُظْلِمُهُمْ

\*Duuba eegasii ormi yahuuda'aa sun dibi-  
cha tokko Rabbi je'anii qabatanii ibaadan,  
takkaa gabbaran,

ثُمَّ أَخْذُنَاهُمُ الْعِجْلَ

\*Eeguma mukgjizaan iiamaanatti isaan ka-  
aftu, mul'attuun, Rabbirraa isaanii dhuftee  
arganii, eeguma ragaa amanti'ii arganiyyi ka-  
faran, yookaa moroman, dibichaan Rabbi  
je'anii,

مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَهُمُ الْبَيْتَنَتْ

\*Duuba balleessa isaanii san irra dabarreefii  
kan lafarraa isaan hin dhabamsiisin, dhiifne,  
**153}**\*Ammoo nabi muusa`aaf irree mul'a-  
ttuu kenninee, dirqi'iin amanti'itti isaan dee-  
bise eeguma kafaranii.

فَعُفُونَاعَنْ ذَلِكَ

وَإِاتَّنَا مُوسَى سُلْطَنًا مُّبِينًا

\*Gaara xuur je'amu buqqifhee isaan soda-  
chisu'uu jecha, akka waan nuti jennuun qee-  
balan, mataa isaanii gubbaa qabne, akka sab-  
abaa saniin baallama isaan seensifne eeh-  
aman,

وَرَفَعْنَاقُهُمُ الطُّورَ بِمِشَقِهِمْ

\*Oodo gaarri sun akka xilla`atti mataa isa-  
anii gubbaa jiruu, yookaa dhaabbatuu, wa-  
nni isaanin jenne; hulaa yookaa balbala ga-  
nda kanaa gad godha'aa seenaa, gad godh-  
ata'aa seenaa,

وَقُلْنَا لَهُمْ أَدْخُلُوا الْبَابَ سُجَّدًا

\*Ammas wanni jenneen guyyaa sabti'ii qur-  
xummii al'oolu'uun dili'itti hin seeninaa, yo-  
okaa cubbu'utti hin seeninaa,

وَقُلْنَا لَهُمْ لَا تَعْدُوا فِي السَّبَّتِ

**154}**\*Akka waan isaanin

وَأَخْذُنَاهُمُ مِّيقَاتَهُمْ

\*Duuba sababaa isaan baallama isaanii dii-  
ganiif jecha, isaan abaarree jaldeessafii khar-  
karroo isaan goone,

فِيمَا نَقْضِهِمْ مِّيقَاتَهُمْ

\*Ammallee sababaa isaan aayata Rabbitti  
kafaraniif,

وَكُفَّرُهُمْ بِأَيَّتِ اللَّهِ

\*Ammallee waan isaan anbiyoota haqaan male'etti, ajjeessaniif,

وَقَاتَلُوكُمُ الْأَنْبِيَاءَ بِغَيْرِ حَقٍّ

\*Ammallee sababaa isaan nabi Muhamma-diin qalbiin teenya qolofa qabdii, takkaayuu duuda'aa waan ati jettu hin dhageenyu je'a-niif isaan abaarre,

وَقَوْلُوكُمْ قُلُوبُنَا غُلْفٌ

\*Isaan waan qolofni qalbii isaanirra jiraatu'uuf waan nabi Muhammad je'u dhagayuu hin dhabnee sababaa isaan kafaraniif Rabbiiin qalbii isaanii duuchee, haqa fudhatuu didan

بَلْ طَبْعَ اللَّهِ عَلَيْهَا كُفْرُهُمْ

**155}** \*Tanaaf jecha yahuuda'arraa nama xiqa-  
qaa malee hedduun hin amanu.

فَلَا يُؤْمِنُونَ إِلَّا فَيَلْأَسُونَ ١٥٥

\*Ammas sababaa isaan nabi iisa'atti kafar-uutif, isaan abaarre,

وَكُفْرُهُمْ

**156}** \*Ammallee waan ormi yahuudi`ii sun

وَقَوْلُوكُمْ عَلَى مَرِيمَ بِهِتَنَاعَظِيمًا ١٥٦

haadha nabi iisa'aa maryamiin arraba hamaa je'anii, waan kijibaa irra kaayaniif jecha isaan abaarre, wanni isaan isi'iin je'an, gumnittii yookaa sharmuuxa je'anii, waan isiin hin qabne irra kaayan, Rabbiiin garaa isi'ii keessatti nabi iisaa abbaa malee uumnan, akkuma nabi aadam haadhaa abbaa malee uumetti, akkuma hawwaa abba'arraa haadha malee uumetti, maalif Rabbiiin waan fedhe akka fedhetti uumuu dandaya.

وَقَوْلُوكُمْ إِنَّا قَاتَلْنَا الْمَسِيحَ عِيسَى ابْنَ مَرِيمَ رَسُولَ

الله

\*Ammas wanni yahuudaa abaarref sababaa isaan nabi iisaa, rasuula Rabbii, ajjeefne je'anii dhaaddataniifi,

وَمَا قَاتَلُوكُمْ وَمَا صَلَبُوكُمْ

\*Ormi yahuuda'aa nabi iisaa hin ajjeefne ammallee hin rarraafne eega ajjeessanii, {sgalabuhu} jechuun; rarraasu' jechu, yookaa fannisu' {eega ajjeesanii} takkaa dura,

وَلَكِنْ شَيْءَهُ لَهُمْ

\*Haa tayuu kan isaan ajjee sanii rarraasan, {nama nabi iisa'atti fakkeeffame},

وَإِنَّ الَّذِينَ أَخْنَفُوا فِيهِ لَغَى شَيْءٌ مِنْهُ

\*Warri nabi iisaa keessatti wal dhabe nabi

iisaa ajjeesu'urraa shakkii yookaa mama qaban, maalif hoggaa nama ajjeefame san argan gariin isaanii, namni kun fuulan nabi iisaa fakkaata malee, qaamni yookaa nafni isaa kan nabi iisa'atii mitii, tanaaf jecha inni waa iisa'aa mitii je'e, ammoo gariin isaanii lakkii iisaadhaa je'e,

\*Nabi iisaa ajjeesuu keessatti hubantii hin qaban, jala deemanii ajjeefne je'an malee,

مَا لَهُمْ بِهِ مِنْ عَلِيهِ

\*Seyiinsa, ajjeefnee seyan

إِلَّا أَبْنَاءُ الظَّنِّ

157} \*Akka ajjeesan hin hubanne

وَمَا قَنَطُوا هُوَ يَقِينًا ١٥٧

\*Rabbiin yahuudan nabi iisaa ajjeessu `uu

بَلْ رَفَعَهُ اللَّهُ إِلَيْهِ

itti kaanan bifa nabi iisa'aa nama yahuuda'aa tokkorra khaayee ormi yahuuda'aa namicha isaanii san nabi iisaa seyanii ajjeesan, ammoo nabi {iisaa} jibriil fuudhee samii baasee hanga qiyaaman dhiyaattutti samii lammeysa'aa keessa taa'a ,akkanatti, Rabbiin miidhaa yahuuda'aa jalaa nabi iisaa baasee ol fuudhe,

\*Rabbiin jabaa waa takkalleen isan injifannee,

وَكَانَ اللَّهُ عَزِيزًا

158} \*Kan akka malu malee hin dalayne kan

حَكِيمًا ١٥٨

dalagaan isaa hundinuu akkaa. Dubbii nabi iisa'atti rarraaturraa wanni nuu odeffame;jarri yahuuda'aa tokko nabi iisa'aafii haadha isaa maryam arrabsinaan ,iisan ilma abbaan qabne je'anii haadha isaatin gumnaa je'anii. duuba nabi iisan wanni je'ee Rabbi khadhate;yaa Rabbii kiyya siitu dandeytii teetin abbaa malee garaa haadha tiyyaa keessatti na uumee akkuma aadam haadha abbaa male'etti uumte ,orma yahuudi'ii kan na arrabsu kana narraa dhoowwi je'ee, Rabbi khadhannaan Rabbiin jara isa arrabse san jaldeesafii kharkarro'otti gara galche, hoggaa san yahuudan aartee nabi iisaa ajjeessu'uuf muratte, duuba Rabbiin nabi iisa'aan orma yahuudi'ii kana keessaa si baasetan, samii malaaykaa keessa si geessa je'ee beysisee gammachiise, duuba hoggaa yahuudan iisaa ajjeessu'uuf mana tokko keessatti marsitee,nama mana san seenee isa ajjeesu itti ergitu, jibriil dhufeti, sammuu manaa keessan nabi iisaa mana sanii fuudhee samii baase, ammoo namicha yahuudi'ii kan nabi iisaa ajjeesuu mana san seene Rabbiin nabi iisaa fekkeessee akka namni isa argu nabi iisaa seyu isa godhe, duuba hoggaa namicha sun, nabi iisaa dhabee, orma yahuudi'ii kan maanaan marsee dhaabbatutti gad bayu nabi iisaadha je'aniiti gamaa gamanaa itti jiganii ajjeesan, haa tayuu ormi yahuuda'aa sun eegasii wanni irratti wal dhabe namichi nuti ajjeefne kun yoo iisaa taye, namichi nuti itti ergine eessa dubre? yoo kan nuti ajjeefne nama nuti ergine taye,iisan eessa dubre?waliin je'an, warri nabi iisaa ajjeesu'uu murate,ajjeefnemoo hin ajjeefnee keessatti shakki'itti hafanii hubantiin qaban, ammoo Rabbiin nabi iisaa dandeytii isaatin abbaa malee uume ,akka dandeytii isaatin,nabi iisaa yahuudaa jalaa baasee, samii geesse nuu addeessee jira,akka inni hin ajjeefamin hin fanifamin nuu ibsee jira.

\*Namni yahuuda'aafii nasaara'arra taye kan

وَإِنْ مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ إِلَّا يَؤْمِنُ بِهِ قَبْلَ مَوْتِهِ

odoo hin dune nabi iisa'atti hin ammanne , hin jiru gaafni isaan itti amanan hoggaa duuti itti dhuftee lubbuun keessaa bayu'uu kaate, hoggaa san akka nabi iisan gabricha Rabbii taye dhugo'oomsan, haa tayuu iimaanni akkasii isaan hin

fayyadu,yookaa ma'naa isaa warri yahuuda'aafii nasaara'aa kanneen zamana nabi iisan sami'ii bu'u jiru hundi isaanii itti amanu'uuf jiraata, maalif wanni nabi Muhammad nuu odeeyse; odoo qiyaaman hin dhaabbanne duratti nabi iisan sami'ii bu'ee saliibafii, kharkarroo dhabamsiisee wal qixxumma'an karaa islaamarratti ummata mara, yookaa hunda deemsisa, gaafa san addunyaan quuftee quuftee, namni hori'itti haajamu dhabama, duuba yahuuda'aafii nasaara'arraa namni gaafa san jiru hundi nabi iisa'atti amanu'uu taa'aa, karaa islaamaa malee karaa bira , yookaa diinaa bira Isaanirraa hin qeebalu,

**159} \*Guyyaa qiyaama'aa nabi iisan yahuu-**

وَيَوْمَ الْقِيَمةِ يَكُونُ عَلَيْهِمْ شَهِيدًا ﴿١٥٩﴾

da`aafii na saara'arratti raga baya,wanni orma yahuudi'itti ragaa bayuun; akkan an rasuula, ergamaa Rabbii taye dhugo'oomsuu didan jechu', ammoo wanni orma nasaara'arratti ragaa bayuun;ilma Rabbii je'aniiti Rabbii naafii waan bira hunda uumetti na qixxeessan odo'on an,an gabricha Rabbiiti je'uu didanii Rabbi naan je'an,anakkana naan je'aa hin jenneen je'eeti nasaara'arratti ragaa bayee qixaaxamu'uu jiraatan, guyyaa boruu.

\*Sababaa ormi yahuuda'aa dilii dalageef yookaa cubbuu dalageef, {haaduu} jechuun: yahuudaa jechu'uu,

فَيُظْلَمُ مَنْ أَنْذَىٰكَ هَادُوا

\*Waan gaarii duraan halaala isaanif godhame kan duraan nyaatuu qaban haraam Isaanirratti goone, yookaa nyaatu'urraa Isaan dhoowwine,

حَرَّمَنَا عَلَيْهِمْ طَبِيعَتِيًّا أَحَلَّتْ لَهُمْ

**160} \*Ammas sababaa Isaan diinaa Rabbi-rraa nama hedduu dhoowwaniif jecha.**

وَيُصَدِّهُمْ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ كَثِيرًا ﴿١٦٠﴾

\*Ammas sababaa horii dhalaa yookaa riba'aa nyaataniif jecha, qarshii takka namaa kennanii, sanii ol namarriaa fudhatanii, kan Rabbiin kitaaba Isaanii towraat keessatti irraa Isaan dhoowwee jiru,

وَأَخْذُهُمُ الْرِّبَوْأَ وَقَدْ مُهْوَاعَنْهُ

\*Ammas sababaa ormi yahuuda'aa sun

وَأَكْلُهُمْ أَمْوَالَ النَّاسِ بِالْبَطْلَلِ

horii namaa haqa malee nyaataniif karaa gubboo yookaa gunaa namarriaa fudhatu'uutin, duuba waan hamtuu yahuudan dalayde kanaa jecha, waan gaarii heddu'urraa Isaan agabsine, waan duraan Isaanif gayu, kan Isaan dilii dalayn-aa irraa dhoowwaman aayata bira keessatti Rabbiin nuu dubbate,

**161} \*Orma yahuuda'aa nama Rabbitti kafeer azaaba laaleessaa qopheessinee jirra**

وَأَعْتَدْنَا لِلْكُفَّارِ مِنْهُمْ عَذَابًا أَلِيمًا ﴿١٦١﴾

\*Ammoo orma yahuuda'arraa jarri akka an beekkomsa keessatti cime, kan beekkomsa

لَكِنَ الرَّسُولُونَ فِي الْعِلْمِ مِنْهُمْ

Rabbiin towraat keessatti buuse qabu kan hin jirjiirin kan akka abdullaahi ibnu salaam,  
\*Ammas muhaajirootafii ansaaronni, warri makkarraa madiina'atti galeefii warri madiina'aa kan islaamaye,

وَالْمُؤْمِنُونَ

Waan Rabbiin sIRRATTI buuse qr'aanatti ni amanan,

يُؤْمِنُونَ بِمَا أُنزِلَ إِلَيْكَ

\*Kitaabban si dura buufamettis ni amanan, namaatu jirjiire malee Rabbumaatu buusee yaadan,

وَمَا أُنزِلَ مِنْ قَبْلِكَ

\*Isaan warra salaata salaatu,

وَالْمُقِيمِينَ الصَّلَاةَ

\*Ammas isaan warra zakaa baafatu,

وَالْمُؤْمِنُونَ الْزَكْوَةَ

\*Warra Rabbiifii guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomsu kanneen waan addunya'arratti dalayne guyyaa boruu irraa gaafat-amnaa yaadan,

وَالْمُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ

**162}**\*Jara akkatti amaneef galata guddaa kenu'u jiraanna,sun jannata isaan seensi-freee ,waan fedhan isaanii kenu'u

أَوَّلَكَ سَنَوْتَهُمْ أَجْرًا عَظِيمًا

﴿ إِنَّا أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ كَمَا أَوْحَيْنَا إِلَى نُوحٍ وَالنَّبِيِّنَ

مِنْ بَعْدِهِ

وَأَوْحَيْنَا إِلَى إِبْرَاهِيمَ وَإِسْمَاعِيلَ وَإِسْحَاقَ

وَيَعْقُوبَ وَالْأَسْبَاطِ وَعِيسَى وَأَيُوبَ

وَيُوسُفَ وَهَرُونَ

وَسَلِيمَانَ

وَإِتَّيَّنَا دَاؤِدَ زُبُورًا

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad akkuma nabi nuuhgifii anbiyoota isa booda erginee shari'aa isaan barsiifne, sis erginee shari'aa si barsiifne,

\*Akksuma nabi ibraahimifii ilmaan isaa lamaan ismaa'iilifi ishgaaq erginee shari'aa barsiifne,

\*Akkuma nabi {yakgquubifii} ilmaan isaa kanneen ilmaan isaa kanneen {asbaax} je'-aman ergine,akkuma nabi iisa'aa fii ayyuub ,yuunus ,haarun, erginetti sis ergine, akkuma shari'aa isaan barsiifnetti si barsiifne,

\*Akkuma nabi sulaymaan ergine si ergine

**163}**\*Nabi daawuudif kitaaba zabuur je'amuu kenninee jirra,akkuma qr'aana siif kennine.

\*Ergamoota hedduu tanaan dura siif ode-ssine erginee jirra,

وَرَسُلًا قَدْ قَصَصْنَاهُمْ عَلَيْكَ مِنْ قَبْلُ

وَرَسُولًا لَمْ نَقْصُصْهُمْ عَلَيْكُمْ

\*Ammallee ergamoota hedduu tanaan dura  
qur'aana keessatti siif hin odeessin erginee  
jirra,

164} \*Nabi muusaa Rabbiin girdoo malee

dubbisee jira wanni yaadun narratti jiru, ergamoonni Rabbiin hedduu lakkooysa  
isaanii isa malee namnin beyne, haa tayuu ergamoota diiddamii shan kan Ra-  
bbiin qur'aana keessatti dubbate maqaa isaanii beekhun waajiba yookaa dirqi'i,  
isaan :

Nabi Aadam, Idriis, Nuuhg, Huud, Saalihg, Ibraahiim, Luux, Ismaakgil,  
Ishgaaq ,Yakgquub ,Yuusuf, Ayyuub ,Shukgeyb, Haaruun,Muusaa, Alyasa',  
Zalkifli, Daawuud, Suleymaan, Ilyas, Yuunus, Zakariyyaa, Yahgyaa, Iisaa,  
Muhammad nageenyi Rabbiin hunda isaanirratti haa jiraatuu.

وَكَلَمَ اللَّهِ مُوسَى تَكَلِّمَا

١٦٤

\*Warri Rabbiin erge kun ergamoota warra  
Rabbitti amane jannataan gammachiisu, ka-  
nneen warra Rabbitti kafare azaaban soda-  
achisu,

رُسُلًا مُبَشِّرِينَ وَمُنذِرِينَ

\*Wanni Rabbiin anbiyoota isaa ergee

لَتَّلَأَ كُونَ لِلنَّاسِ عَلَى اللَّهِ حَجَّةً بَعْدَ الْرُّسُلِ

karaa gaari`ii hamaa gabroottan isaatif adda babaasef, akka warri bade waan  
himatu dhabu'uufi, maalif odo anbiyoota ergee gabroottan isaa qajeelchuu ba-  
atee,wanni guyyaa qiyama'aa je'an;yaa Rabbii keenya maalif anbiyaa ergitee  
nun qajeelchin, silaa ni amannaa, wallaalatu amanuu nu dhoowwe je'an, du-  
uba akka warri jallate guyyaa qiyama'aa waan himatu dhabuuf Rabbiin  
anbiyaa ergee karaa jannataatifii karaa azaabaa adda babaasef,

165}\*Rabbitiin jabaa hin injifatamne, kan  
dalagaan isaa marti akka malee hin taane.

وَكَانَ اللَّهُ عَزِيزًا حَكِيمًا

١٦٥

\*Rabbitiin akka ati ergamaa isaa taate ragaa  
siif baya,

لَنِكَنَ اللَّهُ يَشَاءُ

\*Waan sIRRATTI buusen raga siif baya qur`aa-

بِمَا أَنْزَلَ إِلَيْكُمْ

nafii mukgjiza'aan.mukgjizaan waan aada'atti hin argamne nabi Muhammadii  
kennu', waan nabi Muhammad je'u dhugo'oomsu'uu jecha, akka nama du'e  
isaaf jiraachisu'uu,akka mukni isarratti salaammatu'uu ,akka bineensi isaanir-  
ratti salaammatu'uu, ammallee bineensi itti amanu'uu, kan kuffaarri san argee  
islaamayu, wanni Rabbitiin waan aada'atti hin argamne nabi Muhammadii arga-  
msiisuf akka inni ergamaa isaa taye ragaa isaa bayu'uufi,akka nabi Muha-  
mmad waan dubbatu hunda keessatti dhugaa dubbatu beysisu'uu, silaa odo  
nabi Muhammad dhugaa dubbatuu baatee, Rabbitiin mukgjiza'aan isa hin jabe-  
essu, irra guddoon mukgjiza'aa qur'aana Rabbitiin nabi Muhammaddirratti buuse,

\*Kan beekkomsa isaatin buuse, akka nabi

أَنْزَلَهُ بِعِلْمٍ

Muhammad isarratti buusuu haqa godhatu baakaadhaa, ammallee akka qur'a-ana isarratti buusuu keessa dantaan gabroota isaa jirtu beeka'aa, isarratti buu-see, akka inni ergamaa isaa taye ragaa isaa baye,

\*Malaaykan Rabbiitis akka ati ergamaa Ra-bbii taate ragaa siif baati,

وَالْمَلَائِكَةُ يَشْهُدُونَ

166}\*Rabbiin qofti akka ati ergamaa isaa

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ شَهِيدًا ﴿١٦﴾

isaa taate qur`aanafii waan biralle'een ragaa bayuun ni gayaa ragaan biraahin barbaadamu , wanni Rabbiin aayata dabarsine tana buusef nama arabaa kan islaamayuu deemu tokkootu orma yahuudi'iitin, Muhammadiin ergame kun ,kan isin bifa isaa towraat keessatti agartanii? Je'ee, gaafannaan ragaa bayuu didanii,aayata nabiyummaa nabi Muhammad dubbattu,tan towraat keessa jirtu dhoysan, duuba hoggaa san Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e; yoo isaan ragaa bayuu diddan, Rabbiifii malaaykan isaa akka nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye ragaa tayanii, ragaan biraahin barabadamu, ragaan Ra-bbii qofaatinuu ni gaya je'een.

\*Warri nabi Muhammadiitti kafare,isa kijib-siisu'uun,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Kan diinaa islaamarraa nama dhoowwan

وَصَدُّوْا عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

167}\*Jarri sun dhugumaan jallina haqarrraa fago'oo jallatan.

قَدْ ضَلَّوْا ضَلَالًا بَعِيدًا ﴿١٦٧﴾

\*Warri Rabbitti kafare,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Kan nabi Muhammadiitti roorrise,bifa nabi muhammad milikkata isaa dhoysu'uun

وَظَلَمُوا

\*Rabbiin kan isaanii araaramuu miti, kan isaan maaru hin taane,

لَمْ يَكُنْ اللَّهُ لِيَعْفُرْ لَهُمْ

168}\*Ammallee kan karaa isaan qajeel-chuu miti.

وَلَا يَهِدِّيهِمْ طَرِيقًا ﴿١٦٨﴾

\*Yoo karaa ibidda jahannam taate malee ,

إِلَّا طَرِيقَ جَهَنَّمَ

\*Isaan eega ibidda san seenanii keessan bayanii, zalaalamii keessa taa'anii gubatan,

خَلِدِينَ فِيهَا أَبَدًا

169}\*Orma kufri'irratti du'e zalaalamii ibidi issaan guuun waan Rabbirratti laafu, akka akkasitti gubatan godhuun waan Rabbi dhibuu miti.

وَكَانَ ذَلِكَ عَلَى اللَّهِ يَسِيرًا ﴿١٦٩﴾

\*Yaa warra makkaa, yookaa yaa ilmaan  
aadam ergamaan haqaa islaaman Rabbii ke-  
essanirraa isinitti dhufee

يَأَيُّهَا النَّاسُ قَدْ جَاءَكُمُ الرَّسُولُ بِالْحَقِّ مِنْ

رَبِّكُمْ

\*Itti amanaa,

فَعَمِلُوا

\*Waan gaarii dalagaa, waan hamtu'urraa  
dhoowwamaa,santu kheyrii isiniif qabaa,  
santu waan isin keessa jirtanirra isiniif  
caalaa

خَيْرًا لَّكُمْ

\*yoommoo nabi Muhammaditti kafartan  
ifuma miitan malee, waa takka Rabbirraa  
hin ir'iftan maalif,

وَإِنْ تَكُفُّرُوا

\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru hundi wa-  
an Rabbiiin qabu, isaatu uumee isaatu qaba,

فَإِنَّ اللَّهَ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Rabbiiin nama amaneefii kan kafare adda  
beekha

وَكَانَ اللَّهُ عَلَيْهَا

**170}**\*Kan hikmaa qabu,mu` minaafii kaafira  
wal hin qixxeessu, kan amane jannata gee-  
sseti, kan isa morome azaaba geessa.

حَكِيمًا

\*Yaa warra kitaabaa isaan yahuuda'afii nas-  
aara'aa yookaa kiristaanaa,

يَأَهْلُ الْكِتَابِ

\*Diinaa keessan keessatti wasanaa hin

لَا نَغْلُوْ فِي دِينِكُمْ

bayinaa, yahuudan dubbii nabi iisa'aa keessatti wasanaa yookaa daanga'aa ba-  
ate,nabiyyummaa nabi iisa'aa eehamu diddee, inumaa wasanaa baatee {iisan} ilma sharmuuxati jette, nasaaranis, ormi kiristaanatis dubbii {iisa'aa} keessatti wasanaa baate inni ergamaa Rabbii tayuu yaaduu dhiiftee, inni ilma Rabbiiiti jettee, darajaa isaatii ol isa baafte, akkuma yahuudan darajaa isaatii gad isa buufte, yaanni jidduu jireysi dubbii nabi iisa'aa keessatti inni gabricha Rabbiiiti, ergamaa isaati jechu', duuba Rabbiiin warra towraatifii injiilin yaada jiddu jireysa kanarrraa hin bayinaa je'eeti gorse,

وَلَا تَقُولُوا عَلَى اللَّهِ إِلَّا الْحَقُّ

\*Haqa malee waan bira Rabbiin hin je'inaa,  
kijiba Rabbirraa hin kaayinaa masaanu'uufii,  
ilmo'orraa isa qulqulleysaa,

إِنَّمَا الْمَسِيحُ عِيسَى ابْنُ مَرْيَمَ رَسُولُ اللَّهِ

\*Masiihg, {iisan ilmi maryam} rasuula Rab-  
biiti malee,ilma Rabbiiiti miti, ammallee  
Rabbii miti,

وَكَلِمَتُهُ، أَقْتَلُهَا إِلَى مَرْيَمَ

\*Iisan rasuula Rabbiiiti ammallee kalimaa

yookaa jecha isaati, kan maryamiif kenne,wanni nabi iisaadhan jecha Rabbii  
je'aniif, isaatu jecha Rabbii {tayi} jecha'aan, abbaa malee taye, yookaa uum-

ame jecha'aafi, wanni nuti yaannu, wanni hundi jecha {tayi} jecha'aatin argamte, Rabbiin hoggaa waa uumuu fedhe {kun} ﻚـن takkaa {tayi} je'aanii wan-ni sun numa taati, duuba nabi iisan tayi jennaan akkuma waan baraa tayee akkamitti,tanaaf jecha Rabbi isaan je'an,  
 \*Ammas nabi iisan waan ruuhii qabaa

وَرُوحٌ مِّنْهُ

tan nyaattee dhuydu, tan dhiigaa,foonii lafee,qabdu,tan Rabbiin uume akkuma waan biraa uume,tanaaf jecha nabi iisan ilma Rabbiitii miti, ammallee masaa-nuu isaatii miti, ammallee tokkoo Rabbii sadeenitii miti, kun waan ormi kirista-anan yaadu ,mee nabi iisan nyaatee dhugu, kan bakka waa nyaate ifirraa itti baasutti haajamu, kan akkuma nama biratti garaa haadha isaatii baye, kan xila-aata isaa yahuudaa ifirraa deebisuu dadhabe, akkamitti Rabbi taya? Yookaa il-ma Rabbii taya?Rabbitiin odoo nabi iisaa hin uumin jiraa eegasii wanni dur hin qabne isaaf hin ida'amne , wanni dur qabu eegasii duraan ir'anne,

فَإِمْنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ

\*Rabbii tokkichatti amanaa ergamoota isattis amanaa, akka isaan gabroota Rabbii tayan yaadaa,akka isaan hundinuu obboleey-yan tayan beekhaa,

وَلَا تَقُولُوا ثُلَّةٌ

\*Rabbitiin sadii hin je'inaa akka nasaaran ettutti, Rabbitiin sadeen ormi nasaara'aa yookaa kiristaanaa je'u; Rabbitiifii, iisa'aafii , ha-adha isaa maryami,

أَنْتُمْ

\*Akkana hin je'inaa,akkana je'urraa dhow-wamaa,

خَيْرًا لَكُمْ

\*Waan kheyrii isiniif qabu dalagaa, wanni kheyrii yookaa toltaa isiniif qabu, tokku-mmaa Rabbiti yaadu'uu,

إِنَّمَا لِلَّهِ الْحَمْدُ

\*Rabbiti tokkicha lama jechaan qabne

سُبْحَانَهُ أَنْ يَكُونَ لَهُ وَلَدٌ

\*Rabbiti ilmoo qabaatu'urraa qulqullu', wanni ilmoo barbaadu'utti nama geessu ha-aja'aa, ammoo Rabbiti dureysa waa takkatti hin haajamne,

لَهُ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

\*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru hun

dinuu waan isaati, isaatu uumee isaatu qaba,hundi isaanii gabroottan isaati, wanni inni ilma godhatu'uuf itti haajamu hin jirtu, wanni inni uume hundi tan isarraa duroomtu hin jirtu,

وَكَفَىٰ بِاللَّهِ وَكَيْلًا

171}\*Waan dubbanne kanarratti Rabbitiitraga'aa, ragaan biraa hin barbaadamu, rag-aan Rabbiti gofti ni gaya.

\*Nabi iisan isin Rabbi jettaniin, ifin guddisu

لَنْ يَسْتَنِكُفَ الْمَسِيحُ

أَنْ يَكُونَ عَبْدًا لِّلَّهِ

وَلَا أَمْلَأِكَةُ الْمُقْرَبُونَ

\*Gabricha Rabbii tayu'urraa ifin guddisu ,

\*Malaaykan Rabbiin guddisee dhiyeyses

kan akka jibriil, miikaa'iil, gabroota Rabbii tayu'urraa if hin guddisan, wanni aayanni tun buutef; orma nasaara'aatitu nabi Muhammaditti dhufee, yaa Muhammad nabi iisaa maalif waan hamtu'uun dubbatta? je'aniin jennaan nabi Muhammad mee maalin je'een isaanin je'e, gabricha Rabbiiti jettaanii je'aniin, jennaan inni maali ree je'een? Jennaan ormi nasaara'aa wanni je'e; iisan abbaa malee haadharraa dhalatee, inni Rabbi , yookaa ilma Rabbiiti malee gabricha Rabbiitii mitii je'an, jennaan nabi Muhammad akki isaanin je'e; malaaykan humna nabi iisa'arra qabdu tan hin nyaanne, tan hin dhuyne, tan haadhaa abbaa hin qabne, kanneen Rabbiin bifa fedhanitti jirjiiramuu isaanif kenne Rabbi hin je'amtuu, ammallee ilmaan Rabbii hin je'amtuu,akkamiin nabi iisan garaa haadhatii baye, kan nyaatee dhugu, kan ajjeefameeti rarrafame, jechaa yaaddan, Rabbi taya? Yookaa ilma Rabbii taya? kun waan aylii hin seenne, iisan akkuma anbiyoota biraat, gabricha Rabbiiti je'een , duuba tanaaf jecha nabi iisan gabricha Rabbii tayu'urraa hin guddatu, akkuma anbiyooni biraat hudi, kan haadhaa abbaa malee argame, kan akka aadamiifii, kan haadhaa abba'arraa dhalate hundinuu gabrootan Rabbii tayu'urraa ol hin guddanne, akkuma malaaykan hundi gabrootan Rabbii tayu'urraa ol hin guddanne, akkuma wanni Rabbiin uume hundi gabroota Rabbii taate .

وَمَنْ يَسْتَنِكُفْ عَنْ عِبَادَةِهِ

وَيَسْتَكْبِرُ

فَسَيَحْشُرُهُمْ إِلَيْهِ جَمِيعًا

\*Namni gabricha Rabbii tayu'urraa if guddisu

\*Kan mataa ol qabatee, if tuuluu barbaadu,

172} \*Rabbitiin guyyaa boruu gabroottan isaa hunda if biratti walitti qabuu'uu jiraata, tola'aaffii badaa addaan baasu'uuf jecha.

فَآمَّا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

فَيُؤْفَقُهُمْ أَجُورُهُمْ

وَيَزِيدُهُمْ مِّنْ فَضْلِهِ

\*Duuba warra gabroottan isarraa isatti amaneet, waan gaarii namaan sa'aa tolu dalage fula Rabbitiit jecha, jaalala Rabbii argatu'uuf

\*Rabbitiin dalagaa isaanirratti sawaaba yookaa galata isaanif kenna,

\*Ammallee waan isaan dalagaa isaanit

iin haqa godhatanirratti, waan biraat isaanii ida'ee isaan badhaasa, waan gaarii qalbiin jaalattu, tan takkaa ijjin argin, tan gurrin dhagayin tan saniin dura takkaa qalbiin namarran bayin, yookaa nan argadhaa hin yaadin isaanii kennee, isaa-

an gammachiisa, kun galata warra gabroota Rabbii tayuu if beekhee Rabbii je'ee waan gaarii dalageeti,

\*Ammoo warri gabroota Rabbii tayu'u rraa if guddise kanneen Rabbii isaan uumef gad je'uu didan, warri didu sun nama tayuu, malaaykaa tayuu, waan biraatayuu,

\*Rabbiin qixaaxa hamaa isaan qixaaxu'uu jiraata, sun ibidda isaan laalessu isaan seen-sisu'uu,

\*Warri Rabbiin gubu sun, nama ibidda isaanirraa dhoowwu kan Rabbin tayin hin argatan,

**173}** \*Ammallee nama isaanif dirmatee ibiddarraa isaan deebisu hin argatan.

\*Yaa ilmaan aadam burhanni yookaa rag-aan haqaa Rabbii keessanirraa isiniif dhufee jiraa itti amanaa, ragaan haqaa sun nabi Muhammadi rahgmataa nageenyi isaanirratti haa jiraatuu,

**174}** \*Ammallee ifaa mul`isaa haqaa erga-

maa kiyya Muhammadirratti isiniif buufnee jiraa qabadhaa, ifaan Rabbiin bu-use qur'aana kan karaa jiru'uu namaaf ibsu, kan karaa jannataatifii karaa azaabaa adda namaaf baasu.

\*Duuba warra akka ergamaan kiyya Muhammad je'utti, Rabbii tokkichatti amaneet, anbiyoota isaa hunda dhugo'oomsee

\*Warra qur'aanatti harka ma ratee, karaa Rabbii qabate,

\*Rabbiin rahgmata isaa, janata yookaa qan-anii isaa, keessa isaan seensisuudhaa jiraata,

\*Ammallee qananii isaanif ida'ama'aa deemtu keessa isaan seensisu'uu taa'a,

**175}** \*Ammas karaa qajeelaa isatti isaan ge-essu isaan buusa, kan Rabbii isaanirraa isaan hin maysine.

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad fatwaa

sirra barbaadu'uu taa'an, yookaa wahi si gaafatu'uu taa'an, dubbii akkaataa na-ma abba'aafii ilma hin qabne, kan horii dhiissee du'e itti dhaalanitti rarraatu isa-

وَأَمَّا الَّذِينَ أَسْتَكْفُوا وَأَسْتَكَبُرُوا

فَيُعَذَّبُهُمْ عَذَابًا أَلِيمًا

وَلَا يَجِدُونَ لَهُمْ مِنْ دُونِ اللَّهِ وَلِيًّا

وَلَا نَصِيرًا

يَا إِيَّاهَا النَّاسُ قَدْ جَاءَكُمْ بُرْهَنٌ مِّنْ رَّبِّكُمْ

وَأَنْزَلْنَا إِلَيْكُمْ فُرَّارًا مُّبِينًا

فَإِنَّمَا الَّذِينَ إِمَّا تَمُوا بِاللَّهِ

وَأَعْصَمُوا بِهِ

فَسَيِّدُ خَلْقِهِ فِي رَحْمَةٍ مِّنْهُ

وَفَضَلٌ

وَيَهْدِيهِمْ إِلَيْهِ صَرَاطًا مُّسْتَقِيمًا

يَسْقِئُونَكَ

anii addeessuu sirra barbaadan, namni dubbii tana nabi Muhammad gaafate, namicha jaabir je'aniin tokko, namichi kun dhukkubsannaan nabi Muhammad isa gaafatu'uu itti dhayn'aan:yaa rasuula Rabbii an nama du'aa ka'ee ilma hin qabu, horii kiyya kana akkamin godhaa je'ee nabi Muhammad gaafate, duuba gaafin tun nabi Muhammaditti dhufnaan,Rabbiin aayata nabi Muhammadir-ratti buusee akki je'een;

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni

فَلِإِلَهٍ يُفْتَنُكُمْ فِي الْكَلَّةِ

warra si gaafatuun jettu; waan dhaala nama abba'aa ilman qabnetti rarra'u, anaa mitii, Rabbiitu isiniif addeessa, yookaa dubbii isaa isiniif mura ji'iin; {kala-alaaan} nama abba'aa ilman dhiisin,

\*Duuba yoo namni tokko du'e {halaka} je-chuun; du'e jechu',

إِنْ أَمْرٌ وَأَهْلَكَ

\*Kan ilma hin dhiisin kan akkasuma ab-allee hin dhiisin yoo du'e,

لَيْسَ لَهُ وَلَدٌ

\*Kan obboleetti qabu, obboleetti abba'aa hadhan taate taatuu, tan abbaa qofaan taate taatuu,

وَلَهُ أُخْتٌ

\*Wanni obboleettin takkittiin horii obbole-

فَلَهَا نِصْفٌ مَا تَرَكَ

essi dhiisee du'erraa fudhattu cinaa tokko,akkana jechuun harka lamarraa har-ka tokko fudhatti jechu', warri nama dhaalu gariin isaanii nama horii nama du'ee xiqqaatuun guddaatuun waan argame walitti qabatee fudhatu, ammoo gariin isaanii kan horii nama du'erraa qoodan, takkaayuu hirmaatan waa fu-dhatee, waan kaan dhiisee deemu, fakkeysaa'af; warra qoodan yookaa hir-maatan dhaalurraa nama harka lamarraa harka tokko fudhatuutu jira, tan akka intala takkitti'iitifi obboleetti takkitti'ii, ammas nama harka sadiyirraa harka lama fudhatuutu tan akka obboleetti yookaa intala lamaa, yookaa lamaa olii, ammas warra harka sadiyirraa harka tokko fudhatuutu jira, akkasuma warra afurirraa tokko fudhatuutu jira, ammas warra harka jaharraa harka tokko fudh-atuutu jira, ammas warra saddeetirraa harka tokko fudhatuutu jira, warri nama du'e dhaalu kun, akkuma nama du'etti irra aanun , yookaa irra itti dhiyaatun, takkaa dhiyaatun isaa irra jabaattun dhaalatti durfama, fakkeysaa'af; yoo namni tokko ilmaafii obboleesarrraa du'e, ilmaatu dhaala malee ,obboleessi hin dhaalu, waan ilmi abba'atti irra dhiyaatuf jecha, akkasuma yoo obboleessa haadhaa abba'aan teyefii, obboleessa abbaa qofaan tayerraadu'e, kan haadhaa abba'aan tayeetu dhaala waan inni karaa lamaan itti dhiyaatuf, tanumaaf jecha yoo obboleetti haadhaa abba'aatifi, obboleetti abba'aa qofarraa du'e, namni irra caalchifamee dhaalu, obboleetti haadhaa abba'aati

\*Akkuma obboleettin obboleessa dhaltu, obboleessinis obboleetti dhaala, haa tayuu inni isii dhaalun ,

وَهُوَ بِرِثَةٍ

إِنْ لَمْ يَكُنْ لَّهَا وَلَدٌ

فَإِنْ كَانَتَا أُنْثَيَيْنِ

فَلَهُمَا الْثَّثَانِ

مِنَّا تَرَكَ

وَإِنْ كَانُوا إِلَخْوَةً رِجَالًا وَنِسَاءً

فَلِلَّذِكَرِ مِثْلُ حَظِّ الْأُنْثَيَيْنِ

يُبَيِّنُ اللَّهُ لَكُمْ

أَنْ تَضْلُلُوا

وَاللَّهُ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ١٧٦

\*Yoo ilma hin qabaatini, ammo yoo ilma qabaatte obboleessi hin dhaalu, waan ilmi isi'ii isi'itti irra dhiyaatuf jecha , ammoo yoo isiin intala qabaatte waan intalarraa hafe obboleessi dhaala,

\*Obboleettin haadhaa abba`aa yookaa ab-baa qofaa yoo takka taate, harka lamarraa harka tokko dhaalti jenne, ammoo yoo obboleettin haadhaa abba'aa lama, yookaa la-maa ol taate,

\*Obboleeyyan dubraa lamaanif wanni kenn-amu,harka sadiyirraa harka lama,

\*Waan obboleessi isaanii dhiisee irraa du'e-rraa, fakkeessa'aaf; yoo qarshii dhibba sadii dhiise, dhibba lama fudhatan ,

\*Yoo warri nama dhaalu obboleeyan dha-la'aa dhiiraa tayan,akka obboleessa tokkoofii obboleettii lama dhiisu'uutii,

\*Dhiirtichi tokko qooda dhalaalamaati fu-dhata,

\*Rabbiin shari'aa diinaa keessaniiti isinii ad-deysa yookaa ibsa,

\*Wanni Rabbiin waan dubbannee dabarsine kana adda babaasee isinii dubbateef, akka wallaalan kara'arraa hin jallanne'eefi,

176 \*Rabbiin beekaa waa hundaafi wanni

Rabbiin dhaala keessatti dhiira dhala'arraa caalchiseef, sababaa wanni horii basu'utti nama haajamsiisu dhala'arra dhiiratti argamtuu'ufi, mee atuu laali haala jiru'uu kan dhala'aafii dhiiraa, dhalaan hoggaa mana abba'aa jiru, hanga heerumtuu abba'aatu qallaba, takkaa obboleessa isi'iititu qallaba, ammoo eega heerumtee jaarsa isi'iititu isii qallaba,akkasuma dhalaan hoggaa heerumu ,namni mahrii kenu gurba'a, kan fudhatu isi'i, ammas namni miya lolaa bitee yookaa argamsiisee xilaata biyyarrraa deebisu'utti dirqamu gurbaadha malee intalaamiti, ammas namni joollee qallabu isuma malee isi'ii miti, dhalaan horii isi'ii ol kaayatuu malee yoo tola oolte malee, namni horii isi'ii baasu'utti isii dirqu hin jiru , tanaaf Rabbiin waa hunda beekhu dhaala keessatti qooda dhiiraa kan dhala'arra caalchise, sababaa wanni inni fudhatu dhala'atti deebi'uuf jecha, tan-umaaf Rabbiin qallaba dhaala'aa dhiira gubbaa kaaye , waan isiin qaama laa-stuf, waan cinqiin dhalaan tan ulfaa, tan dhiigaa itti dhuftuuf jecha, silaa odoo Rabbiin dantaa isi'ii dhiirarraa kaayuu baatee dhalaan ni rakkata.